# WANGEELA LUQAASI

**Seensa:-**

*1:1-4 Wbq ⇒ HuE 1:1*

1 Namoonni baay'eeni seenaa[a] waayee waan nu jidduutti raawwatame[b] sanaa barreessuu yaalaniiru. 2 Isaanis akkuma warri jalqabaa kaasanii dhuga-baatotaa[c] fi tajaajiltoota[d] dubbichaa turan sun nutti dabarsanitti seenaa kana barreessan. 3 Kanaaf yaa Tewoofiloos kabajamaa[e], anis erga jalqabumaa kaasee waan hundumaa sirriitti[f] qoradhee booddee[g] seenaa sana tartiibaan sii barreessuu murteesseera. 4 Kunis akka wanni ati baratte sun dhugaa ta'e akka beettuuf.

**Dhalachuun Yohaannis Cuuphaa Duraan Durfamee Dubbatamuu Isaa**

5 Bara Heroodis mootii Yihuudaa turetti balbala lubootaa[h] Abiyaa keessaa luba Zakkaariyaas jedhamu tokkottu ture; niitiin isaa Elsaabeexis sanyii Aarooni keessaa dhalatte. 6 Lamaan isaaniiyyuu ajajaa fi seera gooftaa mudaa[i] malee eeguudhaan fuula Waaqayyoo duratti qajeeltota turan. 7 Garuu Elisaabeex waan dhabduu[j] turteef ijoollee hin qaban ture; lamaan isaaniiyyuu dulloomanii turan.

8 Zakkaariyaasis dabareen[k] balbala isaa geennaan otoo fuula Waaqayyoo duratti tajaajila lubummaa isaa kennaa jiruu, 9 Akkuma sirna[l] lubummaatti akka mana qulqullummaa Gooftaa seenee hixaana aarsuuf hixaadhaan filatame. 10 Yeroo hixaanni aarfamuttis namoonni martinuu alatti Waaqa kadhachaa turan.

11 Maleekkaan Gooftaa tokkos bakka[m] hixaanni itti aarfamuun mirga dhaabatee Zakaariyaasitti muldhate. 12 Zakkaariyaasis yommuu isa argetti ni rifate; sodaanis isa qabate. 13 Maleekkaan sun garuu akkana isaan jedhe; "Yaa Zakkaariyaas, hin sodaatin; kadhaani kee dhagaa'ameera; niitiin tee Elsaabeex ilma sii deessi; atis maqaa isaa Yohaannis jettee moggaafta; 14 Ilillee fi gammachuu ni qabaatta; namoonni baay'eenis dhalachuu isaatti ni gammadu; 15 Inni sababii fuula Gooftaa duratti guddaa ta'uuf, daadhii wayinii yookiin dhugaatii

[a]1 ykn *durii durii;* [b]1 ykn *ta'e;* [c]2 ykn *dhugeessitootaa/ rageessitootaa;* [d]2 ykn *hojjattota;* [e]3 ykn *ulfaataa;* [f]3 ykn *akka dansaa;* [g]3 ykn *duubatti;* [h]5 ykn *qaallolee;* [i]6 ykn *hirdhinna;* [j]7 ykn *maseena;* [k]8 ykn *farooni;* [l]9 ykn *aadaa;* [m]11 ykn *fulaa*

**1:10** *Yeroo hixaanaa* - Yeroo itti aarsaan galgalaa dhiyeeffamuudha. Yeroon isaas guyyaa keessaa gara sa'aatii sagaliiti.

**1:15** *Daadhii Wayinii yookiin dhugaatii nama macheessu tokkollee hin dhugu* -kun dirqama addaa kan namni kakuu Naazraariinii of irraa qabu tokko guutuu qabuu dha.

nama macheessu tokkollee hin dhugu; Otuma garaa haadha isaa keessa jiruus hafuura qulqulluun[n] ni guutama. 16 Ijoollee Israa'eli keessaas namoota baay'ee gara Gooftaa, gara Waaqa isaaniitti ni deebisa. 17 Innis saba gooftaaf malu tokko qopheessuuf jedhee garaa abbootii gara ijoollee isaaniitti, warra hin ajajamne immoo gara qarooma qajeeltotaatti deebisuuf hafuuraa fi humna Eliyaasiitiin fuula Gooftaa dura ni deema."

18 Zakkaariyaasis maleekkaa sanaan; "Ani akkamittin kana beeka? ani dulloomeera; niitiini tiyyas jaarteerti" jedhe.

19 Maleekkaan sunis akkana jedhee deebiseef; "Ani Gabri'eel isa fuula Waaqaa dura dhaabatuu dha; anis sitti dubbachuu fi oduu gammachiisaa kana sitti himuuf ergameera. 20 Kunoo, sababii ati dubbii kiyya isa yeroo isaatti raawwatamu[o] hin amaniniif[p]; hanga gaafa wanni kun ta'uutti ni duudda; dubbachuus hin dandeettu."

21 Namoonnis yeroo sana sababii Zakkaariyaas yeroo akkas dheeratu mana qulqullummaa keessatti tureef dinqifachaa[q] isa eegaa turan. 22 Garuu Zakkaariyaas yommuu gadi ba'etti waan isaanitti dubbachuu hindanda'iiniif isaan akka inni mana qulqullummaa keessatti daayyaa[r] wayii arge hubatan; innis milikkitaan[s] isaanitti himaa ture malee dubbachuu hindandeenye

23 Innis yommuu yeroon tajaajila isaa raawwatetti gara mana isaatti deebi'e. 24 Kana booddees[t] niitiin isaa Elsaabeex ulfooftee hanga ji'a shaniitti of dhossite. 25 Ishiinis, "Gooftaan qaanii namoota jidduutti narra ture narraa kaasuuf jedhee guyyaa arjummaan na yaadatetti[u] waan kana naa godhe" jette.

### Dhalachuun Yesuusi Duraan Durfamee Himamuu Isaa

26 Ji'a ja'affaattis Gabri'eel Maleekkichi Waaqa biraa gara magaalaa[v] Naazireti isii Galiilaa keessatti argamtuutti ergame; 27 Innis gara dubra namicha sanyii Daawiti irraa dhalate kan maqaan isaa Yooseef jedhamu tokkoof kaadhimamteetti[w] ergame; maqaan dubra

[n]15 ykn *ayyaana woyyuun;* [o]20 ykn *guutamu;* [p]20 ykn *hin dhugeeffatiniif;* [q]21 ykn *maadeffachaa/ajaa'ibsiifachaa;* [r]22 ykn *muldhata/manaaba;* [s]22 ykn *milikkeetaan;* [t]24 ykn *duubatti;* [u]25 ykn *qaabatetti;* [v]26 ykn *dira;* [w]27 ykn *niitummaaf kadhatamtee;* [x]29 ykn *rifattee;* [y]31 ykn *in garaachofta*

**1:27** *Kaadhimamte* - Wal- kaadhimachuun akka bartee Yihuudotaatti akkuma walfuudhuu cimaadha. Wal- qunnamtiin saalaa intala kaadhimamteefi nama dhibii waliin ta'u garuu akka ejjaatti ilaalama. Walii galtee kaadhimaa diiguunis niitii ufii yookaan dhiirsa ufii hiikuu waliin tokkuma.

sanaas Maariyaam ture. 28 Maleek-
kaan sunis gara ishii dhaqee,
"Yaa ayyaan-qabeettii; nageenni
siif haa ta'uu; Gooftaan si waliin
jira" jedhe.
29 Maariyaam garuu dubbii
maleekkaa sanaatiin akka malee
jeeqamtee[x], "kun nagaya ak-
kamiitii?" jettee garaa isii kees-
satti yaaduu jalqabde. 30 Maleek-
kichi garuu akkana isiin jedhe;"
Yaa Maariyaam, ati sababii Waaqa
biraa ulfinna argatteef hin so-
daatin. 31 Kunoo, ati ni ulfoofta[y];
Ilmas ni deetta; maqaa isaas
Yesuus jettee moggaafta. 32 Innis
guddaa ni ta'a; Ilma Waaqa
guddichaa jedhamees ni waamama;
Waaqayyo Gooftaanis teessoo
Abbaa isaa jechuunis teessoo
Daawiti isaaf kenna; 33 Inni mana
Yaaqoobi irratti bara baraan
ni moo'a; mootummaan isaas
dhuma hin qabu."
34 Maariyaamis; "Ani dubra; yoos
wanni kun akkamitti ta'uu dan-
da'a ree?" jettee Maleekkaa sana
gaafate.
35 Maleekkaan sunis akkana
jedhee deebiseef; "Hafuurri Qulqul-
luun sirra qubata; humni Waaqa
guddichaas sirra bu'a; kanaaf
inni qulqulluun dhalatu sun Ilma
Waaqayyoo ni jedhama. 36 Kunoo;
firri kee Elsaabeexilleen dulluma
ishii keessa ilma ulfoofteerti; ishiin
dhabduu jedhamaa turte ji'a ja'af-
faa qabateerti; 37 Wanni Waaqay-
yoof hin danda'amne hin jiruuti."
38 Maariyaamis, "kunoo, ani gar-
bittii Gooftaa ti; akkuma ati dub-
batte naaf haa ta'uu" jetteen;
maleekkichis ishii dhiisee deeme.

**Maariyaam Elsaabeexin Dubbisuu Dhaquu Ishii**

39 Yeroo sana Maariyaam kaatee
ariitiidhaan gara magaalaa
baddaa biyya Yihuudaa tokkoo
dhaxxe. 40 Isiinis mana Zakkaari-
yaas seentee Elsaabeexin dub-
bifte. 41 Elsaabeexis yommuu
nagaya Maariyaami dhageessetti
ulfi[z] sun garaa isii keessa
u'utaale[a]. Elsaabeexis Hafuura
Qulqulluudhaan guutamte. 42 Ishiinis
sagalee[b] ishii ol-fudhattee iyyitee
akkana jette; "Ati dubartoota
keessaa eebbifamtuudha; mucaan
ati deettus eebbifamaa dha. 43 Garuu
akka haati Gooftaa kiyyaa gara
kiyya dhuftuuf arjummaan ak-
kanaa akkamitti naa godhame?
44 Kunoo, akkuma sagaleen na-
gaya keetii gurra kiyya seeneen
ulfi garaa kiyya keessa jiru
gammachuun utaaleera. 45 Wanni
Gooftaan ishiitti dubbate akka
raawwatamu tan amante ishiin
eebbifamtuu dha!"

**Faarfannaa Maariyaami**

46 Maariyaamis akkana jette:

"Lubbuun tiyya Gooftaaf ulfinna
kenniti;

[z]41 ykn *daa'immi;* [a]41 ykn *kukkuruphate;* [b]42 ykn *qoonqoo/qoonqa*

47 Hafuurri kiyyas fayyisaa kiyya
Waaqayyotti ni gammada;
48 Inni qaanii garbittii isaa argeeraatii.
kunoo ammaa jalqabee
dhaloonni cuftinuu eebbifamtuu naan jedha;
49 Inni humna qabeessi sun waan
guddaa naa godheeraatii;
Maqaan isaa qulqulluu dha.
50 Araarri isaas warra isa sodaataniif
dhalootaa hanga dhalootaatti
itti fufa.

51 Inni irree isaatiin hujiiwwan
gugurdaa hojjateera;
of tuultotas[c] yaada garaa
isaaniitiin bittinneesseera;
52 Mootota gugurdoo teessoo
isaanii irraa buuseera;
gadi of-qabeeyyii garuu olkaaseera;
53 Warra beela'an waan gaariin
quufseera;
dureeyyii garuu harka
duwwaa deebiseera.
54 Inni araara isaa yaadachuudhaan
garbicha isaa Israa'elin gargaareera;
55 Kunis akkuma inni abbootii
keennaaf,
Abrahaamii fi sanyii isaatiif
barabaraaf waadaa[d] seenetti."

56 Maariyaamis gara ji'a sadii Elsaabeex bira turtee gara mana ufii ishiitti deebite.

**Dhalachuu Yohaannis Cuuphaa**

57 Elsaabeexis yeroon da'umsa
isii geennaan ilma deette. 58 Ol-
loonni isiitii fi firoonni isii akka
Gooftaan arjummaa guddaa isiif
godhe dhaga'anii isii wajjiin
gammadan.

59 Isaanis guyyaa saddeettaf-
faatti daa'ima sana gadoomsuu[e]
dhufan; Zakkaariyaas jedhaniis
maqaa abbaa isaatiin isa mog-
gaasuuf turan. 60 Haati isaa garuu,
"akkas hin ta'u! inni Yohaannis
jedhamee waamamuu qaba" jette.

61 Isaanis; "firoota kee keessa
namni maqaa akkanaa qabu tokkoyyuu hin jiru" jedhaniin.

62 Namoonni sunis akka Zak-
kaariyaas eenyuu jedhee daa'ima
sana waamuu barbaadu beekuuf
jedhanii milikkitaan[f] isa gaafa-
tan. 63 Innis waan irratti barreessu
kadhatee, "maqaan isaa Yohaannis" jedhee barreesse; hundi isaaniis
ni maadeffatan. 64 Yoosuma afaan
isaa baname; arrabni isaa hii-
kame; Innis Waaqa galateef-
fachuun dubbachuu jalqabe. 65 Ol-
loonni isaanii martinuu sodaan
guutaman; dubbiini kunis baddaa
biyya Yihuudaa mara keessatti
odeeffame. 66 Warri kana dhaga'an
cuftinuus, "yoos daa'imni kun nama
akkamaa ta'inna laata?" jedhanii
garaa isaaniitti ajaa'ibsiifatan;
harki Gooftaa isa waliin tureetii.

[c]51 ykn *warra ol -uf qabanillee;* [d]55 ykn *kakuu;* [e]59 ykn *qabaanqabaa qabuu/ dhagna qabuu;* [f]62 ykn *malkataan/ milikkeetaan*

### Faarfannaa Zakkaariyaasi

67 Zakkaariyaas abbaan Yohaannisi Hafuura Qulqulluudhaan guutame; akkana jedhees raajii[g] dubbate:

68 "Sababii dhufee saba isaa fureef Gooftaan,
Waaqni Israa'eli haa eebbifamuu.
69 Inni mana garbicha isaa mana Daawiti keessatti
gaafa[h] fayyinnaa nuuf kaaseera.
70 Kanas akkuma afaan raajota[i] isaa kanneen durii warra qulqulloota
sanaatiin dubbatetti godhe.
71 Innis diinota[j] keenya jalaa,
harka warra nu jibban hundumaa keessaas nu baasuuf
jedhee kana godhe.
72 Innis araara abbootii keennaaf waadaa seene sana raawwachuuf,
kakuu isaa qulqulluus qaabachuuf,
73 Kakaa abbaa keenya Abrahaamiif kakate yaadachuuf,
74 Harka diinota keennaa keessaa nu baasuuf,
akka nu sodaa malee isa tajaajillu nu dandeessisuuf
jedhee waan kana godhe.
75 Kunis akka nu bara jireenna keennaa guutuu
qulqullinnaa fi qajeelinnaan, fuula isaa duratti tajaajilluuf.
76 Yaa mucaa kiyya, ati raaga Waaqa guddichaa ni jedhamta;
Karaa isaa qopheessuuf jettee fuula Gooftaa dura ni deemtaatii.
77 Kunis akka ati dhiifama[k] cubbuu argachuu isaaniitiin
beekumsa fayyinnaa saba isaatiif kennituufi.
78 Innis araara Waaqa keennaa kan garaa laafinnaan guutame
kan bariin fayyinnaa samii irraa ittiin nuu bari'uu dha.
79 Bariin kunis warra dukkana keessa jiranii fi
warra gaaddidduu du'aa jala jiraniif akka ifa kennuuf;
miila keenyas karaa nagayaa irra akka qajeelchuuf."

80 Daa'imni sunis guddatee hafuuraan jabaate; hanga guyyaa saba Israa'eliitti muldhateettis lafa onaa[l] keessa jiraate.

### Dhalachuu Yesuusi

2 Bara sana keessa akka addunyaan marti galmeeffamuuf Awugusxoos Qeesaar biraa labsiin bahe. 2 Galmeeffamni kunis bara Qereenewoos bulchaa biyya Sooriyaa turetti yeroo jalqabaatiif godhame[m]. 3 Namni hundinuu galmeeffamuuf gara magaalaa[n] itti dhalatee dhaqe.

[g]67 ykn *dubbii raagaa/himana;* [h]69 ykn *humna* [i]70 ykn *raagota;* [j]71 ykn *nyaapha;* [k]77 ykn *haraara;* [l]80 ykn *aloo;* [m]2 ykn *tolfame /adeemsifame;* [n]3 ykn *dira*

**4**Yooseefis manaa fi sanyii Daawiti keessaa waan dhalateef magaalaa Naazireeti ishii Galiilaa keessaatii ka'ee gara magaalaa Daawiti ishii Yihuudaa keessaa tan Beetaliheem jedhamtuutti olbaye. **5**Innis kaadhima isaa[o] Maariyaam ishii ulfa[p] turte sana waliin galmeeffamuu dhaqe. **6**Otuma isaan achi jiranuus yeroon da'umsa isii ga'e. **7**Isiinis ilma isii isa hangafa deesse; waan mana bultii keessummootaa keessa bakki[q] hin jiraatiniif huccuun[r] martee siree horiini itti nyaatu irra isa ciibsite.

### Maleekkota Waaqaatii fi Tissitoota

**8**Biyya sanas tissitoota halkani halkani ala bulanii hoolota[s] isaanii tiffatanitu ture. **9**Maleekkaan Gooftaa isaanitti muldhatee; ulfinni Gooftaas naannoo isaaniitti ibse; isaanis akka malee sodaatan. **10**Maleekkaani sun garuu akkana isaaniin jedhe; "hin sodaatinaa. kunoo, ani oduu dansaa akka malee nama gammachiisu kan saba hundumaaf ta'u isinii fideeraatii. **11**Hardha magaalaa Daawiti keessatti fayyisaan isiniif dhalateera; innis Kiristoos Gooftaa dha. **12**Kunis milikkita[t] isinii ta'a; Daa'ima huccuun maramee siree horiin itti nyaatu irra ciisu tokko ni argitu."

**13**Maleekkaa sana wajjiinis raayyaan[u] Samii irraa baay'een akkuma tasaa muldhatanii Waaqa galateeffachaa akkana jedhan;

**14**"Samii gubbaatti ulfinni Waaqayyoof,
lafa irratti nageenni namoota inni itti gammaduuf haa ta'uu ."

**15**Erga Maleekkonni tissitoota dhiisanii gara samiitti ol-ba'anii booddees[v] tissitoonni sun, "Koottaa Beetliheemin dhaqnee waan ta'e kan Gooftaan nutti hime kana ilaalaa" waliin jedhan.

**16**Isaanis dafanii dhaqanii, Maariyaamii fi Yooseefin daa'ima siree horiin itti nyaatu irraa ciisus argan. **17**Isaanis yommuu isa argan itti waan waayee mucichaa isaanitti himame sana odeessan. **18**Warri waan kana dhaga'an cuftinuu waan tissitoonni isaanitti himan sana ni dinqifatan[w]. **19**Maariyaam garuu waan kana mara garaatti qabattee itti yaadaa turte. **20**Tissitoonnis wanni isaan dhaga'aniifi argan sun hundinuu akkuma isaanitti himamee ture sana ta'ee waan arganiif Waaqaaf ulfinna kennaa, isa galateeffachaas deebi'an.

[o]5 ykn *intala inni kadhate;* [p]5 ykn *ulfoo;* [q]7 ykn *fulaani;* [r]7 ykn *woyaan;* [s]8 ykn *ooliyyee;* [t]12 ykn *malkata/milikkeeta;* [u]13 ykn *duulli;* [v]15 ykn *duubatti;* [w]18 ykn *maadeffatan/ajaa'ibsiifatan*

**Yesuus Mana Qulqullummaatti Geeffame**

21 Innis guyyaa saddeettaffaatti,
akkuma yeroon dhagna qabaa[x]
isaa ga'een maqaa otoo inni garaa
haadha isaatti hin uumaminiin
dura maleekkaan isaaf baaseen
Yesuus jedhamee moggaafame.
22 Akka seera Muuseetti yeroon
qulqullaa'ummaa isaanii geenyaan
Yooseefii fi Maariyaam daa'ima
sana Gooftaa duratti dhiyeessuuf
jedhanii isa fudhatanii Yeru-
saalemitti ol ba'an. 23 Isaanis ak-
kuma seera Gooftaa keessatti,
"dhiirri hangafni martinuu gooftaaf
ni qulqulleeffama" jedhamee
barreeffametiifi 24 Seera Gooftaa
keessatti ammoo "handarii[y] lama
yookaan, gugee sosokkee[z] lama"
jedhamee akka dubbatametti
aarsaa[a] dhiyeessuu dhaqan.

25 Kunoo, namichi qajeelaan
Waaqa sodaatu kan maqaan isaa
Simi'oon jedhamu tokko Yeru-
saalem keessa ture; innis fayyinna
Israa'eli eegachaa ture; Hafuurri
Qulqulluunis[b] isa irra ture. 26 Ha-
fuurri Qulqulluunis akka inni
otoo Masiihii Gooftaa hin argin
hin duune isatti muldhisee ture.
27 Innis Hafuuraan qajeelfamee
mana Qulqullummaa seene; ab-
baa fi haati Yesuus akka bartee[c]
seerichaatti waan barbaachisu
isaaf raawwachuuf[d] jedhanii
Yesuus mucicha baadhatanii
yommuu ol -seenanitti,
28 Simi'oon fuudhee isa ammatee[e]
akkana jedhee Waaqa galateef-
fate:

29 "Yaa Gooftaa, akkuma dubbii
keetiitti,
ati garbicha kee amma na-
gayaan geegessi;
30 Iji[f] tiyya fayyinna kee isa ati
31 Saba hundumaa duratti qo-
pheessite argiteerti;
32 Innis ifa namoota ormaatiif
muldhata kennuudha;
saba kee Israa'eliif immoo
ulfinna."

33 Abbaa fi haati isaas waan
waayee isaa dubbatame sana
maadeffatan. 34 Simi'oonis isaan
eebbise; haadha daa'ima sanaa
Maariyaamiinis akkana jedhe;
"Daa'imni kun Israa'el keessatti
kufatii[g] fi ka'umsa namoota
baay'eetiif sababii, waan isa
irratti odeeffamuufis milikkita
akka ta'u murteeffameera. 35 Akka
yaadni garaa namoota baay'ee
ifatti bawuuf goraadeen lubbuu
kee ni waraana".

[x]21 ykn *qabaanqabaa/ gadooma;* [y]24 ykn *saphaliisa;* [z]24 ykn *saphaliisa didiqqaa;* [a]24 ykn *sooriyoo/ fala;* [b]25 ykn *Ayyaanni Woyyuunis;* [c]27 ykn *aadaa/ dudhaa;* [d]27 ykn *tolchuuf;* [e]28 ykn *am-nate;* [f]30 ykn *iltii;* [g]34 ykn *jigaatii*

**2:24** *Handarii... gugee* - warra korma hoolaa dhiyeessuu hin dandeennettu handarii (saphaliisa) yookaan gugee aarsaa dhiyeessa.

36Gosa Aseeri keessaas raagduu[h]
haannaa jedhamtu tokkotu ture;
Isiinis intala Faanu'elii turte;
isiinis baay'ee jaartee turte;
dhiirsa isii kan dubrummaan itti
heerumte waliinis waggaa torba
jiraatte; 37Ishiinis hanga umriin
ishii waggaa saddeettamii afuri
guuteetti niitii dhiirsii irraa du'e
taatee jiraatte; otoo mana qulqul-
lummaatii hin dhabaminis soomaa
fi kadhannaadhaan halkanii guy-
yaa tajaajilaa turte. 38Yeruma sanas
dhaxxee Waaqayyoof galata
galchite; warra furama Yeru-
saalemi eegachaa turan marattis
waayee daa'ima sanaa odeessite.
39Yooseefii fi Maariyaamis erga
akka seera Gooftaatti waan cufa
raawwatanii booddee gara ma-
gaalaa isaanii gara Naazireeti
ishii Galiilaatti deebi'an. 40Daa'imni
sunis guddachaa, jabaachaas deeme;
ogummaanis ni guutame; ayyaanni
Waaqayyoos isa irra ture.

**Yesuus Mana Qulqullummaa Keessatti**

41Abbaa fi haati isaa wagguma
waggaan ayyaana faasikaatiif
jedhanii Yerusaalem dhaqaa turan.
42Yommuu umriin[i] daa'ima sanaa
waggaa kudhanii lama guutettis
akkuma sirna[j] ayyaanichaatti
Yerusaalemitti ol-ba'an. 43Eega
ayyaanichi raawwatee booddee
otoo abbaa fi haati isaa gara
mana isaaniitti deebi'aa jiranuu,
Yesuus daa'imtichi Yerusaalemitti
isaani biraa hafe; isaani garuu
waan kana hin hubanne. 44Isaanis,
waan inni miiltoo[k] isaanii wajjiin
jiru se'anii guyyaa tokko guutuu
deeman; eegasiis firoota isaaniitii
fi jaallan[l] isaanii keessa isa bar-
baaduu[m] jalqaban. 45Yommuu isa
dhabanittis, isa barbaaduuf Yeru-
saalemitti deebi'an; 46Guyyaa
sadii booddees otoo inni barsiis-
tota jidduu taa'ee isaan caqasuu,
gaaffiis isaan gaafatuu mana
qulqullummaa keessatti isa arga-
tan. 47Warri isa dhagahan hundi-
nuus hubannaa isaatii fi deebii
inni kennu ni dinqifatan. 48Ab-
baa fi haati isaas yommuu isa
arganitti ni raajeffatan; haati
isaas; "gurbaa, maaliif akkana nu
goote? Kunoo, anii fi abbaan kee
yaaddoo guddaadhaan si bar-
baadaa turree!" jetteen.
49Innis deebisee, "maaliif na
barbaaddanii? akka ani mana
abbaa kiyyaatti argamuu qabu

[h]36 ykn *raajjuu;* [i]42 ykn *gannii;* [j]42 ykn *aadaa;* [k]44 ykn *waa'ela;* [l]44 ykn *michoota;* [m]44 ykn *soquu*

**2:42** *Waggaa kudhanii lama* - ijoolleen dhiiraa Yihuudotaa yommuu umriin isaanii waggaa kudhanii sadii guututti itti gaafatama ufii isaanii fudhatu. Ta'us yeroo sanaan dura otoo gargaarsa haadhaatiifi abbaa hin barbaadin ajajawwan tokko tokko eeguu qabu. Ajajawwan kanneen keessaas tokko waggaa waggaatti Yerusaalem dhaqanii Waaqeffachuudha.

hin beenne moo?" isaaniin jedhe. 50Isaan garuu dubbii inni isaanitti dubbate hin hubanne.

51Innis isaan waliin Naazireetitti gadi bu'e; isaaniifis ni ajajama ture; haati isaa garuu waan kana mara garaatti qabatti turte. 52Yesuusis qaroomaan, dheerinnaafi, surraadhaan[n] fuula Waaqaatii fi fuula namaa duratti guddachaa ture.

### Lallaba Yohaannis Cuuphaa

*3:2-10 Kwf ⇒ Mat 3:1-10; Mar 1:3-5*
*3:16,17 Kwf ⇒ Mat 3:11,12 Mar 1:7, 8*

3 Xibaariyoos Qeesaar moo'ee waggaa kudhanii shanaffaatti jechuunis yommuu Philaaxoos Phanxoos bulchaa Yihuudaa turetti, Heroodis kutaa afraffaa Galiilaa, obboleessi isaa Filiphoos bulchaa kutaa afraffaa Ixuriyaasiitii fi Xiraakoonidoosi, Lisaaniiyoos immoo bulchaa kutaa afraffaa Abiilaaniisi yommuu turanitti, 2Yeroo Haannaa fi Qayyaaffaani luboota ol aantota[o] turanitti dubbiin waaqaa lafa onaa[p] keessatti gara ilma Zakaariyaasi, gara Yohaannisi dhufe. 3Innis dhiifama[q] cubbuutiif cuuphaa jijjiirama qalbii[r] lallabaa kutaa biyya naannoo Yordaanosi cufa keessa deeme. 4Kunis isa Kitaaba dubbii Isaayyaas raajichaa[s] keessatti akkana jedhamee barreeffamee dha;

"Sagalee[t] nama lafa aloo keessaa iyyuu tokko; Innis akkana jedha:
'karaa Gooftaa qopheessaa;
daandii isaas sirreessaa.
5Sululli[u] martinuu ni guutama;
Gaarriifi tulluuni hundinuus gadi deebifama;
Karaan jallaan ni sirreeffama[v];
daandiin bu'aa[w] bayiinis walqixxeeffama.
6Sanyiin namaa cuftinuus fayyisuu Waaqayyoo ni arga.' "

7Yohaannisis warra harka isaatti cuuphamuuf dhufaniin akkana jedhe; "isin ijoollee buutii nana! akka dheekkamsa dhufu jalaa baqattaniif eennutu isin gorse? 8Egaa firii[x] cubbuu irraa deebi'uu keessan mirkaneessu naqadhaa; isinis garaa keessanitti, abbaan keenya Abrahaam jechuu hin jalqabinaa; Ani isinitti nan hima; Waaqayyoo dhagoota kanniin irraa Abrahaamiif ijoollee kennuu ni danda'a. 9Ammumayyuu dhagaraan hidda mukeetii irra kaa'ameera; kanaaf mukti firii gaarii hin naqanne hundinuu muramee ibidatti ni darbatama."

10Namoonni sunis, "Yoos maal haa goonuu ree?" jedhanii isa gaafatan.

[n]52 ykn *ulfinnaan /ayyaanaan;* [o]2 ykn *qaallolee gugurdoo*; [p]2 ykn *aloo/ adiyyoo;* [q]3 ykn *haraara;* [r]3 ykn *cubbuu irraa deebi'uu;* [s]4 ykn *raagichaa;* [t]4 ykn *qoonqoo/qoonqa*; [u]5 ykn *bowwaani;* [v]5 ykn *qajeelfama;* [w]5 ykn *kakkattni;* [x]8 ykn *midhaani*

11Yohaannisis deebisee, "namni
uffata lama qabu isa womaa hin
qabnneef haa hiruu; kan nyaata
qabus akkasuma haa godhuu[y]"
jedheen.
12Warri qaraxa walitti guuranis
cuuphamuu dhufanii, "Yaa Bar-
siisaa, nu hoo maal haa goonuu?"
jedhanii isa gaafatan.
13Innis, "waan ajajamtan caalaa
walitti hinqabinaa" jedheen.
14Loltoonnis akkasuma , "nu
immoo maal haa goonuu ree?"
jedhanii isa gaafatan.
Innis, "humnaan nama irraa
horii hin fudhatinaa; dharaan
nama hin himatinaa; mindaan[z]
keessan isin haa gawu" jedheen.
15Namoonni sunis otoo haw-
wiin eegaa jiranuu, hundi
isaaniis, "Yohaannis kun inni
Kiristoos ta'innaa laata?" jedhanii
otoo garaa isaaniitti yaadaa
jiranuu, 16Yohaannis akkana
jedhee isaan cufaaf deebii kenne;
"ani bishaaniin isin cuupha, garuu
kan hidhaa[a] kophee isaallee hii-
kuun naaf hinmalle, inni narra
jabaatu tokko ni dhufa; inni Ha-
fuura Qulqulluudhaan, ibiddaanis
isin cuupha; 17Innis oobdii isaa
qulqulleessee gootaraa isaatti
qamadii[b] galfachuuf hafarsaan[c]
isaa harka isaa jira; habaqii[d] garuu
ibidda hin dhaamneen ni guba.
18Yohaannisis dubbii biraa[e]
baay'eedhaan namoota gorse; wan-
geelas isaanitti lallabe.
19Heroodis bulchaan kutaa afraf-
faa garuu sababii niitii obbo-
leessa isaa sababii Heroodi-
yaadaatii fi hammeenna dhibii
inni hojjate maraaf Yohaannis
waan isaan mormeef, 20Heroodis
hammeenna isaa ittuma caalchi-
see Yohaannisin mana hidhaatti
galche.

**Cuuphamuu Yesuusiitii Fi Hidda Dhaloota isaa**

21Yommuu namoonni hundinuu
cuuphamanitti Yesuusis ni
cuuphame; innis otoo kadhachaa
jiruu samiin banamee, 22Hafuurri
Qulqulluun bifa saphaliisaatiin[f]
isa irra qubate; sagaleen[g], "ati ilma
kiyya isa jaalatamaa dha; ani
akka malee sitti nan gammada"
jedhu tokkos samii irraa dhufe.
23Yesuus Yeroo tajaajila isaa
jalqabetti umriin isaa gara wag-
gaa soddomaa ture. Innis akka
waan ilma Yooseefi ta'eetti yaadame,

Ilma Eelii, 24Ilma Maataati,
Ilma Leewii, ilma Malkii,
Ilma Yaanaa, ilma Yooseefi,
25Ilma Maaxatiyyuu, ilma Amoosi,
Ilma Naahoomi, ilma Asilii,
Ilma Naagee, 26Ilma Maa'aati,
Ilma Maaxatiyyuu, ilma Sam'ii,
Ilma Yooseefi, ilma Yoodaa,

[y]11 ykn haa *tolchuu;* [z]14 ykn *gatiini dadhabbii;* [a]16 ykn *teepha/ seemsaa* [b]17 ykn *dargaayyee;* [c]17 ykn *afareeni;* [d]17 ykn *qola/ ibbiqii;* [e]18 ykn *dhibii;* [f]22 ykn *handariitiin/gugeetiin;* [g]22 ykn *qoonqi/ qoonqoon*

27 Ilma Yoonaani, ilma Riisaa,
Ilma Zarubaabeeli, ilma Sa-
laatiyaali,
Ilma Neerii, 28 ilma Malkii,
Ilma Adii, ilma Qoosaami,
Ilma Elmoodaami, ilma Eerii,
29 Ilma Yoosee, ilma Alaazaari,
Ilma Yooraami, ilma Maataati,
Ilma Leewii, 30 ilma Simi'ooni,
Ilma Yihuudaa, ilma Yooseefi,
Ilma Yoonaami, ilma Eliyaaqiimi,
31 Ilma Maliyaa, ilma Maayinaani,
Ilma Maaxaataa, ilma Naataani,
Ilma Daawiti, 32 ilma Iseeyii,
Ilma Yoobeedi, ilma Boo'eezi,
Ilma Salmooni, ilma Na'aasooni,
33 Ilma Amiinaadaabi, ilma Aaraami,
Ilma Arnii, ilma Esiroomi,
Ilma Faareesi, ilma Yihuudaa,
34 Ilma Yaaqoobi,
Ilma Yisaaqi, ilma Abraahami,
Ilma Taaraa, ilma Naahoori,
35 Ilma Saarooqi, ilma Raaguu,
Ilma Faaleeqi, ilma Eebeeri,
Ilma Saalaa, 36 Ilma Qaayinaani
Ilma Arfaksaadi, ilma Seemi,
Ilma Nohi, ilma Laameeki,
37 Ilma Maatusaalaa, ilma Heenoki,
Ilma Yaareedi, ilma Malaali'eli,
Ilma Qaayinaani, 38 ilma Heenoosi,
Ilma Seeti, ilma Addaami,
Ilma Waaqayyoo.

### Yesuus Qoramuu isaa

*4:1-13 Kwf ⇒ Mat 4:1-11; Mar 1:12,13*

4 Yesuus Hafuura Qulqul-
luun[h] guutamee Yordaanosii
deebi'e; hafuuruma sanaanis
lafa onaatti[i] geeffamee, 2 achitti
guyyaa afurtama Daabiloosiin
qorame; innis guyyoota sana
keessa otoo womaa hin nyaatin
ture; dhuma guyyoota sanaattis
ni beelaye.
3 Daabiloosis, "ati yoo Ilma
Waaqayyoo taate, akka dhagaan
kun buddeena ta'u ajaji" jedheen.
4 Yesuus immoo deebisee, "'namni
buddeena qofaan hin jiraatu'
jedhamee barreefameera" jed-
heen.
5 Daabiloosis tulluu dheeraa
tokkotti ol isa baasee hanga liph-
suu[j] ijaatti[k] mootummoota ad-
dunyaa cufa isatti argisiise;
6 Akkanas jedheen; "ani aan-
goo[l] isaaniitiif ulfinna isaanii
mara siif nan kenna; aangoofi
ulfinni kun waan naa kennameef
ani abbaa kennuufii barbaadeef
kennuu nandanda'a. 7 Eegaa atis
yoo naa sagadde, wanni kun
hundinuu kankee ta'a.
8 Yesuus ammoo, " 'Waaqa kee
Gooftichaaf sagadi, isa qofas
tajaajili[m] jedhamee barreef-
fameera" jedhee deebiseef.
9 Daabiloosis Yerusaalemitti isa
geessee, fiixee mana qulqullum-
maa irra isa dhaabachiisee ak-
kana jedheen; "ati yoo Ilma
Waaqayyoo taate, asii gadi uf-
darbadhu; 10 Akkana jedhamee
barreeffameeraatii:

[h]1 ykn *Ayyaana Woyyuun;* [i]1 ykn *alootti;* [j]5 ykn *limsuu;* [k]5 ykn *ilaatti;* [l]6 ykn *jabeenna;* [m]8 ykn *hojjadhuuf*

" 'Inni akka isaan si eeganiif,
maleekkota isaa sii jedhee
ni ajaja;
11 Isaanis akka miili kee dhagaatti
hin gufanneef,
olfuudhanii harka isaaniitti si
baatu. ' "

12 Yesuusis deebisee," 'Waaqa
kee Goofticha hin qorin' jedhameera"
jedheen.
13 Daabiloos immoo eegii qorumsa
kana cufa raawwatee booddee[n]
hanga yeroo mijaawaa argatutti
isa dhiisee deeme.

**Yesuus Naazireetitti Fudhatama Dhabuu Isaa**

14 Yesuus humna hafuuraatiin
Galiilaatti deebi'e; oduun waayee
isaas biyya naannoo sanaa mara
keessa faca'e. 15 Innis manneen
sagadaa isaanii keessatti ni bar-
siisa ture; Namni hundinuus isa
jaja ture.
16 Innis Naazireet bakka[o] itti
guddate dhaqe; guyyaa sanbataas
akkuma amala isaa mana sa-
gadaa seene; kitaaba dubbisuufis
ka'ee dhaabate. 17 Kitaabni raa-
jicha[p] Isaayyaasi isatti kenname;
innis kitaabicha banee kutaa
akkana jedhamee barreeffame
argate;

18 "Hafuurri Gooftaa narra jira;
Akka ani hiyyeeyyiitti wan-
geela lallabuuf,
inni na muudeeraatii;
Akka ani Warra booji'aman
bilisoomsuuf[q],
Akka ani warra jaamaniif
agartuu deebisuuf,
Warra cunqurfamanillee akka
ani bilisa baasuuf inni
na ergeera;
19 Waggaa Gooftaa kan jaalatamu
sana akka ani labsuufis
inni na ergeera."
20 Innis kitaabicha cufee tajaa-
jiltichatti deebisee kennee taa'e;
warri mana sagadaa sana keessa
turan hundinuus xiyyeefatanii isa
ilaalaa turan. 21 Innis, "dubbiin
kitaabaa kun hardha gurra kees-
sanitti raawwatame[r]" isaaniin
jechuu jalqabe.
22 Hundi isaanii waayee isaa
waan dansaa dubbachaa turan;
dubbii ayyaan-qabeessa afaan
isaatii ba'us ni ajaa'ibsiifatan[s];
"kun ilma Yooseefiitii mitii?"
jedhanii gaafatan.
23 Yesuusis, "akka isin, 'Yaa
Abbaa Qorichaa[t], of-fayyisi; waan
Qifirnaahomitti hojjachuu kee
dhageenye sana asi biyya keettis
hojjadhu' jettanii natti mam-
maattan ani shakkii hin qabu"
isaaniin jedhe.
24 Innis itti fufee akkana jedhe;
"ani dhuguma isinitti nan hima;
raagni kamiyyuu biyya isaatti

[n]13 ykn *fixateen duubatti;* [o]16 ykn *fulaa;* [p]17 ykn *raagicha;* [q]18 ykn *balchoomsuuf;* [r]21 ykn *fuula keessan duratti guutamte;* [s]22 ykn *dinqifatan/ maadeffatan;* [t]23 ykn *cirreessa*

fudhatama hin qabu. **25**Ani dhuguman isiniin jedha; bara Eliyaasi yeroo samiin waggaa sadii fi walakkaa cufamee, beelli hamaan bu'eetti dubartoota[u] dhiirsonni irraa du'an baay'eetu Israa'el keessa ture. **26**Ta'us Eliyaas gara dubartii dhiirsi irraa du'e tan magaalaa[v] Saraaphitaa biyya Siidoonaa keessa jiraattu tokkotti ergame malee dubartoota sana keessaa gara tokkoo isaaniittillee hin ergamne. **27**Bara Elsaa'i Raajichaas namoota lamxaa'an[w] hedduutu Israa'el keessa ture; garuu Na'imaani, namicha Sooriyaa tokkicha sana malee warra kaan keessaa namni tokkoyyuu hin qulqulloofne ture."

**28**Namoonni manicha sagadaa keessa turan cuftinuu yommuu waan kana dhaga'anitti akka malee aaran. **29**Isaanis ka'anii magaalicha keessaa gadi isa baasan; gadi isa darbachuuf jedhaniis fiixee gaara magaalaan isaanii irratti ijaaramteetti ol isa baasan. **30**Inni garuu jidduudhuma isaanii ba'ee deeme.

### Yesuus Hafuura Xuraawaa Baasuu Isaa

*4:31-37 Kwf ⇒ Mar 1:21-28*

**31**Innis gara magaalaa Qifirnaahom ishii Galiilaatti gadi bu'e; guyyaa sanbataas isaan barsiisaa ture. **32**Waan Aangoodhaan dubbachaa tureefis isaan barsiisa isaa ni dinqifatan.

**33**Namichi hafuura jinnii xuraawaatiin qabame tokkos mana sagadaa sana keessa ture; innis qoonqa guddaadhaan iyyee akkana jedhe; **34**"Ufi! nu dhiisi; Yaa Yesuus nama Naazireeti, ati maal nu biraa barbaadda? Nu balleessuu dhuftee moo? Akka ati eenyu taate ani beeka, Yaa Qulqulluu Waaqayyoo!"

**35**Yesuusis, "caldhisiitii isa keessaa ba'i!" jedhee itti dheekkame[x]; jinniin sunis cufa isaanii duratti namicha kuffisee[y] otoo hin miidhin isa keessaa ba'e.

**36**Hundi isaaniis maadeffatanii, "maal barsiisni akkanaa! Inni aangoodhaan, humnaanis hafuurota xuraawoo ni ajaja; isaanis ni ba'u" waliin jedhan. **37**Oduun waayee isaas biyya naannoo sana jiru hundumaa keessa faca'e.

### Yesuus Nama Baay'ee Fayyisuu Isaa

*4:38-41 Kwf ⇒ Mat 8:14-17*
*4:38-43 Kwf ⇒ Mar 1:29-38*

**38**Yesuusis mana sagadaatii ba'ee mana Simooni dhaqe; Amaatiin[z] Simooniis dhukkuba dhagna gubaa[a] hamaadhaan qabamtee dhiphachaa[b] turte; isaanis waayee isii isa kadhatan. **39**Innis isiitti gadi jedhee, dhukkuba

[u]25 ykn *nadheeni;* [v]26 ykn *dira;* [w]27 ykn *qomaaxa'an;* [x]35 ykn *ifatee /loleenii;* [y]35 ykn *lafaan dhayee;* [z]38 ykn *soddaatiin/ haatii soddaa;* [a]38 ykn *nafa nama bobeessu;* [b]38 ykn *dhibamaa*

dhagna gubaa sanatti dheekkame; dhukkubni sunis isii dhiise; isiinis yeruma sana kaatee isaan tajaajiluu jalqabde.

**40**Namoonnis akkuma aduun lixxeen namoota dhibee gara garaatiin qabaman hunda gara Yesuusi fidan; innis tokkoo tokkoo isaanii irra harka isaa kaa'ee isaan fayyise. **41**Akkasumas jinniiwwan Iyyanii "ati Ilma Waaqayyoo ti!" jedhanii namoota baay'ee keessaa ni ba'u turan; innis isaanitti dheekkame; isaanis akka inni Kiristoos ta'e waan beekaniif, inni akka isaan dubbatani hin eeyyamneef.

**42**Akkuma lafti bariiteenis Yesuus achii ba'ee, bakka namni hin jirre tokko dhaqe; namoonnis isa barbaadaa turan; yommuu gara isaa dhufanittis akka inni isaan dhiisee hin deemneef yaalii godhaa turan. **43**Inni garuu, "ani magaalota biraattis[c] wangeela mootummaa Waaqayyoo lallabuun qaba; sababiin ani ergameefis kanuma" jedheen. **44**Innis ittuma fufee manneen sagadaa Yihuudaa keessatti lallabaa ture.

### Waamamuu Barattoota Jalqabaa

*5:1-11 Kwf ⇒ Mat 4:18-22; Mar 1:16-20; Yoh 1:40-42*

**5** Gaaf-tokko Yesuus otoo hara Geensaarexi bira dhaabatee jiruu, otoo namoonnis isatti naanna'anii dubbii Waaqayyoo dhaga'aa jiranuu, **2**Bidiruuwwan[d] lama ededa bishaanichaa irratti arge; qurxummi-qabdoonni garuu keessaa ba'anii xaxoo isaanii miiccaa turan. **3**Innis bidiruuwwan sana jidduudhaa ishii kan Simooni taate tokko yaabbate; akka inni qarqara lafaa irraa gara jidduu bishaaniitti diqqoo achi hiiqsus isa kadhate; Yesuusis bidiruu sana irra taa'ee namoota barsiisuu jalqabe.

**4**Innis Yommuu dubbatee fixetti Simooniin, "gara tuujuba[e] bishaaniitti achi siqi; qurxummii qabuufis xaxoo keessan darbadhaa" jedhe.

**5**Simoon deebisee, "Yaa Barsiisaa, nu halkan guutuu akka malee itti dadhabnee waa tokkollee hin qabne; ani garuu waan ati jetteef xaxoo nan darbadha" jedhe.

**6**Isaanis xaxoo isaanii darbatanii hanga xaxoon isaanii ciccituu jalqabutti qurxummii akka malee baayee qabatan; **7**Kanaaf akka hiriyyoonni[f] isaanii warri hoboloo biraa[g] keessa turan dhufanii isaan gargaaraniif milikkitaan[h] waammatan; isaanis dhufanii hoboloo Lachuu qurxummiidhaan guutan; hoboloowwan sunis liqimfamuu jalqaban.

**8**Simoon Pheexiroosis yommuu kana argetti jilba Yesuusitti kufee[i],

[c]43 ykn *dhibiittillee;* [d]2 ykn *hobolooni;* [e]4 ykn *dhimmuu;* [f]7 ykn *waa'elii;* [g]7 ykn *dhibii;* [h]7 ykn *malkataan /milikkeetaan;* [i]8 ykn *jigee*

"Yaa Gooftaa, ani nama cubbamaa dha; narraa fagaadhu!" jedhe. **9**Kunis sababii qurxummiin baayeen qabame suni Simooniifi warra isa wajjiin turan hunda dinqisiiseef[j]. **10**Ilmaan Zabdewoosii warri hiriyyoota Simoonii turan jechuunis Yaaqoobii fi Yohaannis akkasuma dinqifatan.

Yesuusis simooniin, "hin sodaatatin; ati ammaa jalqabdee qabduu namootaa nitaataa" jedhe. **11**Isaanis erga hoboloowwan isaanii gara qarqaraatti baasanii booddee[k] waan mara dhiisanii isa faana bu'an.

### Namicha Lamxaa'aa Tokko

*5:12-14 Kwf ⇒ Mat 8:2-4, Mar 1:40-44*

**12**Otoo Yesuus magaalota[l] sana keessaa isa tokko keessa jiruu namichi nafnisaa guutuun lamxaa'e[m] tokko gara isaa dhufe; innis yommuu Yesuusin argetti adda isaatiin gombifamee, "Yaa Gooftaa, yoo fedhii kee ta'e ati na qulqulleessuu ni dandeetta!" jedhee isa kadhate.

**13**Yesuusis harka isaa diriirfatee namicha qaqqabatee, "fedhii kiyya, qulqullaa'i" jedheen; lamxiin sunis yeruma sana namicha irraa bade.

**14**Yesuusis,"nama tokkottillee hin himin; garuu dhaqii lubatti[n] of-agarsiisiitii akka qulqullaa'uuni kee namootaaf dhugaa ba'iisa[o] ta'uuf aarsaa[p] Muuseen ajaje sana dhiyeessi" isaan jedhe.

**15**Haa ta'uu malee oduun waayee isaa ittuma caalee faca'e; namoonni hedduunis isa dhagawuufi dhukkuba isaanii irraa fayyuuf jedhanii gara isaa dhufaa turan. **16**Yesuus garuu yeroo baayee Lafa namni hinjirre dhaqee kadhachaa ture.

### Yesuus Nama Laamsha'aa tokko Fayyisuu Isaa

*5:18-26 Kwf ⇒ Mat 9:2-8; Mar 2:3-12*

**17**Yesuus gaafa tokko otoo barsiisaa jiruu, Farisonnii fi barsiistonni seeraa warri gandoota Galiilaatii fi Yihuudaa cufa keessaa akkasumas Yerusaalemii dhufan achi tataa'aa turan; akka inni dhukkubsattoota[q] fayyisuufis humni Gooftaa isa waliin ture. **18**Jarri tokkos namicha nafni isaa laamsha'e[r] tokko sireen baatanii dhufan; isaanis namicha sana fuula Yesuusi dura kaa'uuf jedhanii manatti ol isa galchuu yaalan. **19**Sababii Baay'inna namaatiifis karaa ittiin ol isa galchan dhabnaan ol- bantii[s] manaatti dhaga'a bantii manaa saaqanii wadhakkaa namootaatiin Yesuus duratti siree isaatiin gadi isa buusan.

**20**Yesuusis amantii[t] isaanii argee, "namana, cubbuun kee sii dhiifameera[u]" isaani jedhe.

[j]9 ykn *maadeffachiiseef/ajaa'ibsiiseef;* [k]11 ykn *duubatti;* [l]12 ykn *dira;* [m]12 ykn *qomaaxa'e/ qurcaa'e;* [n]14 ykn *qaalluutti;* [o]14 ykn *dhugeessaa/ragaa;* [p]14 ykn *sooriyoo;* [q]17 ykn *worra fayyaa hinqabne;* [r]18 ykn *garii tokko irratti du'e;* [s]19 ykn *gasaree;* [t]20 ykn *dhugeeffachaa;* [u]20 ykn ya *sirraa haaqame*

**21**Fariisonnii fi barsiistonni
seeraas, "namichi Waaqa arrabsu
kun eennu? Waaqa tokkicha malee
namni cubbuu namaaf dhiisuu
danda'u eennu?" jedhanii garaa
isaanii keessatti yaaduu jalqaban.
**22**Yesuusis waan isaani yaadaa
turan beekee akkana isaaniin
jedhe; "isin maaliif garaa kees-
san keessatti waan akkanaa
yaaddu? **23**'Cubbuun kee sii dhii-
fameera' jechuu moo 'ka'iitii deemi'
jechuutu salphaa dhaa? **24**Kun
garuu akka ilmi namaa lafa ir-
ratti dhiifama cubbuu gochuuf
aangoo[v] qabu akka beettaniif."
Innis namicha laamsha'aa sanaan,
"ani siin nan jedha; ka'i; siree
kee fudhadhuutii mana keetti
gali" jedheen. **25**Namichis yeruma
sana ka'ee fuula isaanii dura
dhaabate; waan irra ciisaa tures
fudhatee Waaqa galateeffachaa
mana isaatti gale. **26**Hundi isaaniis
maadeffatanii Waaqaaf ulfinna
kennan; sodaadhaanis guutamanii,
"nu hardha waan baasaa argine"
jedhan.

### Waamamuu Leewii

*5:27-32 Kwf ⇒ Mat 9:9-13; Mar 2:14-17*

**27**Kana booddee Yesuus achii
ba'ee qaraxxuu Leewii jedhamu
tokko otoo inni bakka[w] itti qar-
axa walitti qaban taa'uu arge;
Yesuusis, "na hordofi" jedheen.
**28**Leewiinis waan cufa dhiisee
ka'ee isa hordofe.
**29**Leewiinis mana isaatti
nyaachisa guddaa Yesuusiif
qopheesse; qaraxxoonnii fi
namoonni kaan baay'eenis
isaan waliin maaddiitti[x] dhi-
yaatanii turan. **30**Barsiistoonni
seeraa warri garee fariisotaa ga-
ruu, "isin maaliif qaraxxootaa fi
'cubbamtoota' waliin nyaattu?
maaliif isaan waliin dhuddus?"
jedhanii barattoota isaatti gun-
guman.
**31**Yesuus ammoo deebisee
akkana isaaniin jedhe; ogeessi
fayyaa dhukkubsattootaaf bar-
baachisa malee warraa fayyaa
qabaniif hin barbaachisu. **32**Ani
cubbamtoota gara cubbuu irraa
deebiitti[y] waamuuf malee qajeel-
tota waamuuf hin dhufne."

### Yesuus Waayee Soomaa Gaafatamuu Isaa

*5:33-39 Kwf ⇒ Mat 9:14-17; Mar 2:18-22*

**33**Isaanis, "barattoonni Yohaan-
nisi yeroo baay'ee ni soomu[y];
Waaqas ni kadhatu; barattoonni
Fariisotaas akkasuma godhu;
barattoonni kee garuu ni nyaatu,
ni dhugus" jedhaniin
**34**Yesuusis akkana jedhee dee-
biseef; "isin otoo dhiirsi misir-
roo[z] isaan bira jiruu miinjolii[a]
isaa soomsisuu ni dandeessuu?
**35**Garuu yeroon itti dhiirsi misir-
roo isaan biraa fudhatamu ni

[v]24 ykn *guddinna /humna;* [w]27 ykn *fulaa;* [x]29 ykn *gololatti;* [y]33 ykn *in agaban;* [z]34 ykn *abbaa fuudhaa/ashilaa;* [a]34 ykn *jaallan/keessummaani fuudhaa*

dhufa; isaanis yeroo sana ni
soomu."
36Innis akkana jedhee fakkee-
nya tokko isaanitti hime, "namni
tokkolleen wayaa haaraya irraa
erbee[b] tarsaasee wayaa moofaat-
ti[c] hin hodhu; yoo kana godhe
wayaa haaraya sana tarsaasa;
erbeen haarayi sunis wayaa
moofaan waliin wal hin fudhatu.
37Akkasuma immoo namii tok-
koyyuu daadhii wayinii haaraya
qalqalloo[d] moofaatti hin naqu;
yoo kana godhe daadhiin wayinii
haarayi sun qalqalloo ni dhoosa[e];
daadhiin sun ni dhangala'a;
qalqallichis horoomaa ba'a. 38Ga-
ruu daadhiin wayinii haarayii
qalqalloo daadhii wayinii haarayatti
naqamuu qaba. 39Namni kamiy-
yuu eegii daadhii wayinii kan
bubbule dhugee booddee, 'kan
bubbule wayya' waan jedhuuf
daadhii wayinii haaraya hinfedhu.

### Gooftaa Sanbataa

*6:1-11 Kwf ⇒ Mat 12:1-14; Mar 2:23-3:6*

6 Guyyaa Sanbataa tokko Ye-
suus oobruu[f] midhaanii keessa
dabraa ture; barattoonni isaas
asheeta ciratanii harka isaaniitiin
sukkuumatanii nyaachuu jalqa-
ban. 2Fariisota keessaas tokko
tokko, "isin maaliif waan guyyaa
sanbataatiin hojjachuun hin ey-
yamamne hojjattu?" jedhanii
gaafatan.
3Yesuusis akkana jedhee dee-
biseef; "Daawitiifi warri isa waj-
jiin turan yommuu beela'anitti
waan Daawit hojjate isin takku-
maa hin dubbifnee? 4Inni mana
Waaqayyoo seenee buddeena
qulqullaa'aa kan luboota[g] qofaaf
malee nama kaaniif hin eeyya-
mamne fudhatee nyaate; warra
isa waliin turaniifis kenne." 5Ye-
suusis, "Ilmi Namaa gooftaa
sanbataati " isaaniin jedhe.
6Sanbata kaanis mana sagadaa
seenee barsiisaa ture; namichi
harki isaa kan mirgaa goge tok-
kos achi ture. 7Fariisonni fi bar-
siistonni seeraas waan ittiin Ye-
suusin himatan argachuuf jedhanii
guyyaa sanbataatiin nama fayy-
isuu fi fayyisuu baachuu isaa
ilaaluuf isa gaadaa turan. 8Ye-
suus garuu waan isaan
yaadan beekee namicha harki
goge sanaan, "Ka'iitii fuula
namaa dura dhaabadhu" jedhe;

[b]36 ykn *erbaa;* [c]36 ykn *dullattiitti;* [d]37 ykn *gorjoo;* [e]37 ykn *cira;* [f]1 ykn *maasii/ maasaa;* [g]4 ykn *qaallolee*

**5:37** *Daadhii wayinii haaraya* - Daadhii wayinii kan ammallee danfaa jiru yookiin kan hin bilchaatin jechuudha.

**6:4** *Buddeena qulqullaa'aa* - Buddeena kudhanii lamaan guyyaa sanbataa mana Waaqaa keessa xarapheessaa warqii dibame irra kaayamuudha. Buddeenni kun achitti Gooftaaf dhiyeeffama. Sanbata itti aanutti ammoo lubootaaf kennama. Luboonnis bakka qulqulluu tokkotti nyaachuu qabu.

Innis ka'ee achi dhaabate.
[9]Yesuusis jara sanaan, "anis
waan isin gaafadhun qaba;
guyyaa sanbataatiin isa kam
hojjachuuttu eeyyamama? waan
Gaarii hojjachuu moo waan hamaa
hojjachuu? lubbuu oolchuu moo
lubbuu balleessuu?" jedhe.
[10]Yesuus erga gara namoota
naannoo isaa jiran hundumaa
ilaalee booddee[h] namichaan,
"harka kee diriirfadhu" jedhe.
Innis akkuma ajajame sana godhe;
harki isaas nifayyeef. [11]Isaanis
akka malee aaranii akka Yesuus-
inis maal gochuu danda'an waliin
mariyatan.

### Ergamtoota Kudhanii Lamaani

*6:13-16 Kwf ⇒ Mat 10:2-4; Mar 3:16-19; HuE 1:13*

[12]Yesuusis bara sana keessa,
gaafa tokko Waaqa kadhachuuf
gaaratti ol ba'e; halkan guutuus
kadhachaa bule.[13]Innis yommuu
lafti bari'etti barattoota isaa ofitti
waamee nama kudhanii lama isaan
keessaa filate; ergamtoota jed-
hees isaan moggaase. [14]Isaanis
Simoon isa inni Pheexiroos jed-
hee moggaase, Indiriyaas obbo-
leessa Pheexiroosi, Yaaqoob,
Yohaannis, Filiphoos, Bartaloome-
woos, [15]Maatewoos, Toomaas,
Yaaqoob ilma Ilfiyoosi, Simoon isa
hinaafticha jedhamee waamame,
[16]Yihuudaa Ilma Yaaqoobiitii fi
Yihuudaa Asqorooticha fa'a;
Yihuudaa Asqorootichi isa Ye-
suusin dabarsee kenne sana.

### Eebbaa Fi Akeekkachiisa

*6:20-23 Kwf ⇒ Mat 5:3-12*

[17]Innis isaan wajjiin gadi bu'ee
lafa diriiraa tokko irra dhaabate.
Barattooni isaa baayeenis achi
turan; namoonni isa dhagawuufi
dhukkuba isaanii irraa fayyuuf
jedhanii biyya yihuudaa guutuu
keessaa, Yerusaalemiifi qarqara
galaana xiroosiitiifi siidoonaatii
dhufan baayeenis achi turan.
[18]Warri hafuura xuraawaan cin-
qamaa turanis ni fayyan. [19]Sa-
babii humni isa keessaa ba'ee
hunduma isaanii fayyisaa tureef,
namoonni sun hundi isa tuquuf
carraaqaa turan.
[20]Innis barattoota isaa ilaalee
akkana jedhe;

"Isin warri hiyyeeyyiin eebbifa-
moo dha;
mootummaan Waaqayyoo
keessaniitii.
[21]Isin warri amma beeloftan eeb-
bifamoo dha;
quufuuf jirtuutii.
Isin warri amma boossan eeb-
bifamoo dha;
kolfuuf jirtuutii.
[22]Yommuu namoonni sababii
Ilma Namaatiif jedhanii
isin jibban,
yommuu isaan of keessaa
isin baasaniifi isin arrab-
saan,

[h]10 ykn *duubatti*

yommuu isaan maqaa keessan
akka waan xuraawaa tok-
kootti lagatan
isin eebbifamoo dha.

23"Isin sababii gatiin keessan
samii irratti guddaa ta'eef gaafa
sana gammadaa; buburraaqaas;
abbootiin isaaniiyyuu raagota[i]
irratti akkanuma gochaa turaniitii.

24"Garuu warri dureeyyiin isiniif
wayyoo;
isin jajjabeenya keessan
argattaniirtuutii.
25Warri amma quuftan isiniif
wayyoo,
beela'uuf jirtuuttii, warri
amma kolfitan isiniif wayyoo;
gadduu[j] fi boowuuf jirtuutii.
26Yommuu namni martinuu isin
saadu isiniif wayyoo;
abbootiini isaaniiyyuu ak-
kanuma raajota dharaa
saadaa turaniitii.

### Diina Ufii Jaalachuu

*6:29,30 Kwf ⇒ Mat 5:39-42*

27"Ani garuu isin warra na
dhageettanitti waan kana nan
hima; diinota[k] keessan jaalad-
haa; warra isin jibbaniif waan
gaarii hojjadhaa; 28Warra isin
abaaran eebbisaa; warra isin
miidhaniifis Waaqa kadhadhaa.
29Ati yoo namni tokko maddii
tokko si dhabanaase[l] maddii kaanis
isa dura qabi; yoo namni tokko
kootii kee sirraa baafate immoo,
kittaa[m] kees fudhachuu hindhow-
win. 30Nama waa si kadhatu hun-
dumaaf kenni; nama kamiyyuu
yoo inni mi'a kee fudhate akka
inni sii deebisu hin gaafatin.
31Isinis akkuma namoonni akka
isinii godhan barbaaddan, sana
isaanii godha.

32"Warra isin jaalatan qofa yoo
jaalattan galata maalii argattu?
'cubbamtoonniyyuu ' warra isaan
jaalatan ni jaalatuutii. 33Warra
waan gaarii isinii godhan qofaaf
waan gaarii yoo gootan galata
maalii argattu? 'cubbamtoonniiyyuu'
akkasuma godhuutii. 34Warra akka
isinii deebisan abdattan qofaaf
yoo liqeessitan galata maalii
argattu? 'cubbamtoonniyyuu' haguma
liqeessan sana deebisanii ar-
gachuuf jedhanii cubbamtootaaf
niliqeessuutii. 35Isin garuu dii-
nota keessan jaaladhaa; waan
gaariis isaanii godhaa; nu dee-
bisu jettanii otoo womaa hin
abdatinis isaanii liqeessaa. Yoos
gatiin keessan guddaa ni ta'a;
isinis ijoollee Waaqa guddichaa
ni taatu; inni warra hingalateef-
fanneefi warra hamootaafillee
arjaadhaatii. 36Isinis akkuma
abbaan keessan araara[n] qabeessa
ta'e sana araara qabeeyyii ta'aa.

### Namatti Muruu

*6 : 37 - 42 Kwf ⇒ Mat 7 : 1 - 5*

37"Namatti hinmurinaa; isinitti

[i]23 ykn *raajota;* [j]25 ykn *laaleffachuu;* [k]27 ykn *nyaapha;* [l]29 ykn *kabale;* [m]29 ykn *ubbaara;* [n]36 ykn *naasuu*

hinmuramuutii. Balleessaa na-
matti hin murinaa; balleessaan
isinitti hin muramuutii. Dhiifamas
godhaa[o]; dhiifamni isinii godha-
maatii. 38 Namaa kennaa; isiniifis
nikennamaatii. safartuu gaarii[p]
itti hudumame[q], kan sochoo-
fameefi kan guutamee irraa
dhangala'een hanga isin baachuu
dandeessanitti isinii kennama;
safartuu isin itti namaa safar-
tanitti isiniifis ni safaramaatii"

39 Innis akkana jedhee fakkee-
nya kana isaanitti hime; "namni
jaamaan tokko nama jaamaa
dura deemuu ni danda'aa? Isaan
lachuu boolla keessa hin bu'anii?
40 Barataan tokko barsiisaa isaatii
olii miti; garuu namni guutu-
maan guutuutti barate kamiyyuu
akka barsiisaa isaa ni ta'a.

41 "Ati maaliif jirma ija[r] kee
keessa jiru arguu dhabdee huuba
ija obboleessa keetii keessa jiru
ilaalta? 42 Ati otoo ofii keetii
jirma ija kee keessa jiru hin ar-
gin akkamitti obboleessa keetiin,
'obboleessa kiyya, mee koottu;
ani huuba ija kee keessa jiru siif
nan baasaa' jechuu dandeetta? ati
fakkeessituunana[s], mee jirma ija
kee keessa jiru baafadhu; sana
booddee huuba ija obboleessa
keetii keessa jiru baasuuf sirriitti[t]
argita.

### Mukaa Fi Firii Isaa

*6:43, 44 Kwf ⇒ Mat 7:16, 18, 20*

43 "Mukni gaariin firii gadhee[u]
hin naqatu; Mukni gadheenis firii
gaarii hin naqatu. 44 Mukni cuftinuu
firii isaatiin beekamaatii; firiin
harbuu[v] muka qoraattii irraa hin
ciramu; yookaan firiin wayinii
kombolcha[w] irraa hinciramu.
45 Namni gaariin waan gaarii
garaatti kuufate keessaa waan
gaarii baasa; Namni hamaan im-
moo waan hamaa garaatti
kuufate keessaa waan hamaa
baasa; waan garaa isaa guute
afaan dubbataatii

### Ijaartota Manaa Lamaan

*6:47-49 Kwf ⇒ Mat 7:24-27*

46 "Isin waan ani jedhu hin
raawwattan[x]; yoos maaliif 'yaa
gooftaa, yaa gooftaa' naan jettu
ree? 47 Namni gara kiyya dhufu,
kan dubbii kiyya dhaga'ee hu-
jiidhaan mullisu kamiyyuu maal
akka fakkaatu ani isinitti nan
agarsiisa. 48 Inni nama mana ijaaru
kan boolla gadi fageessee qotee
hundee[y] mana sanaa qarsaa irra
dhaabe tokko fakkaata; sababii
manichi qarsaa irratti hundeef-
fameef, lolaan yeroo lola'ee itti
bu'etti mana sana sochoosuu hin
dandeenne. 49 Namni dubbii ki-
yya dhaga'ee hujiin hinmullifne
garuu nama biyyee irratti mana

[o]37 ykn *haraaramaa;* [p]38 ykn *kiila dansaa;* [q]38 ykn *umname;* [r]41 ykn *ila;* [s]42 ykn *kijjibaa kana;* [t]42 ykn *akka dansaa* [u]43 ykn *midhaani hamaa;* [v]44 ykn *odaa;* [w]44 ykn *fonqolcha;* [x]46 ykn *hintolchitan;* [y]48 ykn *yayyaba*

hundee hinqabne ijaarratu tokko fakkaata; yeruma lolaan itti bu'ettis manni sun ni jige; jigiinsi isaas akka malee hamaa ture."

### Amantii Ajajaa Dhibbaa

*7:1-10 Kwf ⇒ Mat 8:5-13*

7 Yesuus erga waan kana hundumaa namootatti himee raawwatee booddee[z] Qifirnaahom seene. [2]Achis garbichi ajajaa dhibbaa kan gooftaan isaa akka malee isa jaalatu tokko dhukkubsatee[a] du'uu ga'ee ture.[3] Ajajaan dhibbaa sunis yommuu waayee Yesuusi dhaga'etti, akka inni dhufee garbicha isaa fayyisuufiif akka isa kadhataniif maanguddoota Yihuudotaa Yesuusitti erge. [4]Isaanis yommuu gara Yesuusi dhufanitti akkana jedhanii jabeessanii isa kadhatan; "ati waan kana isaaf gochuun namicha kanaaf nimala; [5]Inni saba keenya ni jaalataatii; mana sagadaas nuu ijaareera." [6]Yesuusis isaan wajjiin deeme.

Yommuu inni manichatti dhiyaatetti ajajaan dhibbaa sun akkana jedhee michoota[b] isaa Yesuusitti erge; Yaa Gooftaa, ati qinaaxxii[c] mana kiyyaa jalaan olseenuuf waan ani nama malu hinta'iniif uf-hin rakkisin; [7]Kanaaf ani akka waan gara kee dhufuunnaa maluutti uf-hin ilaalle; garuu ati dubbii tokkittii dubbadhu; garbichi kiyya ni fayyaatii. [8]Ani mataan kiyya nama aangoo[d] jala jiruu kan loltoota of jalaa qabuudha isa tokkoon, 'deemi' nan jedha; innis ni deema. Isa kaaniin immoo 'kottu' nan jedha; innis ni dhufa. Garbicha kiyyaanis, 'waan kana hojjadhu' nan jedha; innis ni hojjata."

[9]Yesuus yommuu waan kana dhaga'etti isa ajaa'ibsiifate[e]; garagalees namoota isa faana bu'aniin, "ani isinitti nan hima; ani amantii[f] guddaa akkanaa Israa'el keessattillee hin argine" jedhe. [10]Yommuu namoonni ergamanii turan manatti deebi'anitti garbichi sun fayyee isaan eege.

### Yesuus Gurbaa Tokko Du'aa Kaase

*7:11-16 Wbq ⇒ Mar 5:21-24, 35-43; Yoh 11:1-44*

[11]Yesuusis guyyaa itti aanutti magaalaa[g] Naayin jedhamtu tokko dhaqe; barattoonni isaatii fi namoonni baay'eenis isa waliin dhaqan. [12]Yommuu inni karra magaalattiitti dhiyaatetti jarri tokko nama du'e tokko baatanii isatti dhufan; namichi du'e sunis haadha isaatiif ilma tokkicha ture; haatii isaas niitii dhiirsii irraa du'e turte. Namoonni magaalattii baay'eenis isii wajjiin turan. [13]Gooftaanis yommuu isii

[z]1 ykn *fixateeni duubatti;* [a]2 ykn *fayyaa dhabee;* [b]6 ykn *jaallan;* [c]6 ykn *gasaree* [d]8 ykn *nama guddaa;* [e]9 ykn *maadeffate /dinqifate;* [f]9 ykn *dhugeeffachaa;* [g]11 ykn *dira*

argetti na'eefii, "hin boo'in" jed-
heen.
[14]Yesuusis itti dhiyaatee wa-
saasaa reeffa sanaa tuqe; warri
reeffa baatanii deemaa turanis ni
dhaabatan; innis, "dargaggeessanana,
ani siin nan jedhaa, ka'i!" jed-
heen. [15]Namichi du'e sunis ka'ee
taa'ee dubbachuu jalqabe; Ye-
suusis deebisee haadha isaatti isa
kenne.
[16]Martii isaanii akka malee
sodaatan; "raagni[h] guddaan nu
keessaa argameera; Waaqayyos
ija[i] garaa laafinnaatiin saba isaa
ilaaleera" jedhanii Waaqaaf
ulfinna kennan. [17]Oduun waayee
Yesuus kunis Yihuudaa guutuufi
biyya naannoo sana jiru hundu-
maa keessa faffaca'e.

### Yesuusii Fi Yohaannis Cuuphaa

*7:18-35 Kwf ⇒ Mar 11:2-19*

[18]Barattoonni Yohaannisiis waan
kana cufa isatti himan. Yohaan-
nisis isaan keessaa nama lama
ofitti waamee, [19]"Ati isa dhufuuf
jiru sana moo nama biraa[j]
eeganna?" jedhee Gooftaatti
isaan erge.
[20]Namoonni sunis yommuu gara
Yesuus dhufanitti, "Yohaannis
cuuphaan, 'ati isa dhufuuf jiru
sana moo nama biraa eeganna?'
jedhee sitti nu ergeera" jedhaniin.
[21]Yesuusis yeruma sana
namoota, dhibee, dhukkubaafi
hafuura xuraawaa qaban hedduu
fayyise; Warra jaamaa turan
baayeedhaafis agartuu deebise.
[22]Innis akkana jedhee ergamtoota
Yohaannisiitiif deebii kenne;"
deebi'aatii waan argitanii fi waan
dhageessan Yohaannisitti himaa;
warri jaaman ni argu; warri
naafatan qajeelanii deemu; warri
lamxaa'an[k] niqulqullaa'u; Warri
gurrii duude ni dhagawu; warri
du'an du'aa ni kaafamu; wan-
geelli hiyyeeyyiitti ni lallabama;
[23]Namni natti hin gufanne eebbi-
famaa dha."
[24]Eegii ergamtoonni Yohaan-
nis ba'anii deemanii booddee
Yesuus akkana jedhee waayee
Yohaannis namootatti himuu
jalqabe; "isin maal ilaaluu lafa
onaatti[l] gadi baatan? Illaadduu
qilleensi raasuu moo? [25]Yoo
akkas hinta'in maal ilaaluu
baatan ree? Nama uffata midhaa-
gaa uffatee? Kunoo warri uffata
midhaagaa uffatanii qananiid-
haan[m] jiraatan mana mootum-
maa jiru. [26]Yoos maal ilaaluu
baatan? raajaadhaa? Eeyee; ani
isinitti nan hima; Kan raajaay-
yuu caalu! [27]Kunis isa waayeen
isaa akkana jedhamee barreef-
fameedha;

" 'Kunoo, ani ergamaa kiyya isa
si duraan karaa sii qopheessu,
fuula kee dura nan erga.'

[28]Ani isinitti nan hima; warra

[h]16 ykn *raajaani;* [i]16 ykn *ila;* [j]19 ykn *biraa;* [k]22 ykn *qomaaxa'an;* [l]24 ykn *alootti;* [m]25 ykn *machiin*

dubartoota[n] irraa dhalatan kees-
saa namni Yohaannis cuuphaa
caalu tokkoyyuu hin jiru. Garuu
namni mootummaa Waaqaa kees-
satti nama hundumaa gadi ta'e
inni isa caala."
29Namoonni cufti, warri qaraxa
walitti qabanilleen waan harka
Yohaannisiitti cuuphamanii turaniif
yommuu dubbii Yesuusii dha-
gayanitti, karaan Waaqayyoo
qajeelaa ta'uu isaa mirkanees-
san. 30Fariisonnii fi beettoonni
seeraa garuu sababii harka Yo-
haannisiitti hin cuuphaminiif yaada
Waaqni isaaniif qabu fudhachuu
didan.
31Gooftaanis akkana jedhe;
"Yoos ani nama dhaloota bara
kanaa maaliin wal fakkeessuu
danda'a ree? Isaan maal fakkaatu?
32Isaan akkuma ijoollee lafa gabayaa
tataa'ani wal-waamanii akkana
jedhaniiti;

" 'Nu ulullee isinii afuufne;
Isin garuu hin sirbine;
Faaruu boo'ichaas isinii faar-
fanne;
Isin garuu hin - boonye.'

33Yohaannis cuuphaan yeroo
dhufetti buddeena hin nyaatu
ture; daadhii Wayiniis hin dhugu
ture; isin immoo, 'inni jinnii
qaba' jettu; 34Ilmi namaa yeroo
dhufetti ninyaata, nidhugas ture;
isin immoo, 'ilaa! nyaattuu fi
Machooftuu, jaala[o] warra qaraxa
walitti qabaniitii fi cubbamtootaa!'
jettu. 35Garuu qaroomni ijoollee
ishii hundumaan mirkaneeffamti."

**Yesuus Urgooftuu Dibamuu isaa.**
*7:37-39 Wbq ⇒ Mat 26:6-13; Mar 14:3-9; Yoh 12:1-8*
*7:41, 42 Wbq ⇒ Mat 18:23-34*

36Fariisota keessaa namichi
tokko akka inni isa waliin nyaatuuf
Yesuusin affeere[p], innis mana
Fariisichaa dhaqee maaddiitti[q]
dhiyaate. 37Dubartiin cubbamtuun
magaalaa sana keessa jiraattu
tokkos yommuu akka Yesuus mana
fariisichaatti maaddiitti dhiyaatee
jiru bartetti dibata urgaa'aa
bilqaaxxii[r] albaasxiroositti fud-
hattee dhufte. 38Ishiinis boo'aa
dudda isaa duubaan miila isaa
bira dhaabattee imimmaan ishiitiin
miila isaa dhiquu jalqabde; rifeensa
mataa ishiitiinis miila isaa haaxxee
dhuungattees dibata urgaa'aa miila
isaa dibde.
39Fariisichi isa affeere sunis
waan kana argee, "namichi kun
otoo raaga ta'ee, dubartiin isa
tuxxu tun eenyu akka taate,
nama akkamiis akka taate ni
beeka ture; ishiin cubbamtuud-
haatii" jedhee garaa isaa kees-
satti yaade.
40Yesuusis deebisee, "Yaa Si-
moon, ani waan sitti himu tokko
qaba" jedheen.

[n]28 ykn *nadheeni;* [o]34 ykn *michuu;* [p]36 ykn *waame;* [q]36 ykn *gorolatti;* [r]37 ykn *duloo*

Innis, "Yaa Barsiisaa natti himi" jedhe.

41 Yesuusis akkana jedheen; "Namoonni lama nama horii liqeessu tokko irraa horii liqeeffatan; inni tokko diinaarii dhibba shan liqeeffate; kaan immoo diinaarii shantama liqeeffate. 42 Jarri lachuu waan isaaf baasan dhabnaan dhiiseef; egaa jara lamaan keessaa kamtu caalaa isa jaalata?

43 Simoonis deebisee, "isa liqiin guddaan dhiifameef sana natti fakkaata" jedheen.

Yesuusis, "dhugaa dubbate" isaan jedhe.

44 Innis dubartittiitti garagalee Simooniin akkana jedhe; "dubartii tana argitaa? Ani mana kee nan dhufe; ati bishaan miilaallee naa hin kennine; ishiin garuu imimmaan ishiitiin miila kiyya dhixxee rifeensa mataa ishiitiin haaxxe. 45 Ati na hin dhuunganne; dubartiin tun garuu yeroo ani ol seenee jalqabdee miila kiyya dhuungachuu hindhiifne. 46 Ati Zayitiillee mataa kiyya hin dibne; ishiin garuu dibata urgaa'aa miila kiyya dibde. 47 Kanaaf ani sittin hima; Sababii jaalalli ishii guddaa ta'eef cubbuun ishii baay'een sun ishiif dhiifameera[s]. Namni cubbuun xiqqoon dhiifameef garuu jaalalli isaa xiqqoodha."

48 Yesuusis dubartittiin, "cubbuun kee sii dhiifameera" jedhe.

49 Warri isa waliin maaddiitti dhiyaatanii turanis, "namni cubbuullee namaa dhiisu kun eennu?" waliin jechuu jalqaban.

50 Yesuusis dubartittiin, "amantiin kee si fayyiseera; nagayaan gali" jedhe.

### Fakkeenya Namicha Sanyii Facaasuu

*8:4-15 Kwf ⇒ Mat 13:2-23; Mar 4:1-20*

8 Yesuusis kana booddee[t], Wangeela mootummaa Waaqayyoo lallabaa fi labsaa magaalaa[u] tokko irraa gara magaalaa dhibii[v], ganda tokko irraas gara ganda dhibii deema ture; warri kudhanii lamaanis isa wajjiin turan. 2 Dubartoonni[w] hafuura xuraawaa fi dhukkuba irraa fayyifaman tokko tokkos isa wajjiin turan; isaanis Maariyaam isii nama Magdalaa jedhamtu tan jinniiwwan torba isii keessaa ba'an, 3 Yo'aanaa niitii Kuuzii isa eedduu mana Heroodisi ture, Soosaanaa fi Dubartoota dhibii baay'ee turan; Dubartoonni kunneenis waan qabaniin Yesuusiifi barattoota isaa gargaaraa turan.

4 Yeroo tuunni guddaan walitti qabamee namoonnis magaalota hunda keessaa gara isaa dhufanitti Yesuus akkana jedhee fakkeennaan isaanitti dubbate; 5 Namichi sanyii facaasu tokko sanyii facaafachuu dhaqe; otoo

[s]47 ykn *ya haaqame;* [t]1ykn *duubatti;* [u]1 ykn *dira;* [v]1 ykn *biraa;* [w]2 ykn *nadheeni*

inni facaasaa jiruus sanyiin
tokko tokko karaa irra bubbu'ee
irra ejjatame; simbirroonni[x] samiis
ni nyaatan. 6 Sanyiin kaanis lafa
qarsaa qabu irra bu'e; innis waan
jiidha dhabeef yeroo biqiletti ni
goge. 7 Sanyiin tokko tokkos
qoraattii[y] keessa bubbu'e; qoraat-
tiin sunis biqila sana wajjiin gud-
datee isa hudhe[z]. 8 Kaan immoo
biyyee gaarii irra bubbu'e; gud-
datees firii dachaa[a] dhibba naqate.

Yesuusis yommuu waan kana
dubbatetti sagalee[b] isaa ol-fudhatee,
"namni gurra dhagawu qabu haa
dhagawuu" jedhe.

9 Barattoonni isaas hiikkaan fak-
keenya kanaa maal akka ta'e isa
gaafatan. 10 Innis akkana jedhe;
"iccitii[c] mootummaa Waaqayyoo
beekuun isinii kennameera; warra
kaanitti garuu fakkeenyaan nan
dubbadha; kunis akka isaan;

" 'otuma ilaalanuu hin argineef,
otuma dhagayanuus, hin
hubanneef.'

11 "Egaa hiikkaan fakkeenyichaa
kana; sanyiin sun dubbii Waaqay-
yoo ti; 12 Sanyiin karaa irra bub-
bu'e sun namoota dubbicha dha-
gayanii dha; akka isaan amananii[d]
hin fayyineef Daabiloos dhufee
dubbii sana garaa isaanii kees-
saa fudhata. 13 Sanyiin lafa qarsaa
qabu irra bubbu'e sunis warra
yommuu dubbicha dhagayanitti
gammachuun fudhatanii dha; isaan
garuu hidda hin qaban; Yeroof
amanu malee yeroo qorumsaatti[e]
ni ganu[f]. 14 Sanyiin qoraattii keessa
bubbu'es warra dubbicha dha-
gayanii dha; isaanis akkuma
karaa isaanii itti fufaniin yaad-
doon, badhaadhummaan, jireenna
qananiitiinis[g] hudhamu; firiin
isaaniis hin bilchaatu. 15 Sanyiin
biyyee gaarii irra bubbu'e garuu
warra dubbicha dhagayanii garaa
amanamaafi gaariidhaan fudhatanii
obsaan firii naqatanii dha.

### Ibsaafi Baattuu Isaa

16 "Namni kamiyyuu ibsaa qab-
siisee waa itti hingombisu yookiin
siree jala hin kaa'u; qooda kanaa
akka warri olseenan ifa isaa ar-
ganiif baattuu ibsaa irra kaa'a.
17 Wanni dhoffamee otoo hin
mullifamin hafu, yookaan wanni
haguugamee otoo hin beekamin
hafu yookaan otoo ifatti hin
baafamin hafu tokkolleen hin
jiruutii. 18 Kanaaf akkamitti akka
dhageeffattan qalbeefadhaa! nama
waa qabu kamiifiyyuu itti
ida'amee ni kennama; nama waa
hinqabne kamiyyuu garuu wanni
inni waan qabu of se'uyyuu irraa
fudhatama.

[x]5 ykn *simphirreeni;* [y]7 ykn *qoree;* [z]7 ykn *ukkaamse/liqimse;* [a]8 ykn *midhaani harka;* [b]8 ykn *qoonqoo/qoonqa;* [c]10 ykn *dossaa;* [d]12 ykn *dhugeeffatanii;* [e]13 ykn *ilaallattootti;* [f]13 ykn *inmormatan;* [g]14 ykn *machiitiin*

### Haadha Yesuusiitii Fi Obboleeyyan Isaa

*8:19-21 Kwf ⇒ Mat 12:46-50; Mar 3:31-35*

19Haati Yesuusiitii fi obboleeyyan isaa isa bira dhufan; garuu sababii baay'inna namaatiif isa bira gawuu hin dandeenye. 20Namni tokkos, "haati teetii fi obboleeyyan kee si arguu barbaadanii ala ijaajjanii jiru" jedhee isatti hime.

21Inni garuu deebisee, "haati tiyyaa fi obboleeyyan kiyya warra dubbii Waaqaa dhagahanii hujii irra oolchaniidha"jedhe.

### Yesuus Obombolettii Qabbaneessuu Isaa

*8:22-25 Kwf ⇒ Mat 8:23-27; Mar 4:36-41*
*8:22-25 Wbq ⇒ Mar 6:47-52; Yoh 6:16-21*

22Gaaf tokko Yesuus barattoota isaa waliin bidiruu[h] yaabbate; innis, "mee hara kana gama haa ceenuu[i]" isaaniin jedhe; isaanis deemuu jalqaban. 23Yesuusis otoo isaan bidiruudhaan deemaa jiranuu hirriibni qabee rafe. Obombolettiinis hara sana irratti ka'ee, bidiruun sun bishaaniin guutamuu jalqabde; isaanis akka malee cinqamaa turan.

24Barattoonnis dhaqanii, "Yaa Gooftaa, Yaa Gooftaa, nu dhumuutti jirra!" jedhanii isa dammassan.

Innis ka'ee bubbeefi raafama bishaanichaatti dheekkame.Obombolettiin sunis gab[j] jedhe; qabbanni guddaanis ni bu'e. 25Barattoota isaas; "amantiin keessan eessa jira?" jedhee gaafate.

Jarris sodaafi dinqifannaan[k] "inni bubbee fi bisaanillee ajaju, kan isaanis ajajamaniif kun eenyu?" jedhanii wal gagaafatan.

### Namichi Jinniini Qabe Tokko Fayyifamuu Isaa

*8:26-37 Kwf ⇒ Mat 8:28-34*
*8:26-39 Kwf ⇒ Mar 5:1-20*

26Isaanis gara biyya geraasenoon ishii fuullee[l] Galiilaatti argamtuutti hoboloodhaan ce'an. 27Yommuu Yesuus hoboloo irraa bu'ettis namichi magaalaa sanaa kan jinniin qabee ture tokko isatti dhufe; namichi kun yeroo dheeraadhaaf uffata hin uffatu ture; awwaala jidduu jiraata malee mana keessa hin jiraatu ture. 28Innis yommuu Yesuusin argetti iyyee miila isaa irratti lafa dhahe; qoonqa ol fudhatees, "yaa Yesuus ilma Waaqa guddichaa, ati maal narraa qabda? ani sin kadhadha; na hin dhiphisin!" jedhe. 29Kunis sababii Yesuus akka hafuurri xuraawaan sun namicha keessaa bawu ajajeef. Hafuurri sunis yeroo baayee itti ka'aa ture; namichi sunis harkaafi miilli isaa sansalataan[m] hidhamee eegamaa

[h]22 ykn *hoboloo;* [i]22 ykn *haataakkinuu;* [j]24 ykn *caqalli;* [k]25 ykn *maadeen/ ajaa'ibsiifachaan;* [l]26 ykn *adda;* [m]29 ykn *aada sibiilaa /fooncaa /sinsilaata*

ture; inni garuu hidhaa isaa of irraa kukkuta ture. Jinniinis gara lafa namni hin jirreetti isa geessa ture.

[30]Yesuusis; "maqaan kee eennu?" jedhee isa gaafate.

Innis sababii jinniiwwani baayyeen isatti galanii turaniif, "Leegewoon" jedhee deebise. [31]Jinniiwwan sunis akka inni akka isaan qilee keessa bu'an isaan hin ajajneef jabeessanii isa kadhatan.

[32]Achis karri booyyee guddaan isaa gaara irra dheedaa ture; jinniiwwan sunis akka inni akka isaan booyyewwan sanatti galaniif isaanii eeyyamuu Yesuusin kadhatan; innis ni eeyyameef. [33]Jinniiwwan sunis namicha keessaa ba'anii booyyewwanitti galan; booyyewwan sunis ededa irraa gadi gugatanii haratti timanii[n] liqimfaman.

[34]Tissitoonni yommuu waan ta'e kana arganitti, baqatanii dhaqanii magaalaa fi baadiyaatti odeessan. [35]Namoonnis waan ta'e sana ilaaluu ba'an. Yommuu gara Yesuusi dhufanitti namicha jinniin keessaa ba'e sana isaa uffata uffatee, qalbii isaattis deebi'ee miila Yesuusi jala taa'ee jiru argan; ni sodaatanis. [36]Warri arganii turanis, namichi jinniidhaan qabame sun akkamitti akka fayye namoota sanatti odeessan. [37]Namoonni biyya Geraasenooniitiifi naannoo isaa cuftinuus waan sodaa guddaadhaan qabamaniif akka Yesuus isaan biraa deemu isa kadhatan; Yesuusis bidiruu yaabbatee achii deeme.

[38]Namichi jinniiwwan keessaa ba'an sun Yesuus wajjiin deemuuf isa kadhate; Yesuus garuu, [39]"Mana keetti galiitii wanni Waaqayyo sii godhe hagam guddaa akka ta'e odeessi" jedhee of biraa isa deebise. Namichis dhaqee wanni Yesuus isaa godhe hagam guddaa akka ta'e magaalaa sana hunda keessatti odeesse.

### Intala Du'aa Kaateefi Dubartii Fayyite

*8:40-56 Kwf ⇒ Mat 9:18-26; Mar 5:22-43*

[40]Namoonni martinuu sababii isa eegachaa turaniif yommuu Yesuus deebi'etti gammachuudhaan isa simatan. [41]Namichi Yaa'iroos jedhamu, bulchaan mana sagadaa tokkos dhufee miila Yesuusi irratti gombifamee akka inni isa waliin mana isaa dhaqu isa kadhate. [42]Sababiin isaas intalli tokkittiin inni qabu tan umriin[o] ishii gara waggaa kudhanii lamaa ta'u tokko du'uu geettee turte.

Akkuma Yesuus deemuu jalqabeen namoonni isa irratti walcaccaabsan. [43]Dubartiin dhiigni ishii waggaa kudhanii lamaa dhangala'aa[p] ture tan namni tokkolleen ishii fayyisuu hin danda'in

[n]33 ykn *duudanii / nam'anii;* [o]42 ykn *gannii;* [p]43 ykn *jigaa /irraa yaa'aa*

tokko achi turte. 44 Ishiinis dudda
isaa duubaan dhuftee xiyyoo
wayaa isaa tuxxe; yoosumas
dhiigni ishii cite.
45Yesuusis, "eenyutu na tuqe?"
jedhee gaafate.
Yommuu hundi isaanii, "nuu miti"
jedhanii waakkatanitti Pheexiroos,
"Yaa Gooftaa namoonni si mar-
sanii si dhiibaa jiru" jedhe.
46Yesuus garuu, "namni wayii
na tuqeera; ani akka humni na
keessaa ba'e nanbeekaatii" jedhe.
47Dubartittiinis akka dhokattee
deemuu hin dandeenne huban-
naan ollachaa dhuftee fuula Ye-
suusi duratti lafa dhoofte; maaliif
akka isa tuxxee fi akkamittis
akka yoosuma fayyite namoota
sana cufa duratti dubbate. 48In-
nis, "Intala tiyya, amantiin kee si
fayyiseera; nagayaan deemi"
jedheen.
49Otoo Yesuus waan kana dub-
bachaa jiruu namni tokko mana
bulchaa mana sagadaa sanaatii
dhufee bulchaa sanaan, "intalli tee
duuteerti; ammaan achi barsiisi-
cha hin dadhabsiisin" jedhe.
50Yesuusis yommuu waan kana
dhagayetti Yaa'iroosiin, "hin
sodaatin; ati amani malee, isiin
ni fayyitii" jedhe.
51Innis yommuu mana Yaa'i-
roosi ga'etti, Pheexiroos, Yo-
haannisii fi Yaaqoob akkasumas
abbaa fi haadha intalittii malee
akka namni tokkolleen isa wajjiin
olseenu hin eeyyamne. 52Namooni
martinuu isiif boo'aa, faarsaas
turan; Yesuus garuu, "hin boo'i-
naa; isiin ni rafti malee hin
duuneetii" jedhe.
53Isaan immoo waan akka isiin
duute beekaniif isatti kolfan.
54Inni garuu harka isii qabee,
"mucattiinana[q] ka'i!" jedhe.
55Lubbuun isiis itti deebite; isi-
inis yeruma sana kaatee dhaabatte.
Yesuusis akka isaan waan
nyaatamu isiif kennan ajaje.
56Abbaa fi haati isiis ni maadef-
fatan; inni garuu akka isaan
waan ta'e sana nama tokkottillee
hin himne isaan ajaje**.**

### Yesuus Barattoota Kudhanii - Lamaan Erguu Isaa

*9:3-5 Kwf ⇒ Mat 10:9-15; Mar 6:8-11*
*9:7-9 Kwf ⇒ Mat 14:1, 2; Mar 6:14-16*

9 Yesuus barattoota isaa kud-
hanii-lamaan walitti
waamee, akka isaan jinni-
iwwan hunda baasanii fi akka
dhibeewwan fayyisaniif hum-
naa fi aangoo[r] kenneef. 2Innis
akka isaan mootummaa
Waaqayyoo lallabanii fi akka
dhukkubsattootas[s] fayyisaniif
isaan erge; 3Akkanas isaaniin
jedhe; "imala[t] keessaniif waan
tokkollee harkatti hinqabatinaa;
ulee yookiin korojoo[u] yookiin

[q]54 ykn *intala tana;* [r]1 ykn jabeenna; [s]2 ykn worra fayyaa hin qamne; [t]3 ykn *imaltuu;* [u]3 ykn *gorjoo/ subba*

buddeena yookiin horii akkanu-
mas qomee[v] lama harkatti hin
qabatinaa. **4**Yoo mana kamiyyuu
seentan hanga yeroon isin itti
achii deemtan gawutti manuma
sana turaa. **5**Yoo namoonni isin
simachuu baatan immoo yeroo
magaalaa[w] sanaa baatanitti
akka ragaa[x] isaanitti ta'uuf miila
keessan irraa awwaara dhad-
ha'adhaa." **6**Isaanis achii bahanii
bakka[y] hundatti wangeela lalla-
baa, namootas fayyisaa ganda
tokko irraa gara ganda biraa[z]
deemaa turan.

**7**Heroodis bulchaan kutaa afraf-
faa sun waan ta'e cufa dhaga'e;
Innis waan namoonni tokko tokko
Yohaannis cuuphaan warra
du'an keessaa kaafameera jechaa
turaniif, **8**Warri kaanis Eliyaas
mullateera jechaa waan turaniif,
Warri kaan immoo raajota[a] durii
keessaa inni tokko du'aa ka'eera
jechaa waan turaniif akka malee
burjaaja'e[b]. **9**Heroodis garuu;
"ani Yohaannis irraa mataa isaa
kuchisiiseen ture; Yoos namichi
ani waayee isaa waan akkanaa
dhagawu kun eenyu ree?" jedhe;
Yohaannisin arguufis jabeessee
barbaadaa ture.

### Yesuus Nama Kuma Shaniif Nyaata Kenne

*9:10-17 Kwf ⇒ Mat 14:13-21; Mar 6:32-44; Yoh 6:5-13*

**10**Ergamtoonnis deebi'anii waan
hojjachaa turan hunda Yesuusitti
himan. Innis isaani fudhatee gara
magaalaa Beetsayidaa jedhamtu
tokkootti kophaatti ba'e. **11**Namoonnis
kana beekanii isa hordofan; innis
isaan simatee waayee mootum-
maa Waaqayyoo isaanitti hime;
warra fayyuun isaan barbaachi-
sus ni fayyise.

**12**Yeroo lafti galgalaa'uu jalqa-
betti warri kudhanii- lamaan
gara Isaa dhufanii, "nu waan lafa
onaa[c] keessa jirruuf akka
namoonni kunniin gara gandootaa
fi baadiyaa naannoo sanaa dhaqanii
bakka bultiitii fi waan nyaatan
barbaaddataniif gadi isaan dhiisi"
jedhaniin.

**13**Inni garuu deebisee, "isinuu
waan isaan nyaatan kennaafi"
jedheen.

Isaanis, "nama kana hundaaf
nyaata yoo dhaqnee binne malee,
nu buddeena shanii fi qurxummii
lama caalaa hinqabnu" jedhan.
**14**Dhiira gara kuma shaniitu achi
tureetii.

Inni garuu barattoota isaatiin,
"shantama shantamatti isaan
hiraatii tuuta tuutaan teessisaa"
jedhe. **15**Barattoonnis akkasuma
godhan; hunda isaaniis ni teessi-
san. **16**Innis buddeena shananii fi
qurxummii lamaan fuudhee gara

[v]3 ykn *ubbaara;* [w]5 ykn *dira;* [x]5 ykn *dhuga - ba'iisa/ dhugeessaa*; [y]6 ykn *fulaa;* [z]6 ykn *dhibii;* [a]8 ykn *raagota;* [b]8 ykn *waan ta'u dhabe/ burgame;* [c]12 ykn *aloo*

samii ol-ilaalee eebbise; caccabsees akka isaan namoota sanaaf dhiyeessaniif barattoota isaatti kenne. 17Cuftii isaaniis nyaatanii quufan; barattoonnis hambaa hurraa'aa[d] gundoo kudhanii-lama guutuu walitti qaban.

### Pheexiroos Waayee Yesuusi Dhugaa Ba'uu Isaa

*9:18-20 Kwf ⇒ Mat 16:13-16; Mar 8:27-29*
*9:22-27 Kwf ⇒ Mat 16:21-28; Mar 8:31-9:1*

18Gaaf tokko Yesuus kophaa isaa Waaqa kadhachaa ture; barattoonni isaas isa waliin turan. Innis, "namoonni anaan eennu jedhu?" jedhee isaan gaafate.

19Isaanis deebisanii, "gar- tokko Yohaannis cuuphaa dha" jedhu; warri kaanis Eliyaas jedhu; warri kaan immoo raagota durii keessaa isa tokkotu du'aa ka'e jedhu" jedhan.

20Innis, "isin hoo; eennu naan jettu?" jedhee isaan gaafate.

Pheexiroosis deebisee, "ati Kiristoos Waaqayyoo ti" jedhe.

21Yesuus garuu akka isaan waan kana nama tokkottillee hin himne jabeessee isaan akeekkachiise[e]. 22Innis, "Ilmi namaa waan hedduun dhiphachuu akkasumas maanguddootaan, luboota hangafootaa[f] fi barsiistota seeraatiin tuffatamuu, ijjeefamuu fi guyyaa sadaffaatti ammoo du'aa kaafamuu qaba" jedhe.

23Innis hunduma isaaniitiin akkana jedhe; "namni kamiyyuu yoo na faana bu'uu barbaade, of haa ganuu[g]; fannoo isaas guyyuma guyyaan baadhatee na faana ha deemuu. 24Namni lubbuu isaa oolfachuu barbaadu kamiyyuu lubbuu isaa ni dhabaatii; Garuu namni naa jedhee lubbuu isaa kennu kamiyyuu lubbuu isaa ni oolfata. 25Namni tokko yoo addunyaa guutuu argatee ufii isaa immoo dhabe yookaan yoo gatame inni faayidaa maalii argata? 26Namni kamiyyuu yoo nattiifi dubbii kiyyatti qaana'e ilmi namaa gaafa ulfinna isaatiin, ulfinna Abbaatii fi ulfinna maleekkota qulqulluutiin dhufutti isatti ni qaana'a. 27Ani dhuguman isinitti hima; namoonni asi dhadhaabachaa jiran tokko tokko otoo mootummaa Waaqaa hin argin du'a hin dhandhaman."

### Bifti Yesuusi Jijjiiramuu Isaa

*9:28-36 Kwf ⇒ Mat 17:1-8; Mar 9:2-8*

28Yesuusis eega waan kana dubbatee guyyaa saddeet; booddee[h] Pheexiroos, Yohaannis fi Yaaqoob fudhatee kadhachuuf gaara tokkotti ol ba'e. 29Otoo inni kadhachaa jiruu biftii fuula isaa jijjiirame; uffanni isaas adii qaanqee ta'e. 30Namoonni lama jechuunis Muusee fi Eliyaas,

[d]17 ykn *caccabaa;* [e]21 ykn *seere/ beekkachiise;* [f]22 ykn *qaallolee gugurdoo;* [g]23 ykn *haamormatuu;* [h]28 ykn *duubatti*

[31]Ulfinnaan muldhatanii Yesuus waliin haasa'aa turan; Isaanis waayee addunyaa kana irraa deemuu isaa kan inni Yerusaalemitti raawwachuuf[i] jiru sanaa dudubbachaa turan. [32]Pheexiroosii fi warri isa waliin turan garuu akka malee mugan; Yeroo dammaqanitti immoo ulfinna Yesuusiitii fi namoota Yesuus waliin dhadhaabachaa turan lamaan argan. [33]Pheexiroosis akkuma namoonni sun Yesuus biraa deemaniin, "Yaa Gooftaa, asi jiraachuun keenya nuuf gaarii dha; kanaaf daasii[j] sadii jechuunis tokko siif, tokko Muuseef, tokko immoo Eliyaasiif haa ijaarruu" jedheen; inni waan dubbatu hin beeku ture.

[34]Otoo inni dubbachaa jiruu duumessi dhufee isaan haguuge; isaanis yommuu duumessa sana keessa seenanitti ni sodaatan. [35]Sagaleen[k], "ilmi kiyya kan ani filadhe isa kana; isa dhaga'aa" jedhu tokkos duumessa keessaa dhufe. [36]Erga sagaleen sun dubbatee booddee Yesuus kophaa[l] isaa achitti argame; Barattoonnis ni callisan malee waan argan keessaa tokkollee yeroo sanatti nama tokkottuu hin himne.

### Gurbaan Hafuura Xuraawaadhaan Qabame Tokko Fayyifamuu Isaa

*9:37-42, 43-45 Kwf ⇒ Mat 17:14-18, 22, 23; Mar 9:14-27, 30-32*

[37]Guyyaa itti aanu, yommuu isaan gaara irraa gadi bu'anitti tuunni namoota baayee isatti dhufe. [38]Namichi tokko tuuta sana keessaa iyyee akkana jedhe; "yaa barsiisaa akka ati ilma kiyya naa ilaaltu sin kadhadha; inni anaaf mucaa tokkichaatii. [39]Hafuurri tokko itti ka'a; gurbichis akkuma tasaa iyya; hafuurri sunis lafaan dha'ee isa dhidhiitachiisa. Gurbichis oomacha afaaniin baasa; hafuurrichis akka qoosaatti gad isa hin dhiisu; yeroo hundas isa miidha. [40]Ani akka Barattoonni kee isa keessaa baasan isaan kadhadheen ture; isaan garuu hin dandeenne."

[41]Yesuusis deebisee, "isin dhaloota hin amannee[m] fi jaldhaanana; ani hanga yoomiitti isin wajjiin jiraadha? Hanga yoomiittis isin baadha? "jedhe; namichaanis," mee ilma kee asi fidi " jedhe.

[42]Gurbaan sunis otoo gara Yesuusi dhufaa jiruu jinniin sun lafaan dha'ee isa dhidhiitachiise; Yesuus garuu hafuura xuraawaa sana ifate[n]; gurbichas fayyisee abbaa isaatiif kenne. [43]Hundumti isaaniis humna Waaqayyoo isa jabaa sana ni dinqifatan[o].

Otoo hundi isaanii waan Yesuus hojjate sana ajaa'ibsiifachaa

[i]31 ykn *guutachuuf;* [j]33 ykn *gosee;* [k]35 ykn *qoonqooni/qoonqii;* [l]36 ykn *wojja;* [m]41 ykn *hindhugeeffannee;* [n]42 *ykn loleeni/dhorge;* [o]43 ykn *maadeffatan/ aja'ibsiifatan*

jiranuu inni barattoota isaatiin
akkana jedhe; 44"Wanni ani is-
initti himuuf jiru kun gurra kees-
san haa seenuu; ilmi namaa da-
barfamee harka namootaatti
kennamuuf jiraatii." 45Isaan ga-
ruu wanni kun maal jechuu akka
ta'e hin hubanne; akka isaanii hin
galleefis isaan jalaa dhoffamee
ture; isaanis waayee dubbii kanaa
isa gaafachuu sodaatan.

### Namni Nama Cufa Caalu eenyu?

*9:46-48 Kwf ⇒ Mat 18:1-5*
*9:46-50 Kwf ⇒ Mar 9:33-40*

46Isaan keessaa namni nama
cufa caalu isa kam akka ta'e
barattoota jidduutti wal -mormiin
ka'e. 47Yesuusis waan isaan ga-
raatti yaadan hubatee mucaa
diqqaa tokko fidee of bira dhaabe;
48Isaaniinis akkana jedhe;
"Namni mucaa diqqaa kana maqaa
kiyyaan simatu kamiyyuu na
simata; namni na simatus isa na
erge simata; namni hunduma
keessanii gadi ta'e inni hundu-
maa caalaatii."
49Yohaannisis, "Yaa barsiisaa,
nu otoo namichi tokko maqaa
keetiin jinniiwwan baasuu argi-
nee sababii inni garee[p] keenya
hinta'iniif isa dhowwine" jedhe.
50Yesuus ammoo,"hin dhow-
winaa; namni isiniin hin mormine
kamiyyuu inni garee keessaniitii"
jedhe.

### Mormii Warra Samaariyaa

51Yesuusis yommuu yeroon
inni itti gara samiitti ol fudhatamu
ga'etti Yerusaalem dhaquuf hid-
hatee ka'e; 52Innis ergamtoota uf-
dura erge; isaanis waan isa bar-
baachisu qopheessuuf ganda
Samaariyaa tokko seenan.
53Namoonni naannoo sanaa ga-
ruu sababii inni fuula isaa gara
Yerusaalemitti deebifatee deemaa
tureef isa hin simanne. 54Barat-
toonni isaa jechuunis Yaaqoo-
biifi Yohaannis, "Yaa Gooftaa,
akka inni isaani balleessuuf, akka
nu samii irraa ibiddii gadi waa-
mnu barbaaddaa?"jedhan. 55Ye-
suus garuu garagalee isaan ifate;
56Isaanis dabranii ganda dhibii
dhaqan.

### Yesuus Faana Bu'uun Gatii Nama Baasisa

*9:57-60 Kwf ⇒ Mat 8:19-22*

57Otoo isaan karaa deemaa
jiranuus namichi tokko Yesuusiin,
"gara ati dhaxxu maratti ani si
faana nan bu'a " jedhe.
58Yesuusis deebisee, "sar-
diidoonni[q] boolla qabu; simbir-
roonni[r] Samiis mana[s] qabu; Ilmi
Namaa garuu lafa itti mataa isaa
irkifatullee hin qabu" jedhe.
59Nama gara biraatiinis, "na
faana bu'i!" jedhe.

[p]49 ykn *golii;* [q]58 ykn *geedalli/ wangoonni /jedhalli;* [r]58 ykn *simphirreeni;* [s]58 ykn *man'ee*

Namichi garuu, "Yaa Gooftaa,
dura akka ani dhaqee abbaa ki-
yya awwaalu naa eeyyami" jed-
hee deebise.
60 Yesuusis, "warra du'an dhiisi;
isaan du'aa isaanii haa awwaala-
tanii. Ati garuu dhaqiitii moo-
tummaa Waaqayyoo lallabi"
jedheen.
61 Ammas namni biraa, "Yaa
Gooftaa, anis si faana nan bu'a;
garuu dura akka ani dhaqee maatii
kiyyatti nagaya dhaamadhu naa
eeyyami" jedhe.
62 Yesuusis deebisee, "namni
harkaan hordaa[t] qabatee of duuba
ilaalu kamiyyuu mootummaa
Waaqayyootiif hin malu" jedhe.

### Yesuus Nama Torbaatamii Lamaa Erguu Isaa

*10:4-12 Kwf ⇒ Luq 9:3-5*
*10:13-15, 21, 22 Kwf ⇒ Mat 11:21-23, 25-27*
*10:23, 24 Kwf ⇒ Mat 13:16, 17*

**10** Kana booddee[u] Gooftaan
namoota dhibii[v] torbaatamii
lama Muudee[w] gara magaalotaafi[x]
lafa ufii dhaquuf ture hundaatti
lama lamaan uf-dura isaan erge.
2 Akkanas isaaniin jedhe; "midhaan
galfamu baay'ee dha; hojjattoonni
garuu baayeemiti; kanaaf akka
inni gara oobruu[y] midhaan isaatti
hojjattoota erguuf gooftaa mid-
haanichaa kadhadhaa. 3 Egaa beenaa!
kunoo ani akka ilmoolee hoolaa
yeyyii[z] keessa isin nan erga;
4 Borsaa yookaan korojoo[a] yoo-
kaan kophee harkatti hin qabati-
naa; karaa irrattis nama tokkol-
lee hin dubbisinaa.
5 "Yeroo mana tokko seentan,
'nageenni mana kanaaf haa ta'u'
jedhaa; 6 Yoo namni nagayaa achi
jiraate, nageenni keessan isa irra
ni boqota; yoo kanaa achii nageenni
keessan isinii deebi'a. 7 Waan
isaan isinii kennan cufa nyaachaa,
dhugaas manuma sana turaa;
hojjataan gatii dadhabbii isaa
argachuun isaaf nimalaatii. Manaa
manatti hin labinaa.
8 "Yeroo magaalaa tokko seen-
tanii simatamtanitti waanuma isinii
dhiyaate nyaadhaa; 9 Dhukkub-
sattoota[b] achi jiranis fayyisaatii,
'mootummaan Waaqayyoo isinitti
dhiyaateera' jedhaa isaanitti
himaa. 10 Yoo magaalaa tokko
seentanii isin simachuu baatan
garuu gara daandii magaalattiitti
ba'aatii akkana jedhaa; 11 'Aw-
waara magaalaa keessanii kan
mila keenyatti qabatellee mor-
mii keessaniin ofi irraa dhad-
ha'anna; garuu akka mootum-
maan Waaqayyoo isinitti dhiyaate
beekaa.' 12 Ani isinittin hima;
gaafa sana magaalaa sana irra
Sodoomiif salphaa ta'a.
13 "Siif wayyoo yaa Koraaziin!
siif wayyoo yaa Beetsayidaa!

[t]62 ykn *irfii;* [u]1 ykn *duubatti;* [v]1 ykn *biraa;* [w]1 ykn *filatee;* [x]1 ykn *dira;* [y]2 ykn *maasaa /maasii*; [z]3 ykn *yayii;* [a]4 ykn *gorjoo;* [b]9 ykn *worra fayyaa hinqabne*

otoo hujiin dinqii[c] kan isin keessatti hojjatame sun Xiroosii fi Siidoonaa keessatti hojjetamee isaan silaa yeroo dheeraan dura uffata gaddaa[d] uffatanii, daara keessas tataa'anii cubbuu irraa deebi'u turan. 14Garuu guyyaa murtiitti isin irra Xiroosii fi sidoonaadhaaf salphaa ta'a. 15Atis yaa Qifirnaahom,hanga samiitti ol kaafamtee? ati gara Si'ooliitti gadi buuta.

16"Namni isin dhagawu na dhaga'a; namni isin dhagawuu didu nas hindhaga'u; namni na dhagawuu didu ammoo isa na erge sana hindhaga'u."

17Namoonni torbaatamii lamaan sunis gammachuun deebi'anii, "Yaa Gooftaa, jinniiwwanilleen maqaa keetiin nuu ajajamaniiru" jedhan.

18Yesuusis deebisee akkana jedhe; "ani otoo Sheexanni akkuma balaqqeetti[e] samii irraa bu'uu nan arge. 19Kunoo, ani akka isin bofaa fi torbaan - qabaa[f] lafatti dhidhiittaniifi akka humna diinaa[g] maras moo'attaniif aangoo[h] isinii kenneera; wanni kamiyyuus isin hin miidhu. 20Garuu sababii maqaan keessan samii keessatti barreeffameef gammadaa malee sababii hafuuronni isinii ajajamaniif hin gammadinaa."

21Yesuusis yeroo sana gammachuu Hafuura Qulqulluutiin[i] guutamee akkana jedhe; "Yaa Abbaa, Gooftaa samiitii fi lafaa, sababii ati waan kana hundumaa ogeeyyii fi beettota jalaa dhossitee ijoollee didiqqootti mulliftee ani sin galateeffadha. Eeyee Yaa Abbaa, wanni kun fedhii kee ta'eeraatii.

22"Abbaan kiyya waan cufa natti kenneera; Abbaa malee namni tokkolleen Ilmi eenyu akka ta'e hinbeeku; ilmaa fi nama ilmi itti mullisuu fedhu malee namni tokkolleen Abbaan eenyu akka ta'e hinbeeku."

23Barattoota isaattis gargalee kophaatti akkana jedheen; "iji[j] waan isin argitan argu eebbifamaa dha. 24Ani isinittin himaatii raagonnii[k] fi mootonni baay'een waan isin argitan kana arguu barbaadanii turan; garuu hin argine. Waan isin dhageettan kanas dhagawuu barbaadanii turan; garuu hin dhageenye."

### Fakkeenna Namicha Samaariyaa Tokkoo

*10:25-28 Kwf ⇒ Mat 22:34-40; Mar12:28-31*

25Gaafa tokko, hayyuun seeraa tokko Yesuusin qoruuf jedhee ka'ee dhaabate; innis "Yaa Barsiisa, ani jireenna barabaraa dhaaluuf maal gochuu naa wayya?" jedhee gaafate.

[c]13 *ykn maadee /ajaa'ibaa;* [d]13 ykn *laalalaa;* [e]18 ykn *angaasuutti;* [f]19 ykn *qaanjibbuu;* [g]19 ykn *nyaaphaa;* [h]19 ykn *jabeenna;* [i]21ykn *Ayyaana Wayyuutiin;* [j]23 ykn *iltii;* [k]24 ykn *raajonniifi*

26 Yesuusis deebisee, "seera kees-
satti maaltu barreeffame? Atis
akkamitti dubbifta?" jedheen.
27 Namichis, " 'Waaqa kee goofticha
garaa kee guutuun, lubbuu kee
guutuun, humna kee guutuun, yaada
kee guutuun jaaladhu; ollaa kees
akkuma mataa keetiitti jaaladhu'
" jedhee deebise.
28 Yesuusis, "sirriitti[l] deebifteerta;
atis kanuma godhi ni jiraattaa"
jedheen.
29 Namichi sun garuu qajeelaa
uf-gochuu barbaadee, "ollaan kiyya
eennu? "jedhee Yesuusin gaafate.
30 Yesuusis deebisee akkana
jedhe; "namichi tokko otoo Yeru-
saalemii ba'ee Yerikootti gadi
bu'aa jiruu harka saamtotaa seene.
Isaanis uffata isaa irraa baafa-
tanii, tumanii, du'aa fi jireenya
jidduutti isa dhiisanii deeman.
31 Lubni[m] tokko otoo akkuma
tasaa karaa sanaan gadi bu'uu
namicha argee irraa goree dabre.
32 Akkasumas namichi gosa Lee-
wii tokko yommuu bakka[n] sana
ga'eetti namicha sana argee irraa
goree dabre. 33 Namichi Samaari-
yaa tokko garuu otoo deemaa
jiruu bakka namichi sun jiru ga'e;
yommuu isa argettis garaa laafeef.
34 Innis itti dhiyaatee zayitii fi
daadhii wayinii madaa isaatti
naqee hidheef; harree isaa irras
kaa'ee, mana boqonnaa keessum-
mootaatti isa geesse; achittis isa
gargaare. 35 Guyyaa itti aanutti
diinaara lama baasee abbaa mana
boqonnaa sanaatti kennee, 'namicha
kana ittiin naa waldhaani; yoo
kana caalaa baaftes ani yeroo
deebi'ee dhufutti siifin kenna' jed-
heen.
36 "Egaa jara sadan kanneen
keessaa ollaan namicha harka
saamtotaa seene sanaa isa kam
seeta?"
37 Hayyuun seeraa sunis, "isa
garaa laafeef sana" jedheen.
Yesuusis, "atis dhaqiitii akka-
suma godhi" jedheen.

### Yesuus mana Maartaatii Fi Maariyaamii Dhaquu Isaa

38 Otoo karaa deemaa jiranuu
Yesuus ganda tokko seene; du-
bartiin Maartaa jedhamtu tokkos
mana ishiitti isa simatte. 39 Ishiinis
obboleettii Maariyaam jedhamtu
tokko qabdi turte; Maariyaamis
miila Gooftaa jala teettee waan
inni jedhu caqasaa[o] turte. 40 Maar-
taan garuu baay'inna hujiitiin waan
dadhabaa turteef gara isaa dhuftee,
"yaa Gooftaa, obboleettiin tiyya

[l]28 ykn *akka dansaa;* [m]31 ykn *qaal-luuni,* [n]32 ykn *fulaa* [o]39 ykn *dhageef-fachaa*

**10:34** *Zayitii fi daadhii wayinii* - Akka qorichaatti fayyadaa turan. Zayitiin ejersaa cinqii dhukkubaa fooyyessa ture; daadhiin wayinii ammoo akka madaan hin kulkulle godha ture.

akka ani hujii hunda kophaa kiyya hojjadhu natti dhiisuun ishii sin gaddisiisuu? Akka ishiin na gargaartu itti himi!" jette.

41 Gooftaanis deebisee akkana jedheen; "yaa Maartaa, yaa Maartaa, ati waayee waan baay'ee yaaddofta; niraafamtas. 42 Wanni barbaachisu garuu waanuma tokko qofa; Maariyaam isa caalu filatteerti; innis isii irraa hin fudhatamu."

### Yesuus Waayee Kadhannaa Barsiisuu Isaa

*11:2-4 Kwf ⇒ Mat 6: 9-13*
*11: 9-13 Kwf ⇒ Mat 7:7-11*

**11** Gaaf - tokko Yesuus bakka[p] tokkotti kadhachaa ture; yommuu inni raawwatettis[q], barattoota isaa keessaa namni tokko, "yaa barsiisaa, akkuma Yohaannis barattoota isaa barsiise sana, atis Waaqa kadhachuu nu barsiisi" jedheen.

2 Innis akkana isaaniin jedhe; "Isin yommuu Waaqa kadhattan akkana jedhaa;"

" 'Yaa Abbaa,
Maqaan kee haa qulqullaa'uu;
mootummaan kee haa dhufuu.
3 Buddeena keenya kan guyyaa cufaa guyyuma guyyaan nuu kenni.
4 Cubbuu keenya nuu dhiisi[q];
nu mataan keenyas warra cubbuu nutti hojjataniif ni dhifnaatii;
qoramattis[r] nu hin galchin.' "

5 Innis akkana isaaniin jedhe; "Mee isin keessaa namni tokko michuu[s] qaba haa jennuu; innis halkan wadhakkaa michuu isaa sana bira dhaqee, 'Yaa michuu kiyya, mee buddeena sadii naa liqeessi; 6 Michuun kiyya kan karaa deemu tokko natti goree jiraatii; Anis waan dhiyeessuuf tokkollee hin qabu' haa jedhu.

7 "Namichi mana keessaa sunis, 'na hin rakkisin; balballi cufameera; ijoolleen kiyyas na wajjiin siree irra jiru; ani ka'ee waan tokkollee sii kennuu hin danda'u' jedhaanii? 8 Ani isinittin hima; sababii inni jaala isaa ta'eef jedhee ka'ee buddeena sana isaa kennuu baatullee, sababii ija[t] jabeenna namicha sanaatiif jedhee ka'ee waan isa barbaachisu marani kennaaf.

9 "Kanaaf ani isinittin hima; kadhadhaa isinii kennamaa; barbaadaa ni argattuu; rurrukutaa[u] balballi isinii banamaa. 10 Namni kadhatu hundi ni argataatii; namni barbaadu ni argata; nama rukutuufis balballi ni banama.

11 "Yaa abbootii, isin keessaa namni yoo ilmi isaa qurxummii

[p] 1 ykn *fulaa;* [q] 1 ykn *fixatetti;* [r] 4 ykn *haraarami;* [s] 4 ykn *ilaallattootti;* [t] 5 ykn *jaala;* [u] 8 ykn *adda*

isa kadhate, qooda qurxummii bofa kennuuf eennu? [12]Yookiin namni yoo ilmi isaa hanqaaquu[v] isa kadhate qaanjibbuu[w] kennuuf eennu? [13]Yoos erga isin warri hamooniyyuu kennaa gaarii ijoollee keessanii kennuu beettanii, Abbaan keessan inni samii irraa immoo hagam caalchisee worra isa kadhataniif Hafuura Qulqulluu[x] haa kennuu ree !"

### Yesuusii Fi Bi 'eelzebuul

*11:14, 15; 17 - 22; 24 - 26 Kwf ⇒ Mat 12:22; 24-29; 43-45*
*11:17-22 Kwf ⇒ Mar 3:23-27*

[14]Yesuusis jinnii dubbachuu hindandeenye tokko baasaa ture. Yommuu jinniin sun ba'ettis namichi arrabi hidhame sun ni dubbate; namoonnis ni ajaa'ibsiifatan[z]. [15]Isaan keessaa namoonni tokko tokko garuu,"Inni bi'eelzebuuliin, hangafa jinniiwwaniitiin jinniiwwan baasa" jedhan. [16]Warri kaan immoo isa qoruuf jedhanii milikkita[a] samii isa irraa barbaadan.

[17]Yesuusis yaada isaanii beekee akkana jedheen; "mootummaan mormiidhaan ufitti ka'ee gargarii qoodamu kamiyyuu nikufa[b] maatiin gargarii qoodamus nidiigama. [18]Sheexannis yoo ofirratti ka'ee gargarii qoodame, mootummaan isaa akkamitti dhaabata? Wanni ani akkana jedhuuf sababii isin akka waan ani bi'eelzebuuliin jinniiwwan baasuu dubbattaniif. [19]Egaa yoo ani Bi'eelzebuuliin jinniiwwan baase, ilmaan keessan immoo maaliin baasu ree? Kanaaf ilmaan keessaniyyuu abbootii murtii isinitti ta'u. [20]Garuu yoo ani quba Waaqayyootiin jinniiwwan baase, yoos mootummaan Waaqayyoo gara keessan dhufeera.

[21]"Yommuu namni jabaan guutummaatti mi'a waraanaa hidhate tokko mana isaa eegatutti qabeenni isaa hintuqamu. [22]Garuu yoo namni jabeennaan isa caalu tokko lolee isa moo'ate, inni mi'a waraanaa kan namichi sun amanate[c] sana isa irraa fudhatee boojuu argate sana gargari niqooqooda.

[23]"Namni na waliin hinjirre mormituu kiyya; namni na gargaaree walitti hin qabnes ni bittinneessa.

[24]Hafuurri xuraawaan yommuu nama keessaa ba'utti boqonnaa barbaacha lafa gogaa irra joora; yommuu dhabutti immoo, 'mana kiyya isa ani keessaa ba'ee dhufe

[v]9 ykn *dhadha'aa;* [w]12 ykn *okokkaani;* [x]*12 ykn torbaanqabaa;* [y]13 ykn *Ayyaana Woyyuu;* [z]14 ykn *maadeffatan/ dinqifatan;* [a]16 ykn *milikkeeta /malkata;* [b]17 ykn *injiga;* [c]22 ykn *abdate*

**11:24** *Lafa gogaa* - Lafti gogaan (lafti dheebichaa) akka waan jireenya jinniiwwaniitiif mijaawaa ta'eetti herregama ture (Isa 13: 21-22; 34:14 ilaalaa).

sanatti nandeebi'a' jedha. [25]Yommuu achi ga'uttis manicha haramee qopheeffame argata. [26]Ergasiis dhaqee hafuurota xuraawoo kanneen isa caalaa hammaatan gara biraa[d] torba fudhatee dhufa; isaanis itti galanii achi jiraatu; haalli namicha sanaa inni dhumaa kan jalqabaa irra hammaata."

[27]Otoo Yesuus waan kana dubbachaa jiruu, dubartiin[e] tokko namoota jidduudhaa sagalee[f] ishii ol-fudhattee, "garaan si baate, harmi ati hootes eebbifamaa dha" jette.

[28]Inni garuu deebisee, "Sana irra warri dubbii Waaqayyoo dhaga'anii ajajamaniif eebbifamoodha." jedhe.

### Milikkita Yoonaasi

*11:29-32 Kwf ⇒ Mat 12:39-42*

[29]Akkuma baay'inni namootaa ida'amaa deemeen Yesuus akkana jechuu jalqabe; "dhaloonni kun dhaloota hamaa dha; inni milikkita barbaada; garuu milikkita Yoonaasi malee milikkinni dhibiin isaaf hin kennamu. [30]Akkanuma Yoonaas milikkita saba Nanawwee ture sana, Ilmi Namaa immoo milikkita dhaloota kanaa ni ta'aatii. [31]Mootittiin kibbaa[g] guyyaa murtiitti namoota dhaloota kana wajjiin kaatee isaanitti murti; isiin ogummaa[h] Solomooni dhagawuudhaaf jettee handaara lafaatii dhufteertii. kunoo, kan Solomoonillee caalu tokko asi jira. [32]Namoonni Nanawwees guyyaa murtiitti dhaloota kana waliin ka'anii isatti ni muru; isaan lallaba Yoonaasiitiin qalbii jijjiirataniiruutii[i] kunoo kan Yoonaasillee caalu tokko asi jira.

### Ibsaa Nafaa

*11:34, 35 Kwf ⇒ Mat 6:22, 23*

[33]"Namni kamiyyuu ibsaa qabsiisee boolla keessa yookaan guuboo[j] jala hin kaa'u; qooda kanaa akka warri ol seenan ifa isaa arganiif baattuu isaa irra kaa'a. [34] Ijjii[k] kee ibsaa nafa keetii ti; yoo ijji kee fayyaa ta'e, nafni kee hundinuu ifaan guutama. Yoo iji kee fayyaa hinta'in garuu nafni kees dukkanaan guutama. [35]Kanaaf akka ifni si keessaa dukkana hin taaneef ofeegadhu. [36]Egaa yoo nafni kee hundinuu ifaan guutame, yoo kutaan[l], tokkolleen dukkana hinqabaatin, akkuma waan ifni ibsaa tokkoo ifa isaatiin sii ibsuutti nafni kee guutummaatti ifa niqabaata."

### Fariisonniifi Barsiistonni Seeraa Ifataman

[37]Akkuma Yesuus haasaa isaa fixateen fariisota keessaa namichi tokko akka Yesuus isa waliin

[d]26 ykn *dhibii;* [e]27 ykn *niitiini;* [f]27 ykn *qoonqoo/qoonqa;* [g]31 ykn *karaa bitaa;* [h]31 ykn *qarooma;* [i]32 ykn *cubbuu irraa deebi'aniiruutii;* [j]33 ykn *kophaafaa;* [k]34 ykn *iltii;* [l]36 ykn *mittaani /bu'aani*

nyaata nyaatuuf mana isaatti isa
waame; Yesuusis olseenee maad-
diitti[m] dhiyaate. **38**Fariisichis akka
Yesuus nyaataan dura harka isaa
hin dhiqatin argee maadeffate.
**39**Gooftaanis akkana isaan jedhe;
"Isin fariisonni xuwwaafi[n] saanii
duuba, duuba isaa dhixxu; keessi
keessan garuu saamichaa fi ham-
meennaan guutameera. **40**Isin gow-
wootanana[o]! Inni duuba isaa uume
sun keessa isaa immoo hin uum-
nee? **41**Isin garuu waan xuwwaa
fi saanii keessa jiru hiyyeeyyiif
kennaa; Yoos wanni cuftinuu
isinii qulqullaa'a.
**42**"Fariisotanana isiniif wayyoo!
Isin inshilaala[p], cilaaddaamaafi[q]
biqiltuu gosa maraa harka kud-
han keessa harka tokko Waaqay-
yoof kennitu; Murtii qajeelaafi
jaalala Waaqaa garuu ni tuffattu;
Silaa otoo kan duraa hindhiisin
kan booddees[r] raawwachuun[s] isinii
mala ture.
**43**"Fariisotanana isiniif way-
yoo! Isin manneen sagadaa kees-
satti barcumaa ulfinnaa, lafa
gabayaatti immoo nagaya gaafa-
tamuu[t] jaalattuutii.
**44**"Isin sababii awwaala milik-
kita hinqamne kan namoonni otoo
hin beekin irra deeman fakkaat-
taniif isiniif wayyoo!" **45**Hay-
yoota seeraa keessaas tokko dee-
bisee, "Yaa Barsiisaa, ati yom-
muu waan kana jettutti nuus
arrabsaa jirta!" jedheen.
**46**Yesuus ammoo akkana jed-
hee deebise, "hayyoonni seeraa,
isiniifis wayyoo! isin ba'aa namni
baachuu hindandeenne namatti
feetu[u]; ufii keessanii garuu quba
tokkoonillee ba'aa sana hintuxxan.
**47**"Isinii wayyoo! isin awwaala
raajotaa[v] midhaassituutii. Kan isaan
ajjeeses abbootuma keessan. **48**Kanaaf
isin akka waanuma abbootiin
keessan hojjatan sana deeggartan[w]
dhugeessitu[x]; isaan raajota ajjee-
san isin immoo awwaala raajotaa
midhaassitu. **49**Sababii kanaaf
Waaqayyo qarooma isaatiin 'ani
raagotaa fi ergamtoota isaanittin
erga; namoonni sunis isaan kees-
saa tokko tokko ni ajjeessu; kaan
immoo ni gaargalchu[y]" jedhe.
**50**Kanaaf dhaloonni kun dhiiga
raagota hundaa kan uumama
addunyaatii jalqabee dhangala'etti
nigaafatama; **51**Jechuunis dhiiga
Abeeliitii jalqabee hanga dhiiga
Zakkaariyaas isa iddoo aarsaatii[z]
fi mana qulqullummaa jidduutti
ajjeefame sanaatti ni gaafatama;
eeyee ani isinittin hima; dhaloonni
kun waan kana hundumatti ni-
gaafatama.

[m]37 ykn *gololatti;* [n]39 ykn *buduunuu/ waaccaa;* [o]40 ykn *gowwoota tana;* [p]42 ykn *urgoo;* [q]42 ykn *rarii;* [r]42 *ykn duubatti;* [s]42 *ykn ojjachuuni;* [t]43 ykn *dubbifamuu;* [u]46 ykn *faatan;* [v]47 ykn *raagotaa;* [w]48 ykn *itti walii galtan;* [x]48 ykn *dhugaabaatu/rageessitu;* [y]49 ykn *nibaqachiisan/niariyan;* [z]51 ykn *fulaa sooriyoo itti qalaniifi*

52 "Yaa hayyoota seeraa, isiniif
wayyoo! isin furtuu balbala bee-
kumsaa fudhattaniirtu; ofii kees-
sanii hin seenne; warra ol seenaa
turanis dhowwitaniirtuutii[a]."
53 Yommuu Yesuus achii dee-
metti, Fariisonnii fi barsiistonni
seeraa jabeesaanii isaan mormuu,
akka inni waan baay'ee dubba-
tuufis isa tuttuquu jalqaban. 54 Waan
afaan isaatii ba'uun isa qabuufis
eegachaa turan.

### Of-eegachiisa

*12 : 2 - 9 Kwf ⇒ Mat 10 : 26 -33*

**12** Yeroo sana yommuu
namoonni kumaatamatti
hedaman hanga wali-irra ejjatanitti
walitti qabamanitti, Yesuus duraan
dursee, barattoota isaattiin ak-
kana jechuu jalqabe; "raacitii[b]
Fariisotaa irraa of-eegadhaa;
innis fakkeessitoota ta'uu
isaaniiti. 2 Wanni haguugamee
otoo ifatti hin baafamin hafu
yookiin wanni dhoffamee otoo
hin beessifamin hafu tokkolleen
hin jiru. 3 Wanni isin dukkana
keessatti dubbattan, guyyaa adiin
dhaga'ama; wanni isin hasaas-
tanii gola[c] keessatti dubbattaanis
bantii[d] manaa irratti labsama.
4 "Yaa michoota[e] kiyya, ani
isinittin hima; warra nafa ajjees-
sanii eegasii immoo kana caalaa
womaa gochuu hin dandeenye hin
sodaatinaa. 5 Ani garuu kan isin
sodaachuu qabdan isinittin agar-
siisa; isa erga ajjeesee booddee[f]
Si'oolitti[g] darbachuuf humna qabu
sana sodaadhaa; eeyee, ani isinit-
tin hima; isa sodaadhaa. 6 Dim-
biiccoonni[h] shan saantima[i] lamatti
gurguramuu mitii? Isaan keessaa
garuu tokkolleen fuula Waaqay-
yoo duratti hin irraanfatamtu[j].
7 Isin garuu rifeensi mataa kees-
saniiyyuu tokko tokkoon lak-
kaa'ameera[k]; Hin sodaatinaa;
dimbiiccoo baay'ee irra isinittuu
gatii qabaatii.
8 "Ani isinittin hima; nama fu-
ula namootaa duratti dhugaa naa
ba'u[l] hundumaaf, Ilmi namaas
Fuula Maleekkota Waaqayyoo
duratti dhugaa ni ba'aa. 9 Namni
fuula namootaa duratti na ganu[m]
garuu fuula maleekkota Waaqay-
yoo duratti ni ganama. 10 Nama
ilma namaa irratti waan hamaa
dubbatu cufaaf ni dhii-
fama[n];nama Hafuura Qulqulluu[o]
arrabsu kamiifiyyuu garuu hin
dhiifamu.
11 "Yommuu manneen sa-
gadaatti, bulchitootaa fi abbootii
aangootti[p] isin dhiyeessanitti
akkamitti yookaan maal akka
deebiftan yookaan maal akka

[a]52 ykn *dhorgitaniirtu;* [b]1 ykn *bukoo;* [c]3 ykn *dinqa;* [d]3 ykn *guutuu;* [e]4 ykn *jaallan;* [f]5 ykn *duubatti;* [g]5 ykn *ja'aannamitti/ qileetti;* [h]6 ykn *burriyyaan;* [i]6 ykn *neeraa /beessee diimtuu* [j]6 ykn *hin dedhamtu;* [k]7 ykn *yaa hedame;* [l]8 ykn *na dhugeessan;* [m]9 ykn *mormatu;* [n]10 ykn *in haraaraman;* [o]10 ykn *Ayyaana Woyyuu;* [p]11 ykn *jabeennaatti*

jettan hin yaadda'inaa. **12**Hafuurri qulqulluuni yeruma sana Waan isin jechuu qabdan isin barsiisaatii."

### Fakkeenya Dureessa Gowwaa

**13**Tuuta sana keessaa namichi tokko, "Yaa Barsiisaa, akka obboleessi kiyya dhaala naa hiruuf maaloo itti naa dubbadhu" jedheen.
**14**Yesuus garuu deebisee, "namana, eenyuttu isin jidduutti abbaa murtii yookiin hirtuu dhaalaa na godhe?" jedheen. **15**Innis, "ilaaladhaa! sassatumma[q] mara irraas uf eegaa; jireenyi namaa tokkoo baay'inna qabeenya isaatiin hinmurteeffamuutii " jedheen.
**16**Innis akkana jedhee fakkeenna kana isaanitti hime; "Oobruun[r] namicha dureessa tokkoo Oomisha[s] guddaa kenneef. **17**Namichi sunis, 'ani waan lafa itti midhaan kiyya galfadhu hin qabneef maal gochuu naa wayya?' Jedhee garaa isaatti yaade.
**18**"Innis akkana jedhe; 'wanni ani godhu kana; gootaraa[t] kiyya diigee guddaa isaa nan ijaaraadha; midhaan kiyyaafi mi'a kiyya hunda achittin kuufadha. **19**Lubbuu tiyyaanis, “Yaa lubbuu tiyya, ati waan gaarii hedduu kan waggaa baay'eef kuufame qabda; boqodhu; nyaadhu; dhugi; gammadis" nan jedha.'
**20**"Waaqayyo garuu, 'gowwaanana, edanuma lubbuu tee sirraa fudhachuu barbaadu; eegaa wanni ati walitti qabatte sun kan eenyuu ta'a?' jedheen.
**21**"Kanaaf namni ufii isaatiif badhaadhummaa kuufatee fuula Waaqayyoo duratti immoo hinduroomin kamiyyuu akkasuma ta'a."

### Hin Yaadda'inaa

*12:22-31 Kwf ⇒ Mat 6:25-33*

**22**Yesuusis barattoota isaatiin akkana jedhe; "kanaaf ani isinittin hima; waayee jireenna keessanii maal akka nyaattan yookiin waayee nafa keessanii, maal akka uffattan hin yaadda'inaa; **23**Jireenni nyaata caala; nafnis uffata caalaatii. **24**Mee arraageyyii[u] ilaalaa! isaan hin facaasan yookiin hin haaman; gootaraa yookiin gumbii[v] hin qaban; ta'ullee Waaqayyo isaan soora. Isin immoo simbirroota[w] caalaa akka malee gatii qabduu mitii! **25**Isin keessaa namni yaadda'ee bara jireenna isaa irratti sa'aatii tokkollee ida'achuu danda'u eennu? **26**Yoos isin erga waan xiqqoo akkasiillee godhachuu hin dandeenye, maaliif waan dhibiif[x] yaaddoftu ree?

[q]15 ykn *haafaya /sabdummaa;* [r]16 ykn *maasii /maasaa;* [s]16 ykn *midhaani;* [t]18 ykn *gombisaa/buhaara;*[u]24 ykn *arraanqessa;* [v]24 ykn *kodhoo/togoogoo;* [w]24 ykn *simphirree;* [x]26 ykn *biraatiif*

[27]"Daraarawwan akkamitti akka guddatan mee ilaalaa; isaan hin dhama'an[y]; hin foo'anis. Garuu ani isinittin hima; Solomooniyyuu ulfinna isaa hunda keessatti, daraarawwan kanneen keessaa akka isa tokkoottillee hin uffanne. [28]Isin yaa warra amantti[z] diqqoonana! Waaqayyo eegii marga[a] diidaa kan hardha jiraatee bori ibiddatti naqamuyyuu akkasitti uffisee, isinitti immoo hagam kana caalaa haa uffisuu ree! [29]Qalbii keessan waan nyaattaniifi waan dhuddan irra hin keeyyatinaa; waayee isaas hin yaadda'inaa. [30]Namoonni addunyaa kanaayyuu waan kana cufa jabeessanii barbaaduutii; Abbaan keessan garuu akka isin waan kana barbaaddan beeka. [31]Isin garuu mootummaa Waaqayyoo barbaadaa; wanni hafe martinuu akkasuma isiniif ni kennama.

[32]"Isin karra xiqqoonana, hin sodaatinaa; Abbaan keessan mootummaa isinii kennuu jaalateeraatii. [33]Waan qabdan gurguraatii hiyyeeyyiif kennaa; lafa hattuun hin dhaqqabnetti, bakka[b] itti biliin[c] hin balleessinetti, boorsaa hin moofofnee[d] fi qabeenya dhuma hinqamne samii irratti kuufadhaa. [34]Qalbiin keessanis lafa qabeenyi keessan jiru sana jiraataatii.

**Qophaa'anii Eeguu**

*12:35, 36 Kwf ⇒ Mat 25:1-13; Mar 13:33-37*

*12:39, 40; 42-46 Kwf ⇒ Mar 24:43-51*

[35]"Tajaajilaaf[e] hidhadhaatii qophaa'aa; ibsaa keessanis ibsadhaa; [36]Akkuma namoota yommuu Gooftaan isaanii cidha[f] fuudhaa fi heerumaatii galee balbala dhadhawutti dafanii isaa banuuf jedhanii qophaa'anii isa eeganii ta'aa. [37]Garboonni gooftaan isaanii yeroo galutti isaanii dammaqanii jiran argu sun eebbifamoodha; ani dhuguman isinitti hima; inni marxifatee akka isaan nyaataaf taa'an nigodha; dhufees isaanii tajaajila. [38]Garboonni gooftaan isaanii halkanicha keessaa kutaa lammaffaatti yookiin kutaa sadaffaatti dhufee akkasuma isaanii dammaqanii jiran isaan argu sun eebbifamoo dha. [39]Isin garuu waan kana hubadhaa; abbaan manaa otoo sa'aatii hattuun itti dhuftu beekee, akka manni isaa cabsamu hindagatu ture. [40]Isinis akkasuma qophaawuu qabdu; ilmi namaa yeroo isin hinbeennetti dhufaatii."

[41]Pheexiroosis, "Yaa Gooftaa, ati fakkeenya kana nu qofatti moo nama hundumatti himta?" jedhee gaafate.

[y]27 ykn *danfanii hindadhaban;* [z]28 ykn *dhugeeffachaa;* [a]28 ykn *buuyyoo;* [b]33 ykn *fulaa,* [c]33 *ykn dholdholeeni;* [d]33 ykn *hindulloomnee;* [e]35 ykn *hujiif;* [f]36 ykn *jila*

42 Gooftaanis deebisee akkana jedhe; "egaa hujii adeemsisaan amanamaa fi beekaan kan gooftaan isaa akka inni yeroodhaan nyaata isaanii kennuuf jedhee tajaajiltoota isaa irratti isa shuumu eennu? 43 Garbichi Gooftaan isaa yommuu deebi'utti otoo inni akkasuma hojjatuu isa argu sun eebbifamaa dha. 44 Ani dhuguman isinitti hima; inni qabeenya isaa mara irratti isa shuuma. 45 Garuu yoo garbichi sun yaada isaatti, 'gooftaan kiyya dafee hindhufu' jedhee garboota dhiiraa fi dubartootaa[g] tumuu jalqabe, yoo nyaatee dhugees machaa'uu jalqabe, 46 Gooftaan garbicha sanaa guyyaa inni hin eegnee fi sa'aatii inni hin beennetti dhufa; garbicha sanas niciccira; warra hin amanne keessattis isa qooda.

47 "Garbichi otoo fedhii Gooftaa isaa beekuu hinqophoofne yookiin waan gooftaan isaa barbaadu hin hojjanne sun akka malee tumama. 48 Nama otoo hin beekin waan isa adabamsiisu hojjate, garuu adaba salphaattu isa irra ga'a. Nama wanni baay'een itti kenname hunda irraa waan baay'eettu eegama; nama imaanaa[h] guddaan itti kenname irraa immoo kan caalutti barbaadama.

### Gargari -ba'iisa malee Nagayaamiti

*12:51-53 Kwf ⇒ Mat 10:34-36*

49 "Ani ibidda lafa irra buusuuf dhufe; otoo inni ammumayyuu qabatee ani akkam hawwa! 50 Garuu Cuuphaa ani cuuphamu tokkottu jira; hanga inni raawwatamutti[i] ani akka malee dhiphadha! 51 Isin waan ani lafa irratti nagaya buusuuf dhufe seetanii? akkasii miti; ani isinittin hima; ani gargari bayiinsa fiduuf malee nagaya buusuuf hindhufne. 52 Ammaan achi maatiin nama shan qabu tokko gargari qoodama; namni sadii nama lamatti ka'a; namni lama immoo nama sadiitti ka'a. 53 Abbaan ilmatti, ilmi abbaatti haatii intalatti, intalli haadhatti, amaatiin[j] niitii ilmaatti, niitiin ilmaa immoo amaatiitti ka'uudhaan gargari ba'u."

### Bara Ilaalanii Waa Himuu

54 Yesuusis tuuta sanaan akkana jedhe; "Isin yommuu duumessa karaa lixa biiftuu duumessaawu[k] argitanitti yeruma sana, 'bokkaan nirooba' jettu; innis nirooba. 55 Yommuu bubbeen kibbaa[l] bubbisutti immoo, 'ni oow'a jettu; innis ni oow'a. 56 Fakkeessitootanana! isin hiikkaa bifa lafaatiifi samii himuu ni dandeettu; garuu maaliif hiikkaa bara kanaa himuu dadhabdani? 57 "Isin maaliif ofuma keessanii waan qajeelaa hin murteessine? 58 Ati yommuu nama si

[g]45 ykn *nadheenii;* [h]48 ykn *yaboo/ adaraa /immaankii;* [i]50 ykn *dhumutti;* [j]53 ykn *haatii soddaa /soddaatiin;* [k]54 ykn *galmaa'u*

himatu tokko waliin mana murtii dhaxxutti dubbii kee karuma irratti isa waliin fixachuu yaali; yoo kanaa achii inni abbaa murtiitti sii geessa; abbaan murtiis dabarsee foolisiitti si kenna; Foolisiin immoo mana hidhaa keessa si buusa. 59 Ani sittin hima; hanga saantima dhumaa ofirraa baaftutti achii hin baatu."

### Cubbuu Irraa Deebi'uu Yookiin Baduu

**13** Yeroo sana namoonni waayee warra Galiilaa kanneen Philaaxoos dhiiga isaanii aarsaa[m] isaaniitti make sanaa Yesuusitti himan tokko tokko achi turan. 2 Yesuusis deebisee akkana jedheen; "sababiin namoonni Galiilaa kunniin akkasi dhiphataniif waan isaan saba Galiilaa kaan[n] cufa irra cubbamtoota turaniif seetuu? 3 Ani isinittin hima; akkasii miti; garuu isinis cubbuu irraa deebi'uu baannaan hundi keessan akkasuma baddu. 4 Yookaan namoonni kudhanii saddeettan fooqiin[o] Saliihomi isaan irratti jigee isaan fixe sun warra Yerusaalem keessa jiraatan kaan mara irra waan yakka hojjatan seetuu? 5 Ani isinittin hima; akkasii miti. Garuu isinis cubbuu irraa deebi'uu baannaan, cufti keessan akkasuma baddu."

6 Innis akkana jedhee fakkeenya kana dubbate; "namichi tokko muka harbuu[p] kan oobruu[q] wayinii isaa keessa dhaabame tokko qaba ture; innis muka sana irra firii[r] barbaachuu dhaqee waan tokkollee dhabe. 7 Innis hojjataa oobruu wayinichaatiin, 'ani waggaa sadan dabran kana muka harbuu kana irra firii barbaadachuuf jedhee marmaaraan[s] ture; garuu waan tokkollee irraa hin arganne; muriitii gatii! inni maaliif lafa balleessa?' jedhe.

8 "Namichi sunis deebisee akkana jedheen; 'Yaa Gooftaa, anuu naannoo isaa qotee xaa'oo[t] itti naqaatii mee wagguma tokko haa turuu. 9 Yoo inni Waggaa dhufu firii naqate, gaarii dha! Yoo kanaa achii murtee gatuu dandeettaa.' "

### Dubartiin duddi ishii Gooba'e Tokko Fayyifamuu Ishii

10 Yesuus guyyaa sanbataa tokko manneen sagadaa keessaa isa tokkotti barsiisaa ture. 11 Niitiin hafuurri hamaan waggaa kudhanii saddeeti dudda ishii goobesse[u] tokkos achi turte; ishiinis waan gad goddeef matumaa[v] oljechuu hindandeessu turte. 12 Yesuusis yommuu ishii argetti ufitti ishii waamee, "dubartiinana, ati

[l] *55 ykn bitaa;* [m] 1 ykn *sooriyoo;* [n] 2 ykn *kaawwan;* [o] 4 ykn *manni oldheeraani;* [p] 6 ykn *odaa;* [q] 6 ykn *maasii /maasaa* [r] 6 ykn *midhaani mukaa /sanyii,* [s] 7 ykn *itti dedeebi'aa;* [t] 8 ykn *kosii /dikee;* [u] 11 ykn *niitiin;* [v] 11 ykn *akkanallee jettee*

dhukkuba kee irraa fayyiteerta" jedheen, 13Innis harka isaa ishii irra kaa'e; ishiinis yeruma sana ol- jettee Waaqa galateeffatte.

14Bulchaan mana sagadaas sababii Yesuus guyyaa sanbataatiin nama fayyiseef aaree namootaan, "guyyaan hujii ja'attu jira; guyyoota sana koottaatii fayyifamaa malee guyyaa sanbataa hindhufinaa" jedhe.

15Gooftaan immoo akkana jedhee deebiseef; "fakkeessitootanana[w]! Isin keessaa namni guyyaa sanbataa qotiyyoo isaa yookiin harree isaa moonaa keessaa hiikee bisaan obaasuu hingeessine jiraa?
16Yoos dubartiin tun intalli Abraahami tan Sheexanni waggaa kudhanii saddeeti guutuu hidhee ture tun guyyaa Sanbataatiin hidhaa kana irraa hiikamuun isiif hin maluu?"

17Yommuu inni waan kana dubbatetti mormitoonni isaa hundi ni qaana'an[x]; namoonni garuu hujjiiwwan baasaa kanneen inni hojjachaa ture hundatti ni gammadan.

**Fakkeenya Sanyii Sanaaficaatiifi Fakkeenya Raacitii**

*13:18, 19 Kwf ⇒ Mar 4:30-32*
*13:18-21 Kwf ⇒ Mat 13:31-33*

18Yesuusis akkana jedhee gaafate;" mootummaan Waaqayyoo maal fakkaata? anis maaliin wal isa qixeessa? 19Mootummaan Waaqayyoo, sanyii sanaaficaa[y] kan namni tokko fuudhee oobruu[z] isaa keessatti facaase fakkaata; Sanyiin sunis guddatee muka ta'e; simbirroonni[a] samiis damee isaa irratti mana ijaarratan."

20Ammas akkana jedhee gaafate; "ani mootummaa Waaqayyoo maaliin wal qixeessa? 21Mootummaan Waaqayyoo Raacitii[b] dubartiin tokko fuutee daakuu guddaatti naxxee hanga hundi isaa bukaawutti walitti makte fakkaata."

**Balbala Dhiphaa**

22Yesuusis Otoo gara Yerusaalemi deemuu namoota barsiisaa magaalotaa[c] fi gandoota keessa dabraa ture. 23Namichi tokkos, "Yaa Goofataa warri fayyifaman namoota muraasa[d] qofaa?" Jedhee isa gaafate.

Innis akkana isaaniin jedhe;
24"Balbala dhiphaadhaan ol seenuu yaalaa; ani isinittin hima; namoonni baay'eeni ol seenuu ni yaaluutii; garuu hin danda'an.
25Abbaan mana sanaa takkaa ka'ee balbalicha cufannaan isin ala dhaabatanii balbala rurrukutaa[e], 'Yaa gooftaa balbala nuu bani ' jettanii kadhattu.

Inni garuu deebisee, ' ani isin hin beeku yookaan eessaa akka

[w]15 ykn *goophesse/gad gosse;* [x]17 ykn *nimullan;* [y]19 ykn *Dambii;* [z]19 ykn *maasii /maasaa;* [a]19 ykn *simphirreen,* [b]21 ykn *bukoo;* [c]22 ykn *diraa;* [d]23 ykn *takkee;* [e]25 ykn *dhadha'aa*

dhuftan hin beeku' isiniin jedha.

26"Isin immoo, 'nu si waliin nyaannee dhugneerra; atis daandii keenna irratti barsiifteerta' jettuun.

27"Inni garuu deebisee, 'ani isin hin beeku yookaan eessaa akka dhuftan hin beeku; isin warri hammeenna hojjattan cuftinuu narraa fagaadhaa!' jedha.

28"Yommuu Abrahaami, Yisaaqi, Yaaqobiifi raajota[f] hunda mootummaa Waaqayyoo keessatti argitanii, ofii keessanii immoo gadi darbatamtan achitti boo'ichaafi ilkaan qaruuttu ta'a. 29Namoonnis ba'aafi lixa biiftuutii, kaabaafi kibbaa[g] dhufanii mootummaa Waaqayyoo keessatti maaddiitti[h] ni dhiyaatu. 30Dhugumattuu warra nama mara booddee[i] ta'an keessaa kanneen warra duraa ta'an jiru; namoota warra duraa ta'an keessaa immoo kanneen warra mara booddee ta'an jiru."

### Yesuus Yerusaalemiif Gadduu Isaa

*13 : 34 ,35 Kwf ⇒ Mat 23 : 37 -39*
*13 : 34, 35 Wbq ⇒ Luq 19 : 41*

31Yeroo sana Fariisota keessaa namoonni tokko tokko gara Yesuusi dhufanii, "Sababii Heroodis si ajjeesuu barbaaduuf asii deemii bakka biraa[j] dhaqi" jedhaniin.

32Innis akkana jedhee deebise; "dhaqaatii sardiidaa[k] sanaan' kunoo, ani hardhaa fi bori jinniiwwan nanbaasa; namoota dhukkubsatanis[l] nanfayyisa; guyyaa sadaffaatti immoo hujii kiyya nanfixadha' jedhaa. 33Waan fedheyyuu taanaan, ani hardhaa fi bori, iftaanis adeemsa kiyya itti fufuuttu naa mala; raagni Yerusaalemiin alatti du'uu hinqabuutii!

34"Yaa Yerusaalemi, yaa Yerusaalem; ati kan raagota ajjeeftu, warra sitti ergamanis kan dhagaan tumtu[m], akkuma lukkuun[n] cuucii[o] ishii koola ishii jalatti walitti qabattu, ani yeroo baay'ee ijoollee kee walitti qabuu akkam hawwee ture; ati garuu hin barbaanne. 35Kunoo, mannii keessan onaayee hafa; ani isinittin hima; hanga yeroon isin itti, 'inni maqaa Gooftaatiin dhufu eebbifamaa dha' jettan ga'utti na hin argitan."

### Yesuus Mana Fariisicha Tokkootti

**14** Guyyaa Sanbataa tokko yommuu Yesuus buddeena nyaachuuf mana fariisicha beekamaa tokkoo dhaqetti, namoonni xiyyeeffatanii[p] isa ilaalaa turan.

[f]28 ykn *raagota;* [g]29 ykn *mirgaafi bitaa;* [h]29 ykn *gololatti;* [i]30 ykn *eege'e;* [j]31 ykn *fulaa dhibii;* [k]32 ykn *geedala/jeedala* [l]32 ykn worra *fayyaa hinqabnellee;* [m]34 ykn *dhaantu,* [n]34 ykn *indaanqooni/ handaaqqooni;* [o]34 ykn *ilmoolee;* [p]1 ykn *ila itti qabanii*

2Namichi nafni isaa iita'e tokkos
fuula isaa dura ture. 3Yesuusis,
"guyyaa Sanbataatiin nama fayy-
isuun ni eeyyamama moo hin
eeyyamamu?" jedhee Fariisotaa
fi hayyoota seeraa gaafate. 4Isaan
garuu nicaldhisan; Innis namicha
harkaan qabatee fayyisee gadi
isa lakkise.
5Innis, "Isin keessaa namni yoo
ilmi isaa yookaan qotiyyoon isaa
guyyaa Sanbataatiin boolla
keessa bu'e, guyyuma sana boolla
keessaa hin baafanne eenyu?"
jedhee gaafate. 6Isaan garuu dee-
bii kennuu hin dandeenye.
7Innis yommuu akka keessu-
moonni sun bakka[q] ulfinnaa fila-
tan hubatetti akkana jedhee fak-
keenna kana isaanitti hime; 8"Yoo
namni tokko cidha[r] fuudhaa fi
heerumaatti si waame, bakka
ulfinnaa hin taa'in; tarii[s] namni
si caalaa ulfinna qabu tokko
waamameera ta'aatii. 9Namichi
isin lamaanuu waame sun
dhufee, 'namicha kanaaf ka'i' siin
jedha; atis qaanoftee[t] dhaxxee
lafa bakka hundumaa gadi
ta'e teetta. 10Ati garuu yommuu
waamamtu akka namichi si waame
sun yeroo dhufutti, 'yaa jaala[u]
kiyya bakka ol aanutti hiiqi[v]' siin
jedhuuf dhaqii lafa bakka hundu-
maa gadi ta'e taa'i; yoos fuula
warra si wajjiin maaddiitti[w] dhi-
yaatan hundumaa duratti ulfinna
argattaatii. 11Namni ol uf qabu
martinuu gadi qabamaatii; namni
gadi uf qabu martinuu immoo ol
qabama."
12Yesuusis namicha isa waame
sanaan akkana jedhe; "ati yom-
muu laaqana[x] yookiin irbaata[y]
qopheessitu michoota kee yookiin
obboleeyyan kee, yookiin firoota
kee, yookiin olloota kee warra
dureeyyii hin waamin; yoo akkas
goote isaanis deebisanii si waamu
gatiin kees sii deebifama. 13Ga-
ruu yommuu nyaachisa qophees-
situ hiyyeeyyii, naafa, okkolaa fi
jaamaa waami. 14Sababii isaan
waan sii deebisan hinqamneef ati
ni eebbifamta; gatiin kee guyyaa
du'aa ka'iisa qajeeltotaatti sii
deebifamaatii.

### Fakkeenna Nyaachisa Guddaa

*14:16-24 Wbq ⇒ Mat 22:2-14*

15Warra isa waliin maaddiitti
dhiyaatan keessaa namichi tokko
yommuu waan kana dhaga'etti
Yesuusiin, "namni mootummaa
Waaqayyoo keessatti maaddiitti
dhiyaatu eebbifamaadha" jedhe.
16Yesuus ammoo deebisee ak-
kana jedheen, "namichi tokko
nyaachisa guddaa qopheessee
keessumoota hedduu waame.
17Namichi sunis sa'aatii nyaataatti
akka garbichi isaa 'kunoo, wanni

[q]7 ykn *fulaa;* [r]8 ykn *jila;* [s]8 ykn *gaafiin;* [t]9 ykn *mullite;* [u]10 ykn *michuu/hiriyyaa;* [v]10 ykn *siiqi;* [w]10 *ykn gololatti* [x]12 ykn *golola guyyaa /dhiyana;* [y]12 ykn *golola galgalaa/ dhiyana*

cuftinuu qopheeffameeraatii
koottaa' jedhee worra waamaman
sanatti himuuf isa erge.
18"Garuu hundi isaanii tokko
tokkoon sababa[z] dhiyeeffachuu
jalqaban; inni jalqabaa, 'ani lafa
bitadheera; kanaaf dhaqeen ilaa-
luu qabaatii maaloo na hin ko-
matin[a]' jedheen.
19"Inni tokkos, 'ani qotiyyoo
cimdii[b] shan bitadheera; isaan
leenjisuuf deemuuttin jiraatii, maa-
loo na hinkomatin' jedheen.
20"Inni kaan immoo, 'ani dhi-
yoo niitii[c] fuudhe; kanaaf dhufuu
hin danda'u ' jedhen.
21"Garbichi sunis deebi'ee waan
kana gooftaa isaatti hime; abbaan
mana sanaas aaree, 'dafii karaa
guddaa fi daandii qaldhaa ma-
gaalattiitti[d] achi bayiitii hiyyeey-
yii, naafa, jaamaa fi okkolaa fidii
olseensis' jedhee garbicha isaa
ajaje.
22"Garbichi sunis, 'Yaa gooftaa,
wonni ati ajajje marti raawwa-
tameera[e]; garuu ammallee bakki
jira' jedheen.
23"Gooftichis garbicha isaatiin
akkana jedhe; 'akka manni kiyya
guutamuuf karaa guddaafi daandii
baadiyaatti achi ba'iitii akka isaan
dhufanii ol seenan namoota
dirqisiisi[f]. 24Ani isinittin hima;
namoota waamaman sana kees-
saa namni tokkolleen maaddii
kiyya irraa hindhandhamatu.' "

## Gatii Barataa Yesuusi Ta'uun Nama Baasisu

25Namoonni baay'een Yesuus
waliin deemaa turan; innis gar-
galee akkana isaaniin jedhen;
26"Namni gara kiyya dhufu
kamiyyuu yoo abbaa isaatii fi
haadha isaa, niitii isaatii fi ijool-
lee isaa, obboleeyyan isaatii fi
obboleettan isaa akkasumas lub-
buu isaallee hin jibbine inni
barataa kiyya ta'uu hin danda'u.
27Namni fannoo isaa baadhatee
na hin hordofne kamiyyuu barataa
kiyya ta'uu hin danda'u.
28"Mee isin keessaa namni tokko
fooqii[g] ijaarrachuu barbaada haa
jennuu; namichi sun fooqii sana
ijaaree fixuuf horii ga'aa qabaachuufi
qabaachuu baachuu isaa beekuuf
duraan dursee taa'ee gatii isaa
hin herregatuu? 29Yoo kanaa achii
yommuu inni hundee[h] kaayee
fixuu dadhabutti, namoonni argan
cufti itti qoosu. 30Isaanis; 'namichi
kun ijaaruu jalqabee fixuu dad-
habe' jedhu.
31"Yookaan mee mootiin tokko
mootii biraa[i] loluu dhaqa haa
jennuu; inni mootii loltoota kuma
diddamaan isatti dhufu tokko
loltoota kuma kudhaniin uf irraa

[z]18 ykn *fittee;* [a]18 ykn *himmillatin;* [b]19 ykn *morma/xindii;* [c]20 ykn *intala;* [d]21 ykn *diraatti;* [e]22 ykn *yaaguutamte;* [f]23 ykn *giddeessi/giddisiisi;* [g]28 ykn *mana ol-dheeraa;* [h]29 ykn *yayyaba/ bu'uura;* [i]31 ykn *dhibii/ibaa*

loluu danda'uufi danda'uu baachuu
isaa duraan dursee ta'ee itti hin
yaaduu? 32Yoo hindandeenne
immoo otoo mootichi kaan isa
irraa fagoo jiruu bakka-bu'oota[j]
itti ergee akka nageenni bu'u
kadhata. 33Akkanumas isin kees-
saa namni waan qabu hunda hin
dhiifne kamiyyuu barataa kiyya
ta'uu hin danda'u.
34"Soogiddi[k] gaarii dha; inni
garuu yoo miyaa isaa dhabe
maaliin deebi'ee miyeeffamuu
danda'a? 35Inni biyyeef, tuullaa
kosiitiifis faayidaa hin qabu;
gadi baafamee alatti gatama.
"Namni gurra dhagawu qabu,
haa dhagawuu."

### Fakkeenna Hoolaa Badee

*15 : 4 - 7 Kwf ⇒ Mat 18: 12 - 14*

**15** Gaaf tokko warri qaraxa
guuranii fi "cubbamtoonni"
cufti Yesuusin dhageeffachuuf[m]
isa biratti walitti qabamaa turan.
2Fariisonnii fi barsiistonni seeraa
garuu, " namichi kun cubbam-
toota simata; isaani wajjiinis ni
nyaata" jedhanii gunguman.
3Yesuusis akkana jedhee fak-
keenna kana isaanitti hime; 4"Isin
keessaa namni hoolota[n] dhibba
qabu tokko yoo hoolaan tokko
jalaa bade hoolota sagal tamii
saglan kaan[o] lafa tikaatti dhiisee
hanga hoolaa bade sana argat-
tutti kan barbaaduu hin deemne
eenyu? 5Yommuu argatus gam-
madee gurmuu isaa irratti baatee,
6Mana isaatti gala. Innis mi-
choota[p] isaatiifi olloota isaa
walitti waamee 'ani hoolaa kiyya
kan bade sana argadheeraattii
na waliin gammadaa' jedha. 7Ani
isinitti hima; sababii qajeeltota
cubbuu irraa deebi'uuni isaan
hin barbaachimne sagaltamii
sagalii irra sababii cubbamaa
cubbuu irraa deebi'u tokkootiif
samii irratti gammachuun gud-
daan akkasuma ni ta'a.

### Fakkeenna Beessaa Badee

8"Yookiin mee dubartii[q] bees-
saa meetii kudhan qabdu jalaa
beessaan tokko badeera haa jen-
nuu; isiin ibsaa qabsiifattee, ma-
nas hartee hanga beessaa sana
argatutti jabeessitee hin barbaadat-
tuu? 9Isiinis yommuu argatutti
jaallan isiitifi olloota isii walitti
waamtee ani beessaa kiyya kan
bade sana argadheeraatii na
waliin gammadaa' jetti. 10Ani
isinitti hima; sababii cubbamaa
cubbuu irraa deebi'u tokkootiif
maleekkonni Waaqaa akkasuma
ni gammadu."

### Fakkeenna Ilma Badee

11Yesuus ittuma fufee akkana
jedhe; "namicha ilmaan lama
qabu tokkottu ture; 12Ilmi maan-
dhichi[r] abbaa isaatiin 'yaa abbaa

[j]32 ykn *jaarrolee haraaraa,* [k]34 ykn *sooqiddi/ sooddii;* [m]1 ykn *caqasuuf;* [n]4 ykn *ooliyyee;* [o]4 ykn *kaawwan* [p]6 ykn *jaallan/hiriyyoota;* [q]8 ykn *niitii;* [r]12 ykn *quxisuuni*

kiyya, qabeenya kee irraa qooda na ga'u naa kenni' jedhe. Abbaanis qabeenya isaa isaan lamaaniif hire.

13"Ilmi maandhichi sunis otoo hinturin waan qabu hunda walitti qabatee biyya fagoo dhaqe; achittis qabeenya isaa jireenya algalummaa[s] irratti balleesse. 14 Erga inni waan cufa fixee booddee[t] beelli hamaan biyya sanatti dhufe; innis rakkachuu jalqabe. 15kanaaf dhaqee lammiiwwan[u] biyyasii keessaa isa tokkotti gale; namichi sunis akka inni booyyee tissuuf lafa tikaatti isa erge. 16Gurbichis qola booyyeen nyaattu sana nyaatee garaa guutachuu[v] kajeela ture; garuu namni tokkolleen waa isatti hin kennu ture.

17"Innis yommuu uf beeketti akkana jedhe; 'tajaajiltoonni[w] mana abbaa kiyyaatti qaxaraman[x] hagamittu buddeena ga'ee irraa hafu qaba! ani garuu asittin beelaan du'a. 18Ani ka'e abbaa kiyyatti deebi'ee akkana jedhaan;" yaa abbaa kiyya, ani samiifi sitti cubbuu hojjadheera; 19Ammaan achi ilma kee jedhamuun naa hin malu; tajaajiltoota kee keessaa akka isa tokkootti na ilaali.' " 20Innis ka'ee gara abbaa isaa dhaqe.

"Garuu otoo inni fagoo jiruu abbaan isaa isa argee akka malee garaa laafeefi; gara ilma isaattis fiigee itti maramee dhuungate.

21"Gurbichis, 'yaa abbaa kiyya ani samiifi sitti cubbuu hojjadheera; ammaan achi ilma kee jedhamuun naa hin malu' jedheen.

22"Abbaan isaa garuu garboota isaatiin akkana jedhe; 'dafaatii uffata uffata mara caalu fidaa isatti uffisaa; quba isaatti qubee[y], miila isaattis kophee kaa'aa[z]. 23Jibicha gabbataa fidaatii qalaa; haa nyaannuu; haa gammannus. 24Ilmi kiyya kun du'ee tureetii; amma ammoo jireenyatti deebi'eeraa. badees ture; amma immoo argameera.' Isaanis gammaduu jalqaban.

25"Yeroo sanatti ilmi inni hangafti oobruu keessa ture; innis yeroo dhufee manatti dhiyaatetti muuziqaa fi sirba dhagahe. 26Kanaaf tajaajiltoota keessaa nama tokko waamee waan ta'aa jiru gaafate. 27Tajaajilaan sunis deebisee, 'obboleessi kee galeera; abbaan kees waan ilma isaa nagayaa fi fayyaan argateef jibicha gabbataa qale' jedheen.

28"Obbolleessi hangafni garuu aaree ol seenuu dide; Kanaaf abbaan isaa gadi bahee isa kadhate. 29Inni immoo deebisee abbaa isaatiin akkana jedhe; 'ilaa ani waggoota kanniin cufa akkuma garbaatti sii hojjachaan ture;

[s]13 ykn *gad dhiisii/hamaa;* [t]14 ykn *duubatti;* [u]15 ykn *jiraattota;* [v]16 ykn *quufuu;* [w]17 ykn *hojjattoonni;* [x]17 ykn *hujii galan;* [y]22 ykn *amartii/qubeelaa;* [z]22 ykn *godhaa*

ajaja keellee didee hin beeku. Ati garuu akka ani jaallan kiyya waliin gammaduuf takkumaa ilmoo re'ee tokkollee naa hin kennine.
[30]Garuu ilmi kee inni sagaagaltoota[a] waliin qabeenna kee balleesse kun deebi'ee manatti gallaan jibicha gabbataa qalteef!'

[31]"Abbaan isaas akkana jedheen; 'yaa ilma kiyya ati yeroo mara anuma wajjiin jirta; wanni ani qabu martinuus keetuma.
[32]Garuu obboleessi kee inni du'ee ture kun waan jireennatti deebi'eef nu gammaduu fi ililchuu qabna. Inni badee ture; amma immoo argameera.' "

### Fakkeenna Hujii Adeemsisaa Abshaala Tokkoo

**16** Yesuus barattoota isaatiin akkana jedhe; "namicha dureessa nama hujii isaa adeemsisuuf qabu tokkottu ture; akka hujii adeemsisaan sun qabeenya isaa jalaa balleessaa jirus dureessa sanatti himan.
[2]Dureessi sunis hujii adeemsisaa sana ufitti waamee, 'Wanni ani waayee kee dhagawu kun maalii? ati ammaan achi waan hujii adeemsisaa ta'uu hin dandeenneef, hujii adeemsisaa turte sana irratti gabaasa[b] naa dhiyeessi' jedheen.

[3]"Hujii adeemsisaan sunis garaa isaa keessatti akkana jedhe; 'waan gooftaan kiyya hujii keessaa na baasuuf, maal naa wayya? lafa qotuuf humna hin qabu; kadhachuu immoo nanqaana'a.
[4]Akka yeroo ani hujii keessaa ariyamutti namoonni mana isaaniitti na simataniif waanani godhu anuu beeka.'

[5]"Innis warra idaan[c] gooftaa isaa irra jiru tokko tokkoon waamee, isa jalqabaatiin, 'idaan gooftaa kiyyaa hagamittu sirra jira?' jedhee gaafate.

[6]"Namichis, 'dhadhaa ejersaa hubboo[d] dhibba saddeeti' jedhee deebise.

"Hujii adeemsisaan sunis, 'waraqaa walii galtee kee hoo'u[e]; dafii taa'iitii dhibba afur jedhii barreessi' jedheen.

[7]"Isa lammaffaadhaanis, 'sirra immoo hagamittu jira?' jedhee gaafate.

"Innis, 'qamadii[f] guuboo[g] kuma tokkoo' jedheen.

"Hujii adeemsisaan sunis, 'waraqaa walii galtee kee hoo'uutii, dhibba saddeeti jedhii barreessi' jedheen.

[8]"Hujii adeemsisaan hin amanamne sun waan abshaala[h] ta'eef gooftichi isa jaje; namoonni addunyaa kanaa warra akka isaanii waliin haajaa isaanii guutachuu irratti namoota ifaa caalaa abshaalotaatii.
[9]Ani isinitti hima;

[a]30 ykn *sharmuuxota/ejjitoota;* [b]2 ykn *too'annoo;* [c]5 *ykn liqaani /gaatiin;* [d]6 ykn *okkotee /ottee;* [e]6 ykn *hoodhi;* [f]7 ykn *dargaayyee;* [g]7 ykn *kintaala/qalqalloo;* [h]8 ykn *malticha/gamna*

akka isaan yeroo qabeenyi sun dhumutti mana barabaraatti isin simataniif qabeenya addunyaatiin ofii keessaniif jaallan[i] horadhaa.

**10**"Namni waan diqqootti amanamu kamiyyuu waan baayeettis ni amanama; namni waan diqqootti hin amanamne kamiyyuu immoo waan baayeettis hin amanamu. **11**Yoos isin yoo qabeenna addunyaatti hinamanamne, qabeenna dhugaatti immoo eennutti isin amana ree? **12**Yoo isin qabeenna nama biraa[j] irratti hin amanamne; qabeenna mataa keessanii immoo eennuttu isinii kenna ree?

**13**"Garbichi gooftota lama tajaajiluu[k] danda'u hin jiru; isa tokko ni jibba; kaan immoo ni jaalataatii; yookaan isa tokkotti ni dhiyaata; kaan immoo ni tuffata. Isinis Waaqaa fi maallaqa[l] tajaajiluu hin dandeettan."

**14**Fariisonni warri maallaqa jaalatan waan kana hunda dhagayanii Yesuusitti qoosan. **15**Innis akkana isaaniin jedhe; "isin warra fuula namootaa duratti qajeeltota of gootanii dha; Waaqayyo garuu garaa[m] keessan beeka. Wanni nama biratti akka malee kabajamu[n] fuula Waaqayyoo duratti jibbisiisaadhaatii.

### Barsiisa Ida'ame

**16**Seerrii fi raajonni[o] hanga Yohaannisiitti turan; yeroo sanaa jalqabee wangeelli mootummaa Waaqayyoo lallabamaa jira; namni cuftinuus itti galuuf wal -cabsa fiiga. **17**Garuu seera keessaa tuqaan tokkolleen gatamuu irra samii fi lafti dabruutu salphata[p].

**18**"Namni niitii isaa gad dhiisee dubartii[q] biraa fuudhu martinuu nisagaagala[r]; namni dubartii dhiirsa isii jalaa baate fuudhus ni sagaagala.

### Namicha Dureessaa Fi Alaazaar

**19**"Namicha dureessa uffata diimaa akka dhiigaa[s] haphii kan quncee talbaa irraa hojjatame uffatee, guyyuma guyyaan qananiin[t] jiraatu tokkottu ture. **20**Karra isaa dura immoo namichi hiyyeessi Alaazaar jedhamu kan nafni isaa hundi mammadaa'e tokko ciisaa ture. **21**Innis hambaa maaddii[u] dureessa sanaa irraa harca'ullee nyaachuu ni kajeela ture; saroonnilleen[v] dhufanii madaa isaa arraabu turan.

**22**"Gaafa tokko namichi hiyyeessi sun duunaan maleekkonni Waaqayyoo isa baatanii gara hammuu[w] Abrahaamiitti isa geessan; dureessichis du'ee awwaalame. **23**Otoo Si'ool keessatti

[i]9 ykn *michoota/hiriyyoota;* [j]12 ykn *dhibii;* [k]13 ykn *jala hojjachuu;* [l]13 ykn *beessee;* [m]15 ykn *yaada;* [n]15 ykn *ulfeeffamu;* [o]16 ykn *raagonni;* [p]17 ykn *laafa / kasata;* [q]18 ykn *niitii;* [r]18 ykn *in hawadata/niejja;* [s]19 ykn *dhiilgee;* [t]19 ykn *machiini;* [u]21 ykn *golola;*[v]21 ykn *sareeleeni;* [w]*22 ykn qoma*

cinqamaa jiruus ol mildhatee Abrahaamin fagootti, Alaazaarin immoo hammuu Abrahaami keessatti arge. 24Innis iyyee 'Yaa Abbaa kiyya Abrahaam, waan ani ibidda kana keessatti cinqamaa jiruuf maaloo garaa naa laafiitii akka inni fiixee quba isaa bishaan keessa cuuphee arraba kiyya naa qabbaneessuuf Alaazaarin naa ergi' jedheen.

25"Abrahaam garuu akkana jedhee deebise; Yaa Ilma kiyya, ati bara jireenya keetiitti waan gaarii akka argatte, Alaazaar immoo waan hamaa akka argate yaadadhu[x]; amma garuu asitti isatti toleera; ati immoo cinqamaa jirta. 26Waan kana cufa irrattis, akka warri nu biraa gara keessan dhufuu barbaadan dhufuu hin dandeenyeef yookiin akka warri isin biraa gara keenyatti ce'uu[y] hin dandeenyeef nuu fi isin jidduu boolla[z] guddaattu jira."

27"Dureessi sunis akkana jedhee deebise; 'yoos yaa Abbaa, akka ati gara mana abbaa kiyyaatti Alaazaarin naa ergitu sinkadhadha; 28Ani obboleeyyan shan qabaatii; akka isaanis bakka[a] cinqamaa kana hindhufneef inni dhaqee isaan haa akeekkachiisuu[b].'

29"Abrahaam garuu, 'isaan Muusee fi raagota qabu; isaanuma haa dhagayani' jedhe.

30"Dureessichis, 'akkasii miti; Yaa Abbaa kiyya Abrahaam; yoo warra du'an keessaa namni tokko gara isaanii dhaqe garuu, isaan cubbuu irraa nideebi'u.' jedheen.

31"Abrahaamis, 'isaan yoo Muusee fi raagota hindhageenne, yoo namni tokko warra du'an keessaa ka'ellee hin amanan[c] 'jedheen."

### Cubbuu, Amantii, Dirqama

**17** Yesuus barattoota isaatiin akkana jedhe; "Wanni akka namoonni cubbuu hojjatan godhu tokko dhufuun hin oolu; garuu nama waan sana fiduuf wayyoo! 2Inni warra xixiqqaa kanneen keessaa tokkollee gufachiisuu mannaa[d] otoo dhagaan daakuu morma isaatti hidhamee galaanatti darbatamee, isaa wayya ture. 3Kanaaf uf eegadhaa.

"Yoo obboleessi kee yakka hojjate loliin**;** yoo inni cubbuu irraa deebi'e, immoo dhiifama godhiif[e]. 4Yoo inni guyyaa tokkotti yeroo torbaa cubbuu sitti hojjatee yeroo torbaanuu sitti deebi'ee, 'ani cubbuu irraa nandeebi'a' siin jedhe dhiifama godhiifi."

5Ergamtoonnis Gooftaadhaan, "amantii[f] keenya nuu guddisi" jedhan.

[x]25 ykn *qaabadhu;* [y]26 ykn *taakkuu;* [z]26 ykn *hallayyaa/bowwaa;* [a]28 ykn *fulaa;* [b]28 ykn *gorsuu;* [c]31 ykn *hindhugeeffatan;* [d]2 ykn *biraa;* [e]3 ykn *haraaramiif;* [f]5 ykn *dhugeeffachaa*

[6]Gooftaanis akkana jedhe; "isin amantii diqqoo hanga gumaa sanaaficaallee[g] yoo qabaattan, muka qilxuu kanaan; 'buqa'iitii galaana keessa dhaabami!' jechuu dandeettu; innis isinii ajajama.

[7]"Isin keessaa namni tokko garbicha lafa qotu yookaan kan hoolota[h] tissu qaba haa jennuu; inni yeroo garbichi sun alaa galutti,' dafii koottuutii taa'ii waa nyaadhu' jedhaanii? [8]Qooda kanaa inni garbicha sanaan, 'irbaata[i] naa qopheessi; hanga ani nyaadhee dhugutti marxifadhuutii na tajaajili[j]; sana booddee[k] ati ni nyaattaa; ni dhuddas' hin jedhuunii? [9]Namichis sababii garbichi sun waan ajajame sana raawwateef[l] isa ni galateeffataa? [10]Kanaaf isinis yommuu waan ajajamtan hunda raawwattanitti, 'nu garboota faayidaa hin qabnee dha; Waanuma hojjachuu qamnu qofa hojjanne ' jedhaa."

### Lamxaa'onni Kudhan Fayyuu Isaanii

[11]Yesuus otoo Yerusaalem dhaquu Samaariyaa fi Galiilaa jidduu dabraa ture. [12]Akkuma inni ganda tokko seeneenis, namoonni lamxaa'an[m] kudhan isatti dhufan. Isaanis fagoo dhadhaabatanii, [13]Sagalee[n] isaanii ol-fudhatanii, 'Yesuus Yaa Gooftaa, nuu nayi!' jedhan.

[14]Innis yommuu isaan argetti, "dhaqaatii lubootatti[o] of agarsiisaa!" jedheen; isaanis otuma deemaa jiranuu qulqullaawan.

[15]Isaan keessaas inni tokko yommuu fayyuu isaa argetti qoonqa guddaan Waaqayyoof ulfinna kennaa deebi'ee dhufe. [16]Adda isaatiinis miila Yesuusi irratti gombifamee isa galateeffate; innis nama Samaariyaa ture.

[17]Yesuusis akkana jedhee gaafate; "kurnanuu[p] qulqullaawaniiruu mitii? yoos Warri hafan saglan eessa dhaqan? [18]Nama ormaa kana malee namni Waaqaaf galata galchu tokkolleen hin argamnee?"
[19]Yesuusis,"ka'ii deemi; amantiini kee si fayyiseeraatii" jedheen.

### Dhufaatii Mootummaa Waaqayyoo

*17:26, 27 Kwf ⇒ Mat 24:37-39*

[20]Fariisonnis mootummaan Waaqayyoo yoom akka dhufu Yesuusin gaafatan; innis akkana jedhee deebiseef; "mootummaan Waaqayyoo namatti muldhachaa hin dhufu; [21]Namoonnis, 'mootummaan Waaqayyoo kunoo asi jira' yookaan 'kuunnoo achi jira' hin jedhan; mootummaan Waaqayyoo isin jidduu jiraatii."

[g]6 ykn *dambiillee;* [h]7 ykn *ooliyyee;* [i]8 ykn *golola galgalaa/dhiyanaa;* [j]8 ykn *na jala hojjadhu;* [k]8 ykn *duubatti;* [l]9 ykn *hojjateef;* [m]12 ykn *qomaaxa'an/lamxaayan* [n]13 ykn *qoonqoo /qoonqa;* [o]14 ykn *qaallolee;* [p]17 ykn *kudhannanuu*

[22]Innis barattoota isaatiin akkana jedhe; "yeroon isin itti guyyoota Ilma Namaa keessaa isa tokko arguu hawwitan ni dhufa; garuu hin argitan. [23]Namoonni, 'inni kuunnoo achi jira!' yookaan 'kunoo asi jira' isiniin jedhu; isin garuu hin dhaqinaa; isaanis hin hordofinaa. [24]Ilmi namaa guyyaa isaatti akkuma angaasuu[q] calaqqisee[r] gama tokkoo hanga gama kaaniitti samii ibsuu nita'aatii. [25]Inni garuu duraan dursee akka malee cinqamuufi dhaloota kanaan tuffatamuu qaba.

[26]"Akkuma bara Nohi ta'e sana, guyyaa Ilma Namaattis akkasuma ni ta'a. [27]Hanga gaafa Nohi doonii[s] seeneetti namoonni nyaachaa, dhugaa, fuudhaa, heerumaas turan; lolaanis dhufee cufa isaanii balleesse.

[28]"Bara Looxiis akkasuma ture; namoonni nyaachaa, dhugaa, bitachaa, gurgurachaa, biqiltuu dhaabachaa, manas ijaarrachaa turan. [29]Guyyaa Looxi Sodoomii bahetti garuu ibiddii fi dinyiin[t] samii irraa roobee hunda isaanii balleesse.

[30]"Guyyaa Ilmi Namaa muldhatuttis akkasuma ta'a. [31]Guyyaa sana namni bantii[u] mana isaa irra jiru kan manaa mi'a qabu mi'a sana fudhachuuf jedhee gadi hin bu'in; akkasuma immoo namni oobruu[v] keessa jiru manatti hin deebi'in. [32]Niitii Looxi qaabadhaa[w]! [33]Namni lubbuu isaa oolfachuu barbaadu kamiyyuu lubbuu isaa ni dhaba; namni lubbuu isaa dhabu kamiyyuu garuu lubbuu isaa ni oolfata. [34]Ani isinitti hima; halkan sana namoota lamattu siree tokko irra rafa; tokko ni fudhatama; kaan[x] immoo ni hafa. [35]Dubartoonni[y] lama bakka[z] tokkotti midhaan daaku; tokko ni fudhatamti; taan[a] immoo ni hafti. [36]Namoonni lama oobruu keessa jiru; tokko ni fudhatama; kaan immoo ni hafa."

[37]Barattoonni isaas, "Yaa Gooftaa, eessatti?" jedhanii gaafatan.

Innis, "bakka raqni[b] jirutti rummichi walitti qabama" jedhee deebiseef.

### Fakkeenna Niitii Dhiirsii irraa Du'e Tokkoo

**18** Yesuusis akka isaan yeroo mara Waaqa kadhachuu qabanii fi akka isaan abdii hin kutanne isaan barsiisuuf jedhee fakkeenna tokko barattoota isaatti hime. [2]Innis akkana jedhe; "magaalaa[c] tokko keessa abbaa murtii kan Waaqa hin sodaanne, namaas kan hinsaalfanne tokkottu ture. [3]Niitiin dhiirsii irraa du'e tokkos magaalaa sana keessa

[q]24 ykn *balaqqee;* [r]24 *ykn billixxee;* [s]27 ykn *hoboloo;* [t]29 ykn *dhillooni bobeettu;* [u]31 ykn *gubbaa;* [v]31 ykn *maasii/aasaa;* [w]32 ykn *yaadadhaa;* [x]34 ykn *kuun;* [y]35 ykn *nadheeni;* [z]35 ykn *fulaa;* [a]35 ykn *tuun;* [b]37 ykn *goblolii;* [c]2 ykn *dira*

turte; ishiinis, 'diina[d] kiyya irratti murtii qajeelaa naa kenni 'jettee isatti dedeebi'aa turte.

4"Innis yeroo gabaabaaf didee ture; eegasii garuu akkana jedhee garaa isaatti yaade; 'ani yoo Waaqa hin sodaannellee, yoo namaas hin saalfannellee,
5Sababii niitiin tun dedeebitee na rakkiftuuf murtii qajeelaa nan kennaaf; yoo kanaa achii dedeebitee na dadhabsiifti.'"

6Gooftaanis akkana jedhe; "eegaa waan abbichii murtii dabaan sun jedhu dhagayaa;
7Waaqayyo immoo filatamtoota isaa warra halkanii guyyaa gara isaatti iyyataniif murtii qajeelaa hin kennuu? isaan duraa tursaa ree?
8Ani isinittin hima; inni dafee murtii qajeelaa kennaaf; garuu Ilmi namaa gaafa dhufu lafa irratti amantii[e] ni argataa ?"

**Fakkeenya Fariisichaatii Fi Namicha Qaraxa Walitti Qabuu**

9Yesuusis namoota qajeellummaa ufiitti amananii warra kaan immoo tuffatanitti akkana jedhee fekkeenya kana hime.
10"Namoonni lama waaqa kadhachuuf gara mana qulqullummaatti ol ba'an; isaanis Fariisicha tokkoo fi nama qaraxa walitti qabu tokko turan.
11Fariisichi ka'ee dhaabatee, waayee mataa isaa akkana jedhee kadhate; 'yaa Waaqayyoo, ani akka namoota kaanii jechuunis akka saamtotaa, jallootaafi sagaagaltootaa[f] keessumattuu waan akka namicha qaraxa walitti qabu kanaa hin ta'iniif sin galateeffadha.
12Ani torbaanitti yeroo lama nan sooma[g]; waan argadhu hundumaa irraas harka kudhan keessaa tokko nan kenna.'

13"Namichi qaraxa walitti qabu sun garuu fagoo dhaabate, qoma isaa dhadha'aa 'yaa Waaqayyo, ani nama cubbamaadhaatii naa nayi!' jedhe malee ija[h] isaatiinillee ol-jedhee gara samii hin ilaalle.

14"Ani isinittin hima; namichi kun namicha duraa irra fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa ta'ee mana isaatti gale. Namni ol-uf qabu martinuu gadi qabamaatii; namni gadi uf-qabu immoo olqabama."

**Yesuusii Fi Ijoollee Didiqqoo**

*18 : 15 - 17 Kwf ⇒ Mat 19 : 13 - 15; Mar 10 : 13 - 16*

15Namoonnis Akka inni harka isaa isaan irra kaa'uuf daa'immanillee Yesuusitti fidaa turan; barattoonni garuu yommuu waan kana arganitti isaanitti dheekkaman.
16Yesuus garuu ijoollee sana ofitti waamee akkana jedhe; "ijoolleen didiqqooni gara kiyya

[d]3 ykn *nyaapha;* [e]8 ykn *dhugeeffachaa;* [f]11 *ykn hawadattootaa;* [g]12 *ykn agaba;* [h]13 ykn *ila*

haa dhufaniitii hin dhowwinaa; mootummaan Waaqayyoo kan warra akkanaatii. 17Ani dhuguman isinitti hima; namni akkuma ijoollee didiqqootti mootummaa Waaqqayyoo hin fudhanne kamiyyuu matumaa[i] itti hin galu."

**Bulchaa Dureessa Tokko**

*18:18-30 Kwf ⇒ Mat 19:16-29; Mar 10:17-30*

18Bulchaan tokko,"Yaa Barsiisaa dansaa, ani jireenya barabaraa dhaaluuf maal gochuun qaba?" jedhee isa gaafate.

19Yesuusis deebisee akkana jedhe; "maaliif dansaa naan jetta? Waaqa tokkicha malee dansaan hin jiru. 20Ati ajaja, 'hin sagaagalin; nama hin ijjeesin, hin hatin, dharaan dhugaa hin bayin, abbaa keetii fi haadha teetii ulfinna kenni' jedhu beetta."

21Namichis, "ani waan kana cufa ijjoollummaa kiyya irraa jalqabee eegeera" jedhe.

22Yesuusis yommuu waan kana dhagahetti, "ammallee waan tokkottu sii hafa; dhaqii waan qabdu hundumaa gurguriitii hiyyeeyyiif kenni; Samii irratti badhaadhummaa ni qabaattaatii koottuu na faana bu'i" jedheen.

23Innis waan akka malee dureessa tureef yommuu waan kana dhagayetti akka malee gadde[j]. 24Yesuusis akka inni akka malee gadde argee akkana jedhe; "mootummaa Waaqayyootti galuun dureeyyiif akkam ulfaata! 25Dureessi mootummaa Waaqayyootti galuu irra, gaalli qaawa limmoo[k] keessa ba'uuttu salphaa[l] dha."

26Warri waan kana dhagayanis, "yoos eennuttu fayyuu danda'a ree?" jedhanii gaafatan.

27Yesuusis deebisee, "wanni namaaf hin danda'amne, Waaqayyoof ni danda'ama' jedhe.

28Pheexiroosis, "kunoo, nu waan qamnu mara dhiifnee si faana buuneerra" jedheen.

29Yesuus immoo akkana isaaniin jedhe; "ani dhuguman isinitti hima; namni sababii mootummaa Waaqayyootiif jedhee mana yookaan niitii yookaan obboleeyyan yookaan haadhaa fi abbaa yookaan ijoollee dhiisee, 30bara kana keessa dachaa baay'ee, bara dhufuuf jiru keessa immoo jireenya barabaraa otoo hin argatin hafu tokkolleen hin jiru."

**Yesuus Yeroo Sadaffaa Waayee Du'a Isaa Dubbate**

*18:31-33 Kwf ⇒ Mat 20:17-19; Mar 10:32-34*

31Yesuus warra kudhanii-lamaan kophaatti baasee akkana jedheen; "kunoo nu Yerusaalemitti ol ba'aa jirra; wanni raajonni[m] waayee ilma namaa barreessan

[i]17 ykn *akkanallee jedhee;* [j]23 ykn *laaleffate;* [k]25 ykn *qaa'a limmee;* [l]25 ykn *laafa;* [m]31 ykn *raagonni*

cuftinuus ni raawwatama[n]. [32]Ilmi namaa dabarfamee namoota ormaatti nikennamaatii; Isaanis isatti qoosu; isa arrabsu; isatti tufu; isa garafu; isa ijjeesus. [33]Innis guyyaa sadaffaatti ni ka'a."

[34]Barattoonni garuu waan kana mara keessaa tokkollee hin hubanne; hiikkaan isaas isaan duraa dhoffamee ture. Inni maal akka dubbachaa tures isaanii hin galle.

### Namichi Jaamaan Tokko Fayyifamuu Isaa

*18:35-43 Kwf ⇒ Mat 20:29-34; Mar 10:46-52*

[35]Yeroo Yesuus Yerikootti dhiyaatetti namichi jaamaan tokko qarqara karaa taa'ee kadhachaa ture. [36]Innis akka namni baay'een karaa sana dabraa[o] jiru dhagayee,"maalittu ta'aa jira?" jedhee gaafate. [37]Isaanis, "Yesuus nama Naazreetiittu asiin dabraa jira" jedhanii isatti himan.

[38]Innis, "Yaa Yesuus Ilma Daawiti, naa nayi!" jedhee iyye.

[39]Namoonni fuula dura deemaa turanis akka inni caldhisuuf isatti dheekkaman; inni garuu ittuma caalchisee, "Yaa Ilma Daawiti, ati naa nayi!" jedhee iyyee.

[40]Yesuusis dhaabatee, akka isaan namicha gara isaa fidan ajaje. Yommuu namichi gara isaatti dhiyaatetti Yesuus akkana jedhee isa gaafate; [41]"Akka ani maal sii godhu feeta?"

Namichis, "Yaa Gooftaa, akka agartuun tiyya naa deebitun fedha" jedhee deebise.

[42]Yesuusis, "agartuun tee sii haa deebituu, amantiin kee si fayyiseeraatii" jedheen. [43]Agartuun isaas yeruma sana deebiteef; Innis Waaqa galateeffachaa Yesuus faana bu'e. namoonni martinuus yommuu waan kana arganitti Waaqayyoof galata galchan.

### Zakkewoos Guurtuu Qaraxaa

**19** Yesuus Yerikoo seenee achi keessa dabraa ture. [2]Namichi Zakkewoos jedhamu tokkos achi ture; innis hangafa warra qaraxa wolitti qabaniitii fi dureessa ture. [3]Innis Yesuus nama akkamii akka ta'e arguu barbaade; garuu waan nama gabaabaa tureef, sababii baay'inna namootaatiif isa arguu hin dandeenne. [4]Yesuusis waan karaa sana irra dabraa tureef, Zakkewoos isa arguuf jedhee fiigee dura dabree muka qilxuu tokko kore.

[5]Yesuusis yommuu bakka[p] sana ga'etti ol millatee, " yaa Zakkewoos, hardha mana kee ooluun narra jiraatii dafii gad-bu'i" jedheen. [6]Innis yoosuma gad-bu'ee gammachuun isa simatee.

[7]Namoonni hundinuu yommuu waan kana arganitti, "inni keessummaa 'nama cubbamaa' ta'uu dhaqe!" jedhanii gungumuu jalqaban.

[n]31 ykn *inguutamti;* [o]36 ykn *lufa'aa;* [p]5 ykn *fulaa*

8Zakkewoos garuu ka'ee dhaa-
batee Gooftaan, "yaa Gooftaa kunoo, ani wadhakkaa qabeenya kiyyaa hiyyeeyyiif nan kenna; ani yoo nama tokkollee gowwoomsee waa irraa fudhadhee jiraadhe, waan fudhadhe sana harka afuri godhee nandeebisa" jedhe.
9Yesuusis deebisee akkana jed-
heen; "namichi kunis waan ilmuma Abrahaami ta'eef, hardha fayyinni mana kanaaf dhufeera;
10Ilmi Namaa isa bade barbaaduu fi fayyisuuf dhufeetii."

**Fakkeenya Miinaa Kudhanii**
*19:12-27 Wbq ⇒ Mat 25:14-30*

11Yesuusis otumaa isaan waan kana dhagayaa jiranuu itti fufee, fakkeenna tokko isaanitti hime; kanas sababii inni Yerusaalemitti dhiyaatee fi sababii namoonni waan mootummaan Waaqayyoo yeruma sana muldhatu se'aniif
dubbate. 12Innis akkana jedhe; "namichi sanyii mootii tokko muudamee mootii ta'ee deebi'uuf
biyya fagoo dhaqe.13 Namichi sunis garboota isaa keessaa nama kudhan waamee, 'hanga ani deebi'utti maallaqa[q] kanaan daldalaa' jedhee miinaa kudhan isaanitti kenne.
14"Namoonni biyya isaa garuu isa jibbanii, 'akka namichi kun nurratti mootii ta'u hin feenu!' jedhanii bakka bu'oota isaanii isa duubaan ergatan.
15"Innis eegii muudamee mootii ta'ee deebi'ee booddee[r], garboonni inni maallaqa itti kennee ture sun ittiin daldalanii maal akka argatan beekuuf jedhee nama itti ergee isaan waamsise.
16"Garbichi jalqabaa dhufee, 'Yaa Gooftaa, miinaan kee miinaa gara biraa[s] kudhan dhaleera' jedheen.
17"Gooftaan isaas deebisee, 'garbicha gaariinana[t], waan garii hojjatte; sababii ati waan akka malee diqqoo irratti amanamaa taateef ani magaalaa[u] kudhan irratti guddinna sii kenneera' jedheen.
18"Inni lammaffaanis dhufee, 'Yaa Gooftaa, miinaan kee miinaa gara biraa shan dhaleera' jedheen.
19"Gooftaan isaas deebisee, 'siifis ani magaalaa shan irratti aangoo kennameera' jedheen.
20"Garbichi sadaffaan immoo dhufee akkana jedhe; 'yaa Gooftaa, miinaan kee kunooti; ani wayyaan maree dhossee ture. 21Waan
ati nama hamaa taateef ani si sodaadhe; ati waan hin keewwatin fudhatta; waan hinfacaasinis haamatta.'
22"Gooftaan isaas deebisee akkana jedhe; 'ati garbicha hamaanana, ani dubbuma afaan keetiitiin sitti

[q]13 ykn *beessee /horii;* [r]15 ykn *duubatti;* [s]16 ykn *dhibii;* [t]17 ykn *dansaa kana/ mishaa,* [u]17 ykn *dira*

mura; ati akka ani nama hamaa
waan hin keewwatin fudhatu;
waan hinfacaasinis haamatu ta'e
beetta. 23Yoos akka ani yeroo
deebi'utti dhala isaa waliin fud-
hadhuuf maaliif maallaqa kiyya
mana baankii naa hin kaa'in ree?'
24"Gooftichis warra achi dhad-
haabataniin, 'miinaa sana harkaa
fuudhaatii namicha miinaa kud-
han qabuuf kennaa' jedhe.
25"Isaanis deebisanii, 'Yaa Gooftaa,
inni duraanuu miinaa kudhan qaba'
jedhaniin.
26"Inni immoo deebisee akkana
jedhe; 'ani isinittin hima; nama
waa qabu cufaafuu itti ida'amee
ni kennama; nama waa hin qabne
garuu wonni inni qabuyyuu
irraa fudhatama; 27Diinota[v] kiyya
kanneen akka ani isaan irratti
mootii ta'u hin barbaadin immoo
asi fidaatii fuula kiyya duratti
isaan gogorra'aa!' "

**Yesuus Ulfinnaan Yerusaalem Seenuu Isaa**

*19:29-38 Kwf ⇒ Mat 21:1-9; Mar 11:1-10*
*19:35-38 Kwf ⇒ Yoh 12:12-15*

28Yesuus erga waan kana dub-
batee booddee Yerusaalemitti ol
bawuuf isaan dura deemaa ture.
29Innis akkuma Beetifaagee fi
Biitaaniyaa kanneen Tulluu gaara
Ejersaa jedhamu biratti argama-
nitti dhiyaateen barattoota isaa
keessaa lama erge. 30Akkanas
isaaniin jedhe; "gara ganda fuula
keessani dura jiruu dhaqaa; ak-
kuma achi seentaniinis, ilmoo[w]
harree kan takkumaa namni hin
yaabbatin tokko isaa achitti hid-
hamee jiru argitu; isas hiikaatii
fidaa. 31Yoo namni tokkolleeni,
'maaliif hiiktu?' jedhee isin gaafate,
'Gooftaaf barbaachisa' jedhaa itti
himaa."
32Warri ergamanis dhaqanii waan
mara akkuma inni isaanitti himetti
argatan. 33Otoo isaan ilmoo har-
ree sana hiikaa jiranuus warri
harree sanaa, "ilmoo harree kana
maaliif hiiktu?" jedhanii isaan
gafatan.
34Isaanis, "Gooftaaf barba-
achisa" jedhanii deebisan.
35Ilmoo harree sanas Ye-
suusitti fidan; uffata isaaniis
dudda harree sanaa irra buusanii,
Yesuusin isa yaabbachisan. 36Yeroo
inni yaabbatee deemuttis namoonni
uffata isaanii karaa irra afaa turan.
37Yeroo inni daandii gaara Ejer-
saa irraa gadi bu'uutti dhi-
yaatettis, barattoonni hundi hujii
baasaa kan arganii turan hundatti
gammadanii, sagalee[x] guddaan
akkana jedhanii Waaqa galateef-
fachuu jalqaban.

38"Mootiin maqaa Gooftaatiin dhufu
eebbifamaa dha!"
"Nageenni Samii irratti, ulfin-
nis ol gubbaatti haa ta'uu!"

39Namoota achi turan keessaas

[v]27 ykn *nyaapha;* [w]30 ykn *bukura/ buukurruu;* [x]37 ykn *qoonqoo/qoonqa*

Fariisonni tokko tokko Yesuusiin, "Yaa Barsiisaa, barattoota keetti dheekkami!" jedhan.

[40]Innis deebisee, "ani isinittin hima; yoo isaan caldhisanillee dhagoonni ni iyyu" jedheen.

[41]Yesuusis yommuu Yerusaalemitti dhiyaatee magaalattii argetti ni boo'eef; [42]Akkanas jedhe;" otoo atumti waan hardha nagayaaf ta'u beettee gaarii ture! Amma garuu ija[y] kee duraa dhoffameera. [43]Yeroon itti diinonni kee dallaa sitti ijaarani, si marsani, karaa cufaanis si cinqan ni dhufaatii. [44]Diinonni siif ijoollee tee warra dallaa kee keessa jiraatan biyyeetti maku; Isaan dhagaa tokko dhagaa kaan irratti hindhiisan; ati yeroo itti Waaqayyo gara kee dhufu hin beenneetii."

### Yesuus Mana Qulqullummaa Keessatti

*19 : 45, 46 Kwf ⇒ Mat 21 : 12 - 16; Mar 11: 15 - 18 ; Yoh 2 : 13 - 16*

[45]Yesuus mana qulqullummaa seenee warra waa gurguraanii fi waa bitatan ariyuu jalqabe. [46]Innis," ' Manni kiyya mana kadhannaa ta'a; ' jedhamee barreeffameera; isin garuu 'holqa[z] saamtootaa' gootaniirtu" isaaniin jedhe.

[47]Guyyuma guyyaanis mana qulqullummaa keessatti barsiisaa ture; luboonni hangafoonni[a], barsiistonnis seeraatii fi durabu'oonni sabaa garuu isa ajjeesuuf jabeessanii barbaadaa[b] turan. [48]Ta'us isaan karaa ittiin isa ajjeesan hinarganne; namoonni martinuu yaada tokkoon waan inni dubbate caqasaa turaniitii.

### Waayee Aangoo Yesuusi

*20:1-8 Kwf ⇒ Mat 21:23-27; Mar 11:27-33*

**20** Gaaf-tokko otoo Yesuus mana qulqullummaa keessatti namoota barsiisuu, otoo wangeelas lallabuu luboonni hangafoonnii[c] fi barsiistonni seeraa maanguddoota wajjiin gara isaa dhufanii, [2]"ati akka aangoo[d] maaliitiin waan kana gootu yookiin akka eenyu aangoo kana sii kenne nutti himi" jedhaniin.

[3]Innis akkana jedhee deebise; "anis gaafii tokko isin gaafadha; isin immoo naa deebisaa; [4]Cuuphaan Yohaannisi Samii irraa dhufe moo nama biraa dhufee?"

[5]Isaanis waliin mariyatanii akkana jedhan; "yoo nu Samii irraa dhufe jenne; inni 'isin maaliif isa hin amanne[e] ree?' nuun jedha; [6]Yoo nu, 'nama biraa dhufe' jenne garuu namoonni hundinuu akka Yohaannis raaga[f] ta'e waan amananiif dhagaan nu tumu."

[7]Kanaaf isaan deebisanii, "inni eessaa akka dhufe nu hin beennu" jedhan.

[y]42 ykn *ila tee;* [z]46 ykn *olla;* [a]47 ykn *qaallolee gugurdoo;* [b]47 ykn *soqaa;* [c]1 ykn *qaalloleen gugurdoon;* [d]2 ykn *jabeenna;* [e]5 ykn *hin dhugeeffanne;* [f]6 ykn *raajaa*

[8]Yesuusis, "anis akka aangoo maaliitiin waan kana hojjadhu isinitti hin himu" jedheen.

### Fakkeenya Qottootaa Hamoo

*20:9-19 Kwf ⇒ Mat 21:33-46; Mar 12:1-12*

[9]Innis akkana jedhee fakkeenya kana namootatti himuu jalqabe; "namichi tokko biqiltuu wayinii dhaabee, erga qottootatti kiraa kennatee booddee[g] biyya fagoo dhaqee yeroo dheeraa ture. [10]Innis yeroon itti midhaan walitti qabamu geennaan, akka isaan oomisha[h] wayinii iraa waa itti kennaniif garbicha tokko qottoota sanatti ergate. Qottoonni sun garuu garbicha sana tumanii harka isaa duwwaa of-irraa deebisan. [11]Kana booddees garbicha dhibii[i] ergate; isaan garuu isas tumanii, qaanessaniis[j] harka isaa duwwaa of-irraa deebisan. [12]Ammas garbicha sadaffaa ergate; isaan immoo isas madeessanii gadi isa darbatan.

[13]"Abbaan oobruu[k] wayinii sunis, 'maal gochuu naa wayya? Ka'ee ilma kiyya isa jaalatamaa itti erga; tarii[l] isa ni sodaatu ta'aatii' jedhe.

[14]"Qottoonni sun garuu yommuu isa arganitti,' inni abbaa oobruu wayinii kanaa dhaalu isa kana; akka dhaalli isaa keenya ta'uuf, koottaa isa haa ajjeefnuu' waliin jedhani. [15]Isaanis oobruu wayinii keessaa gadi baasanii isa ajjeessan.

"Egaa abbaan oobruu Sanaa maal isaan godhinna laata? [16]Inni dhufee qottoota sana ni barbadeessa; oobruu sanas qottoota gara biraatti ni kennata."

Namoonnis yommuu waan kana dhagayanitti, "Waaqni waan kana hinfidin!" jedhan.

[17]Yesuusis isaan ilaalee, akkana jedhe; "egaa inni,

" 'dhagaan ijaartonni tuffatan sun
dhagaa golee[m] ta'e' jedhamee
barreeffame maal jechuu
isaati ree?

[18]Namni dhagaa sana irratti kufu[n] martinuu ni caccaba; namni dhagichi isa irratti kufu garuu ni bututa."

[19]Barsiistonni seeraatiifi luboonni hangafoonni akka inni fakkeenya kana isaan irratti dubbate waan hubataniif yeruma sana isa qabuuf yaalii gochaa turan; garuu namoota sodaatan.

### Qeesaariif Gibira Kaffaluu

*20:20-26 Kwf ⇒ Mat 22:15-22; Mar 12:13-17*

[20]Jarris isa eegaa, akka isaan waan inni dubbatuun isa qabanii dabarsanii humnaa fi aangoo bulchaa biyyaatti isa kennaniif jedhanii gaadduuwwan namoota qajeeloo uf-fakkeessan ergan. [21]Gaadduwwan sunis akkana

[g]9 ykn *duubatti;* [h]10 ykn *midhaani;* [i]11 ykn *biraa;* [j]11 ykn *mullisiisanii/ceersanii;* [k]13 ykn *maasaa /maasii;* [l]13 ykn *gaafiin;* [m]17 ykn *mikikkilaa;* [n]18 ykn *jigu*

jedhanii isa gaafatan; "Yaa Barsiisaa, nu akka ati waan qajeelaa dubbatuu fi waanuma qajelaa barsiiftu, akkasumas akka ati karaa Waaqayyoo dhugaan barsiisuu malee nama wal-hincaalchifne beenna.
22Egaa Qeesaariif gibira kaffaluun[o] keenna seera moo seeraa miti?"

23Inni garuu maltummaa[p] isaanii argee akkana isaaniin jedhe;
24"Mee diinaarii tokko natti agarisiisaa; fakkii eenyuutii fi katabbii[q] eenyuuttu isa irra jira?"

25Isaanis deebisanii, "kan Qeesaari" jedhan.

Innis, "yoos kan Qeesaari Qeesaariif kennaa; kan Waaqayyoo ammoo Waaqayyoof kennaa" jedheen.

26Isaanis waan inni dubbateen fuula namootaa duratti isa qabuu hin dandeenne; deebii isaas ajaa'ibsiifatanii[r] caldhisan.

### Gaaffii Waayee Du'aa ka'iisaa

*20:27-40 Kwf ⇒ Mat 22:23-33; Mar 12:18-27*

27Saduuqota du'aa ka'iisni hin jiru jedhan keessaa tokko tokko waa gaafachuuf jedhanii gara Yesuusi dhufan;
28Akkanas jedhan; "Yaa Barsiisaa yoo obboleessi nama tokkoo niitii fuudhee otoo ijoollee hin dhalfatin du'e, akka namichi sun niitii sana fuudhee ijoollee dhalchee obboleessa isaatiif sanyii dabarsu Muuseen nuu barreesseera.
29Kunoo obboleeyyan torbattu ture; inni jalqabaa niitii fuudhee otoo ijoollee hin dhalfatin du'e.
30Inni lammaffaanis ishii fuudhe;
31Inni sadaffaanis akkasuma ishii fuudhe; hanga isa torbaffaatti hundi isaaniiyyuu ishii fudhanii otoo ijoollee hin dhalfatin du'an.
32Dhuma irratti niitiin sunis ni duute.
33Egaa, gaafa du'aa ka'iisaatti isiin niitii isa kamii taati? Torban isaaniiyyuu ishii fuudhaniiruutii."

34Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "namoonni addunyaa kanaa ni fuudhu; ni heerumus.
35Worri addunyaa dhufuuf jiru sanaa tii fi worra du'an keessaa du'aa ka'iisa argachuun isaanii malu garuu hin fuudhan; hin heerumanis.
36Isaan waan akka maleekkotaa ta'aniif deebi'anii hin du'an. Waan

[o]22 ykn *baasuun;* [p]23 ykn *haxxummaa/ daba;* [q]24 ykn *hiikkaan tokko tokko maqaa jedha;* [r]26 ykn *madeeffatanii/ dinqifatanii*

**20:22** *Qeesaariif gibira kaffaluun.... Seeramoo seeraa miti?-* mootummaan Roomaa biyya isaanii qabachuu isaa Yihuudonni hin beekan ture. Otoo Yesuus hin dhufin wagga diddamii shaniin dura, sababii gibira kaffaluutiin mootummaa Roomaatti mormiin guddaan tokko ka'ee ture. Kanaaf gaafiin kun gaafii miciiramaadha.Yesuus yoo kaffaltii gibiraa deeggare, fudhatama nama biratti qabu sana dhaba. Yoo kaffaltii gibiraa morme ammoo dabarfamee abbootii aangoo mootummaatti kennama.

ijoollee du'aa ka'iisaa ta'aniifis
isaan ijoollee Waaqayyoo ti.
**37**Garuu akka warri du'an du'aa
kaafaman Muuseeniyyuu katab-
bii waayee tuusii[s] boba'uu fulaa
itti Gooftaa, 'Waaqa Abrahaami,
Waaqa Yisaaqi, Waaqa Yaaqoobi'
jedhu keessatti agarsiiseera.
**38**"Inni Waaqa worra jiraniiti malee
Waaqa worra du'aniitiimiti; namni
martinuu isaaf jiraataadhaatii."

**39**Barsiistota seeraas keessaa
tokko tokko, "Yaa Barsiisaa,
dhugaa jette!" jedhanii deebisan.
**40**Isaa- nis eegasii gaafii tok-
kollee isa gaafachuuf ija[t] hin
jabaanne.

### Kiristoos Ilma Eenyuu ti?

*20:41-47 Kwf ⇒ Mat 22:41-23:7; Mar 12:35-40*

**41**Yesuusis akkana isaaniin
jedhee; "isaan akkamitti Kiris-
toos Ilma Daawiti jechuu dan-
da'u? **42**Daawit mataan isaayyuu
kitaaba faarfannaa keessatti akkana
jedha;

" 'Gooftichi Gooftaa kiyyaan
akkana jedhe;
" karaa mirgaa kiyyaa taa'i;
**43**Hanga ani diinota kee,
miila kee jala sii galchutti." '

**44**Erga Daawit 'Gooftaa' isaan
jedhee, yoos gooftaan akkamitti
ilma Daawiti ta'uu danda'a ree?

**45**Otoo namoonni cuftinuu isa
dhaga'aa jiranuu, Yesuus Barat-
toota isaatiin akkana jedhe;
**46**"Barsiistota seeraa irraa of
eegadhaa; isaan wayaa dhed-
heeraa uffatanii nanaanna'uu,
lafa gabayaatti nagaya gaafata-
muu[u], mana sagadaatti barcumaa
ulfinnaa, lafa cidhaatti[v] immoo
bakka ulfinnaa jaalatu. **47**Isaanis
niitii dhiirsii irraa du'e irraa
nyaatanii mana isii onsu; uf
agarsiisuuf jedhaniis kadhannaa
dheeressu. Warra akkanaa murtii
hamaattu eegata."

### Buusii Niitii Dhiirsii irraa Du'e Tokkoo

*21:1-4 Kwf ⇒ Mar 12:41-44*

**21** Yesuusis ol mildhatee
dureeyyii kennaa isaanii
mi'a buusii keessa buusaa jiran
arge. **2**Akkasumas niitii dhiirsii
irraa du'e tokko beesaa sibiila
diimaa xixiqqoo lama buusuu
ishii arge. **3**Innis akkana jedhe;
"ani dhuguman isinitti hima;
niitiin hiyyeettiin dhiirsi irraa
du'e tun hunda isaanii caalaa
buufteerti. **4**Namoonni cufti qa-
beenya isaanii kan guutee irraa
hafe keessaa kennan; isiin garuu
otuma iyyuma keessa jirtuu
waan ittiin jiraattu cufa kennite."

### Milikkita Dhuma Baraa

*21:5-36 Kwf ⇒ Mat 24; Mar 13*
*21:12-17 Kwf ⇒ Mat 10:17-22*

**5**Barattoota isaa keessaas tokko
tokko waayee mana qalqullum-
maa, haala manni qulqullummaa

[s]37 ykn *gurbii/miciree;* [t]40 ykn *adda;*
[u]46 ykn *dubbifamuu;* [v]46 ykn *jilaatti*

sun dhagaawwan babbareedaaniifi kennaawwan waaqaaf kennamaniin itti midhaaffame dudubbachaa turan. Yesuus garuu akkana jedhe; 6"Wanni isin ilaaltan kun martinuu otoo dhagaan tokkoyyuu wal-irratti hin hafin yeroon inni itti diigamu tokko ni dhufa."

7Isaanis, "yaa barsiisaa, wanni kun hundi yoom ta'a? yommuu ta'uun isaa dhiyaatuttis milikkinni[w] isaa maali?" jedhanii isa gaafatan.

8Innis deebisee akkana jedhe; "isin akka karaa irraa hingorreef of eegadha; namoonni hedduun, 'ani isa; yeroon sun dhiyaateera' jechaa maqaa kiyyaan ni dhufuutii; isin garuu isaan hinhordofinaa. 9Yommuu waayee waraanaatii fi waayee fincilaa[x] dhageettanitti, hin rifatinaa; wanni kun duraan dursee ta'uu qabaatii. Dhumni isaa garuu yeruma sana hin ta'u."

10Innis akkana isaaniin jedhe; "sabni sabatti ka'a; mootummaanis mootummaatti ka'a. 11Naannoo adda addaattis sochiin lafaa hamaan, beellii fi golfaan[y] ni dhufa; samii irrattis wanni sodaachisaanii fi milikkinni gugurdaan ni ta'a.

12"Kana cufa dura garuu isin qabu; isin gaargalchus[z]. Dabarsaniis Manneen sagadaatii fi manneen hidhaatti isin kennu; maqaa kiyyaaf jettaniis fuula moototaatii fi bulchitootaa duratti ni dhiyeeffamtu. 13Kunis akka isin dhugaa baataniif[a] karaa isinii bana. 14Isin duraan dursitanii deebii keessan qopheeffachuu hinqabdan; kanas jabeessaatii yaadatti qabadhaa. 15Anuu dubbii fi qarooma diinoonni keessan tokkolleen danda'anii dura hin dhaabanne yookiin hinmormine isinii kennaatii. 16Abbaa fi haatii keessan, obboleeyyan keessan, firoonniifi jaallan[b] keessanilleen dabarsanii isin kennu; isin keessaas tokko tokko ni ajjeesu. 17Namoonni hundinuu maqaa kiyyaaf jedhanii isin jibbu. 18Garuu rifeensi mataa keessanii tokkoyyuu hin badu. 19Isinis yoo jabaattanii dhaabattan lubbuu keessan ni oolfatu.

20" Isin yommuu Yerusaalemi loltootaan marfamtee argitanitti akka badiin ishii dhiyaate beekaa. 21Yeroo sana warri Yihuudaa keessa jiran gaaratti haa baqatanii; warri magaalaa[c] keessa jiranis achii haa ba'anii; warri baadiyaa immoo magaalaa hin seenin. 22Akka wanni barreeffame cuftinuu raawwatamuuf[d] yeroon kun yeroo haaloo[e]

[w]7 ykn *malkata/milikkeeta;* [x]9 ykn *finqilaa;* [y]11 ykn *dhukkubii namatti dadabru;* [z]12 ykn *ariyatu /baqachiisu;* [a]13 ykn *rageessitaniif /dhugeessitaniif;* [b]16 ykn *michoota/hiriyyoota;* [c]21 ykn *dira;* [d]22 ykn *guutamuuf;* [e]22 ykn *haluu*

baasuutii. 23Bara sana dubartoota
ulfaatiifi[f] haawwan hoosisaniif
wayyoo! lafa irratti rakkinni
cimaan, saba kanattii immoo
dheekkamsi ni dhufaatii.24Isaanis
goraadeen ajjeefamu; booji'amaniis
biyyoota ormaa maratti geeffamu;
hanga barri namoota ormaa
dhumutti Yerusaalem namoota
ormaatiin lafatti dhidhiitamti.
25"Biiftuu irratti, ji'a irratti,
urjoota irrattis milikkinni ni ta'a;
lafa irrattis sababii huursaa tii fi
dhawaa galaanaatiif saboonni ni
muddamu; ni jeeqamus[g]. 26Namoon-
nis sababii humnoonni Samii irraa
raafamaniif, waan addunyaa
kanatti dhufuuf jiru yaadda'anii,
sodaachuudhaan ni gaggabu.
27Isaanis yeroo sana otoo Ilmi
Namaa duumessa irra taa'ee
humnaafi ulfinna guddaan dhufuu
ni argu. 28Yommuu wanni kun
ta'uu jalqabutti sababii furamuun
keessan dhiyaateef ka'aa dhaa-
badhaatii mataa keessan ol
qabadhaa."
29Innis akkana jedhee fakkee-
nya kana isaanitti hime; "mee
muka harbuutii[h] fi muka hunda
ilaalaa. 30Yommuu mukkeeni
kunneen baala baafanitti isin
mataan keessaniyyuu ilaaltanii
akka bonni dhiyaate beekuu
dandeettu. 31Akkasuma ammoo
isinis yommuu wanni kun ta'uu
isaa argitanitti akka mootum-
maan Waaqayyoo dhiyaate ni
beettu.
32"ani dhuguman isinitti hima;
hanga wanni kun hundi ta'utti;
dhaloonni kun hin dabru. 33Samii
fi lafti ni dabru; dubbiin kiyya
garuu matumaa[i] hin dabru.
34"Isin uf eegadhaa; yoo kanaa
achii qalbiin keessan qananiid-
haan[j], machii fi yaaddoo jireen-
yaatiin fudhatamee guyyaan sunis
otoo isin hin beekin akkuma
kiyyoo isin qabata. 35Guyyaan
sun warra lafaa irra jiraatan cu-
fatti ni dhufaatii. 36Kanaaf akka
waan dhufuuf jiru mara jalaa
baataniif akka fuula Ilma Namaa
duras dhaabachuu dandeessaniif
yeroo mara dammaqaa; Waaqas
kadhadhaa."
37Yesuusis guyyuma guyyaan
mana qulqullummaa keessatti bar-
siisaa ture; halkan halkan immoo-
Tulluu gaara Ejersaa jedhamu irra
bula ture. 38Namoonni hundinuus
isa dhageeffachuuf jedhanii barii
barraaqa mana qulqullummaa
dhufu turan.

### Yihuudaan Yesuusin Dabarsee Kennuu Isaa

*22:1, 2 Kwf ⇒ Mat 26:2-5; Mar 14:1, 2,10, 11*

**22** Yeroo sana Ayyaanni
qixxaa[k] kan Faasikaa
jedhamu dhiyaate ture; 2Luboonni

[f]23 ykn *nadheeni garaachaatiifi;* [g]25 ykn *inlubbaman;* [h]29 ykn *odaatiifi;* [i]33 ykn *akkanallee jedhee;* [j]34 ykn *canaqaan* [k]1 ykn *maxinoo /qixxaa hin bukaayinii*

hangafoonnii[l] fi barsiistonni seeraa waan namoota sodaataniif, mala ittiin Yesuusin ijjeessan barbaadaa turan. [3]Sheexannis namicha Yihuudaa Asqorooticha jedhamu kan jara kudhanii-lamaan keessaa tokko ture sanatti gale. [4]Yihuudaanis dhaqee luboota hangafootaa fi ajajjoota waardiyyaa[m] mana qulqullummaa waliin haala ittiin Yesuusin dabarsee kennu irratti mariyate. [5]Isaanis akka malee gammadanii maallaqa[n] isaaf kennuuf walii galan. [6]Innis yaada kana fudhatee, bakka[o] namoonni hin jirretti Yesuusin dabarsee isaanitti kennuuf haala mijaawaa barbaadaa ture.

**Irbaata Gooftaa**

*22:7-13 Kwf ⇒ Mat 26:17-19; Mar 14:12-16*
*22:17-20 Kwf ⇒ Mat 26:26-29; Mar 14:22-25; 1 Qor 11:23-25*
*22:21-23 Kwf ⇒ Mat 26:21-24; Mar 14:18-21; Yoh 13:21-30*
*22:25-27 Kwf ⇒ Mat 20:25-28; Mar 10:42-45*
*22:33, 34 Kwf ⇒ Mat 26:33-35; Mar 14:29-31; Yoh 13:37, 38*

[7]Ayyaanni qixxaa[p] kan hoolaan Faasikaa itti qalamuu qabu ga'ee ture. [8]Yesuusis, akka "Faasikaa nyaannuuf dhaqaatii nuu qopheessaa" jedhee Pheexiroosii fi Yohaannisin erge.

[9]Isaanis, "akka nu eessatti qopheessinu barbaaddaa?" jedhanii isa gaafatan.

[10]Inni immoo deebisee akkana jedhe; "akkuma, isin magaalaa[q] seentaniin, namichi okkotee bishaanii baatu tokko isinitti dhufa; isa faana mana inni itti galu dhaqaatii, [11]Abbaa mana sanaatiin, 'Barsiisaan, "manni keessummaa, bakki ani itti barattoota kiyya wajjiin Faasikaa nyaadhu eessaa?" siin jedha' jedhaa. [12]Innis mana mana irraa keessaa kutaa baldhaa mi'a manaatiin guutame tokko isinitti agarsiisa, isinis achitti qopheessaa."

[13]Isaanis dhaqanii, waan hunda akkuma Yesuus isaanitti himetti argan; Faasikaas qopheessan.

[14]Sa'aatiin sun dhaqqabnaanis Yesuusii fi ergamtoonni isaa maaddiitti[r] dhiyaatan. [15]Innis akkana isaaniin jedhe; "ani otoo hindhiphatiniin dura isin waliin Faasikaa kana nyaachuu akka malee hawween ture. [16]Ani isinittin himaatii; hanga faasikaan kun mootummaa Waaqayyoo keessatti raawwatamutti[s] ani deebi'ee isa hin nyaadhu."

[17]Innis eegii xuwwaa[t] fuudhee galata galchee booddee[u] akkana jedhe; "kana fudhadhaatii gargari qoodadhaa;[18]Ani isinittin himaatii; hanga mootummaan Waaqayyoo dhufutti, ani deebi'ee daadhii wayinii kana hin dhugu" jedhe.

[l]2 ykn *qaallolee gugurdoofi;* [m]4 ykn *eedduu;* [n]5 ykn *beessee / horii,* [o]6 ykn *fulaa;* [p]7 ykn *maxinoo/qixxaa hin bukaayin;* [q]10 ykn *dira;* [r]14 ykn *gololatti;* [s]16 ykn *guutamutti;* [t]17 ykn *buduunuu/ waaccaa;* [u]17 ykn *duubatti*

19 Buddeenas fuudhee eegii
galata galchee booddee caccab-
see isaanii kennee, "kun nafa
kiyya kan isiniif kennamuu dha;
kanas ittiin na yaadachuuf[v] god-
hadhaa" jedheen.
20 Akkasumas irbaataan[w] bood-
dee xuwwaa sana fuudhee ak-
kana jedhe; "xuwwaan kun Ka-
kuu Haaraya, dhiiga kiyyaa kan
isiniif dhangalaafamuu dha.
21 Garuu harki namicha dabarsee
na kennu sanaa kunoo harka
kiyya waliin maaddii irra jira.
22 Ilmi namaalleen akkuma mur-
teeffametti ni dhaqa; garuu namicha
dabarsee isa kennu sanaaf way-
yoo." 23 Isaanis namni isaan kees-
saa waan kana gochuuf jiru ee-
nyu akka ta'e wal gagaafachuu
jalqaban.
24 Akkasumas namni isaan kees-
saa akka nama nama cufa caa-
luutti ilaalamu eennu akka ta'e
irratti wal mormiin jidduu isaaniitti
uumame. 25 Yesuusis akkana isaaniin
jedhe; "mootonni ormootaa gooftum-
maa isaanii namoota ormaa irratti
agarsiisu; warri namoota ormaa
irratti aangoo[x] qabani ammoo
gargaartota sabaa ufiin jedhu.
26 Isin garuu akkas hin ta'inaa;
qooda kanaa isin keessaa namni
nama hunda caaluu akka qux-
isuu[y] nama hundaa, dura bu'aan
immoo akka tajaajilaa[z] haa ta'uu.
27 Eenyutu guddaa dha? nama
maaddiitti dhiyaatu moo nama
tajaajilu? nama maaddiitti dhi-
yaatuu mitii? Ani garuu isin
jidduutti akka tajaajilaa tokkooti.
28 Isin immoo warra yeroo qorama
kiyyaa mara na wajjiin turtanii
dha. 29 Akkuma Abbaan kiyya
mootummaa natti kenne, anis
akkasuma isinittin kenna. 30 Ku-
nis, akka isin mootummaa kiyya
keessatti maaddii kiyya irraa
nyaattanii dhuddanii fi teessow-
wan irra teettanii gosoota Is-
raa'eli kudhanii lamaan irratti
akka murtii kennitaniif.
31 "Yaa Simoon, yaa Simoon;
kunoo, Sheexanni akkuma qamadiit-
ti[a] isin gingilchuuf kadhateera.
32 Ani garuu akka amantiin[b] kee
hin dadhabneef sii kadhadheera;
atis yommuu deebitutti, obbo-
leeyyan kee jajjabeessi."
33 Simoon garuu deebisee, "Yaa
Gooftaa, ani si waliin hidhamuu
fi du'uufillee qophaayeera" jedhe.
34 Yesuus, "Yaa Pheexiroos, ani
sittin hima; ati hardha otoo
kormi lukkuu hin iyyin akkuma
na beettullee yeroo sadii nigan-
ta[c]" jedhee deebise.
35 Yesuusis, "yeroo ani borsaa,
korojoo[d] yookaan kophee malee
isin erge sana waa isin duraa
hirdhateeraa?" jedhee isaani gaafate.

[v]19 ykn *qaabachuuf;* [w]20 ykn *gololagalgalaatiin;* [x]25 ykn *jabeenna;* [y]26 ykn *maandhaa;* [z]26 ykn *hojjataa;* [a]31 ykn *dargaayyee;* [b]32 ykn *dhugeeffachaani tee;* [c]34 ykn *mormatta;* [d]35 ykn *subba*

Isaanis deebisanii, "wanni tokkolleen hin hirdhanne "jedhan.

[36]Innis immoo akkana isaaniin jedhe; "amma garuu yoo borsaa qabaattan fudhadhaa; yoo korojoo qabaattanis fudhadha yoo goraadee hinqabaannes uffata keessan gurguraattii goraadee bitadhaa. [37]Wanni, 'inni yakkitootatti lakkaa'ame[e]' jadhamee barreeffame sun akka narratti raawwatamuu qabu ani isinitti hima; wanni waayee kiyya barreeffame raawwatamuu gayeeraatii."

[38]Barattoonnis; "Yaa Gooftaa, kunoo goraadee lamattu asi jira" jedhan.

Innis, "ni ga'a "jedhee deebiseef.

### Yesuus Gaara Ejersaa Irratti kadhachuu Isaa

*22:40-46 Kwf ⇒ Mat 26:36-46; Mar 14:32-42*

[39]Yesuusis achii bahee, akkuma amala isaa gara Gaara Ejersaa dhaqe; barattoonni isaas isa hordofan. [40]Akkuma achi ga'eenis, "isin akka qorama keessa hinseenneef Waaqa kadhadhaa" isaaniin jedhe. [41]Innis hanga darba dhagaa tokkoo isaan irraa fagaate; jilbiinfatees akkana jedhee kadhate; [42]"Yaa Abbaa, yoo fedhii kee ta'e, xuwwaa kana narraa fuudhi; garuu akka fedhii keetii haa ta'uu malee akka fedhii kiyyaa hin ta'in. [43]Maleekkaan tokkos Samii irraa isatti muldhatee isa jajjabeesse. [44]Innis lubbamee jabeessee kadhate; dafqi[f] isaas akka coccopha dhiigaa lafatti cophaa ture.

[45]Yommuu kadhannaa irraa ka'ee gara barattootaatti deebi'ettis, isaanii gaddanii[g] rafaa jiran arge. [46]Innis,"isin maaliif raftu? akka qorama keessa hinseenneef ka'aatii Waaqa kadhadhaa" isaaniin jedhe.

### Qabamuu Yesuusi

*22:47-53 Kwf ⇒ Mat 26:47-56; Mar 14:43-50; Yoh 18:3-11*

[47]Otuma inni dubbachaa jiruu namoonni hedduun dhufan; warra kudhanii lamaan keessaas namichi Yihuudaa jedhamu tokko isaan dura deemaa ture. innis Yesuusin dhuungachuuf itti dhiyaate; [48]Yesuus garuu, "yaa Yihuudaa, ati dhuungoodhaan Ilma Namaa dabarsitee kennitaa?" jedheen.

[49]Warri isaa waliin turanis yommuu waan ta'uuf jiru arganitti; "Yaa Gooftaa goraadeen isaan dhoofnuu" jedhan. [50]Isaan keessaas namni tokko garbicha luba ol aanaa dhayee gurra mirgaa irraa kute.

[51]Yesuusis deebisee, "dhiisaa! waan akkanaa itti hin deebi'inaa" jedhe; gurra namichaas qaqqabatee isa fayyise.

[e]37 ykn *hedame;* [f]44 ykn *danfii/ fuuruuni;* [g]45 ykn *laaleffatanii*

[52]Eegasiis Yesuus luboota hangafootaa, dura-bu'oota mana qulqullummaatii fi maanguddoota isa qabuu dhufaniin akkana jedhe; "isin akka nama saamtuu qabuutti goraadee fi bokkuu[h] qabattanii dhuftanii? [53]Yeroo ani guyyuma guyyaan isin wajjiin mana qulqulluummaa keessa turetti isin qubaaniyyuu na hin tuqne; garuu sa'aatiin kun sa'aatii keessan; innis yeroo itti dukkanni moo'uudha."

**Pheexiroos Yesuusin Ganuu Isaa**

*22:55-62 Kwf ⇒ Mat 26:69-75; Mar 14:66-72, Yoh 18:16-18, 25-27*

[54]Isaanis Yesuusin qabanii fuudhanii deeman; fidaniis mana luba ol aanaa ol -isa seensisan; Pheexiroos immoo irraa fagaatee hordofaa ture. [55]Garuu yommuu isaan dallaa walakkaatti ibidda qabsiisanii waliin tataa'anitti Pheexiroosis isaan waliin taa'e. [56]Intalli tajaajiltuun tokkos otoo inni ifa ibiddaa keessa taa'ee jiruu isa argite; isiinis hubattee isa ilaaltee, "namichi kunis isa wajjiin ture" jette.

[57]Inni garuu, "dubartiinana[i], ani isa hin beeku" jedhee gane.

[58]Yeroo gabaabduu booddees namni dhibiin[j] isa argee, "atis isaan keessaa isa tokko" jedhe.

Pheexiroos garuu, "namichanana, anaa miti " jedhee deebise.

[59]Gara Sa'aatii tokkoo booddees namni biraa, "dhugumaan namichi kunis isa waliin ture; inni nama Galiilaatii" jedhee jabeessee dubbate.

[60]Pheexiroosis deebisee, "namichanana, ani waan ati jettu kana hin beeku" jedhe. Otuma inni dubbachaa jiruus kormi lukkuu iyye. [61]Gooftaanis garagalee Pheexiroosin ilaale. Pheexiroosis waan Gooftaani," ati hardha otoo kormi lukkuu hin iyyin yeroo sadii ni ganta" jedheenii ture sana qaabate. [62]Innis gadi ba'ee hiqqifatee[k] boo'ee.

**Eegdonni Yesuusitti Qoosuu Isaanii**

*22:63-65 Kwf ⇒ Mat 26:67,68; Mar 14:65; Yoh 18:22, 23*

[63]Namoonni Yesuusin eegaa turan sun isatti qoosuufi, isa dhawuu jalqaban. [64]Isaanis ija[l] isaa hidhanii, "mee raajii dubbadhu[m]! eennutti si rukute?" jedhanii isa gaafatan.[65]Isaanis isa arrabsaa waan hedduu isaan jedhan.

**Yesuus Yaa'ii Yihuudotaa Duratti Dhiyaachuu Isaa**

*22:67-71 Kwf ⇒ Mat 26:63-66; Mar 14:61- 63; Yoh 18:19-21*
*23:2, 3 Kwf ⇒ Mat 27:11-14; Mar 15:2-5; Yoh 18:29-37*
*23:18-25 kwf ⇒ mat 27:15-26; Mar 15:6-15; Yoh 18:39-19:16*

[66]Yommuu lafti bari'ettis yaa'iin maanguddoota sabaa, akkasumas

[h]52 ykn *jirma /ulee;* [i]57 ykn *niitii tana;* [j]58 ykn *biraa;* [k]62 ykn *yiiyyisee;* [l]64 ykn *ila;* [m]64 ykn *fagi /raagi*

luboonni hangafoonnii fi barsiistonni seeraa walitti qabaman; wal-ga'ii isaanii durattis Yesuusin dhiyeessanii, 67 "ati Kiristoosii? mee nutti himi" jedhaniin.

Yesuusis akkana jedhee deebise; "yoo ani isinitti hime isin na hin amantan; 68Yoo ani isin gaafadhes hin deebiftan. 69Garuu ammaan achi Ilmi namaa gara mirga humna Waaqayyootiin ni taa'a."

70Hundi isaaniis, "yoos ati Ilma Waaqayyootii ree?" jedhanii gaafatan.

Innis deebisee, "akka ani isuma ta'e isinuu nidubbattu!" jedhe.

71Isaanis, "egaa ragaan biraa maaf nu barbaachisa? Nu mataan keenyayyuu afaanuma isaa irraa dhageenyeerraatii" jedhan.

23 Namoonni yaa'ii sana irra turan hundi ka'anii Yesuusin gara Philaaxoosiitti geessan.
2Isaanis, "nu otoo namichi kun saba keenna karaa irraa jallisuu, otoo inni akka Gibirri Qeesaariif hin baafamne godhuu akkasumas otoo inni akka mataan isaa Kiristoos mooticha ta'e dubbatuu argineerra" jedhanii isa himachuu jalqaban.

3Philaaxoosis, "ati mootii Yihuudotaatii?" jedhee Yesuusin gaafate.

"Yesuusis deebisee, "eeyee; atuu jetteerta," jedhe.

4Philaaxoosis luboota hangafootaa[n] fi tuuta namootaatiin, "ani namicha kana irratti yakka tokkollee hin arganne" jedhe.

5Isaan garuu ittuma caalchisanii, "inni Galiilaa irraa jalqabee Yihuudaa hunda keessatti barsiisa isaatiin saba jeeqaa[o] hanga asiittillee dhufeera" jedhan.

6Philaaxosis yommuu waan kana dhaga'etti, "namichi kun nama Galiilaatii?" jedhee gaafate. 7Innis yommuu akka Yesuus nama kutaa Heroodis bulchuu ta'e beeketti Heroodisitti isa erge; Heroodisis yeroo sana Yerusaalem keessa ture.

8Heroodis yommuu Yesuusin argetti akka malee gammade; inni sababii waayee Yesuusi dhaga'aafi hujii baasaa kan inni hojjatu tokko tokko akka arguu abdachaa tureef yeroo dheeraaf isa arguu barbaadaa ture. 9Innis Gaafii baay'ee isa gaafate; Yesuus garuu deebii tokkollee hin kennineef. 10Luboonni hangafoonnii fi barsiistonni seeraa achi dhadhaabatanii cimsanii isa himachaa turan. 11Heroodisiifi loltoonni isaa isa tuffatan; isatti qoosanis. Isaanis uffata bareedaa isatti uffisanii deebisanii Philaaxoositti isa ergan. 12Guyyuma sana Heroodisii fi Philaaxoos walitti haraaraman; isaan duraan diina[p] walii turaniitii.

[n]4 ykn *qaallolee gugurdoofi;* [o]5 ykn *kakaasaa;* [p]12 ykn *nyaapha*

13 Philaaxoosis luboota hanga-
footaa, bulchitootaa fi saba walitti
waamee, 14 akkana isaaniin jedhe;
"isin namichi kun,'karaa irraa saba
jallisa' jettanii isa natti fiddan;
anis fuuluma keessan duratti isa
qoree, akka inni waan isin ittiin
isa himattan sana keessaa tok-
kollee hojjate hinagarre. 15 He-
roodisis waan tokkollee isa ir-
ratti hin agarre; inni deebisee isa
nutti ergeeraatii. Akkuma isin
agartan kana namichi kun waan
du'aan isa ga'u tokkollee hin
hojjanne. 16 Kanaaf ani namicha
kana adabee gadi isa dhiisa."
17 Philaaxoosis guyyaa ayyaanaati-
in[q] nama tokko mana hidhaatii
gadi isaanii dhiisuun giddii ture'.
18 Isaan sagalee[r] tokkoon iyyanii,
"namicha kana ajjeesi; barbaasin
gadi nuu dhiisi!" jedhan. 19 Bar-
baas sababii fincila[s] magaalaa[t]
keessatti ka'eetii fi ajjeechaa
namaatiin mana hidhaa keessa
buufamee ture.
20 Philaaxoos waan Yesuusin
gadi dhiisuu barbaadeef ammas
isaanitti dubbate. 21 Isaan garuu,
"isa fannisi! isa fannisi!" jedhanii
iyyaa turan.
22 Innis yeroo sadaffaa, "maaliif?
namichi kun maal balleesse? Ani
yakka du'atti isa geessu isa irratti
hin agarre; kanaaf ani adabee
gadi isa dhiisa" isaaniin jedhe.
23 Isaan garuu ittuma fufanii
akka Yesuus fannifamuuf qoonqa
guddaan kadhatan; iyyi[u] isaaniis
ittuma jabaatte. 24 Kanaaf philaa-
xoos waan isaan kadhatan sana
isaanii kennuu murteesse. 25 Innis
namicha sababii fincilaatii fi sababii
ajjeechaa namaatiin mana hidhaa
keessa buufamee, kan isaan akka
inni hiikamuuf kadhatan sana
gadi dhiise; Yesuusin garuu da-
barsee fedhii isaaniitti kenne.

**Yesuus Fannifamuu Isaa**

*23:33-43 Kwf ⇒ Mat 27:33-44; mar 15:22-32; Yoh 19:17-24*

26 Isaanis otoo Yesuusin fuud-
hanii deemaa jiranuu Simoon nama
Qareenaa tokko isaa baadiyaad-
haa dhufaa jiru qaban; fannoo
sanas isa irra kaa'anii akka inni
baatee Yesuus duubaan deemu
isa giddisiisan. 27 Namoonni baay'een,
dubartoota[v] keessaas warri isaaf
gaddaa[w] fi boo'aa turan isa hor-
dofan. 28 Yesuusis isaanitti gara-
galee akkana jedhe; "Yaa dubroota
Yerusaalem, ofii keessanii fi
ijoollee keessaniif boo'aa malee
naa hin booyinaa, 29 Kunoo guy-
yoonni itti namoonni, 'dubartoonni
dhabdoonni[x], garaan takkumaa
ulfa hin baatiniifi harmi takku-
maa hin hoosisin eebbifamoodha'
jedhan nidhufuutii. 30 Yeroo sana,
" 'namoonni gaarootaan,' nurratti
jigaa!"

[q]17 ykn *jilaatiin;* [r]18 ykn *qoonqa/qoonqoo;* [s]19 ykn *finqila;* [t]19 ykn *dira;* [u]23 ykn *iyyanti;* [v]27 ykn *nadheeni;* [w]27 ykn *laaleffa-taniifii;* [x]29 ykn *maseenii*

tulluuwwaniin immoo, "nu
dhossaa! "ni jedhu. '

[31]Isaan eega muka jiidhaa akkana godhanii muka gogaa immoo akkam haa godhan?"

[32]Namoonni biraa[y] kanneen
yakkitoota turan lamas isa waliin
ajjeefamuuf geeffaman. [33]Yom-
muu bakka[z] Qaraaniyoo[a] jedhamu
ga'anitti achitti isa fannisan; yakkitoota lamaanis, isa tokko mirga isaatti, kaan immoo bitaa isaatti
fannisan. [34]Yesuusis, "Yaa Abbaa,
isaan waan hojjatan hin beekaniitii, dhiifama godhiif[b] " jedhe. Isaanis hixaa buufatanii uffata isaa qoodatan.

[35]Namoonnis achi dhadhaabatanii ilaalaa turan; bulchitoonni garuu, "inni warra kaan oolcheera; yoo dhuguma Kiristoos Waaqaa isa filatame sana ta'e mee of haa oolchuu!" jedhanii isatti qoosan.

[36]Loltoonnis dhufanii isatti qoosan;
daadhii wayinii dhangaggaa'aa
kennaniifii, [37]"ati yoo mootii
Yihuudotaa taate mee of oolchi." jedhaniin.

[38]Katabbiin, "MOOTIIN YIHUUDOTAA KUNOO KANA" jedhu tokkos mataa isaatii ol[c] ture.

[39]Yakkitoota achitti fannifaman keessaa tokko, "ati Kiristoosii mitii? Mee uf oolchi; nullee oolchi!" jedhee isa arrabse.

[40]Yakkituun kaan garuu akkana jedhee isatti dheekkame; "atis waan murtii walfakkaatu jala jirtuuf, Waaqallee hin sodaattuu?
[41]Nu murtuma qajeelaa argachaa jirra; gatii hujii keennaaf malu argachaa jirraatii. Namichi kun garuu yakka tokkollee hin hojjanne."

[42]Yesuusiinis,"Yaa Yesuus, yeroo mootummaa keetiin dhuftutti na yaadadhu[d]." jedhe.

[43]Yesuusis deebisee, "ani dhuguman sitti hima; ati hardha na waliin jannatatti galta" jedheen.

### Du'a Yesuusi

*23:44-49 Kwf ⇒ Mat 27:45-56; Mar 15:33-41*

[44]Yeroon sun gara sa'aatii jahaa ture; hanga sa'aatii sagaliittis lafa cufa irratti dukkanni bu'e.
[45]Aduuni ni dukkanoofte; Golgaan[e] mana qulqullummaas bakka lamatti tarsa'e. [46]Yesuusis sagalee guddaan iyyee, "Yaa Abbaa, ani hafuura kiyya dabarsee harka keetti kenna" jedhe. Kana jedhees du'e.

[47]Ajajaan dhibbaa yommuu waan ta'e sana argetti Waaqa galateeffatee, "dhugumayyuu namichi kun nama qajeelaa ture" jedhe.
[48]Namoonni waan kana ilaaluuf bakka sanatti walitti qabaman marti yommuu waan ta'e sana

[y]32 ykn *dhibiini;* [z]33 ykn *fulaa;* [a]33 ykn *afaan girikiitiin buqqee mataa;* [b]34 ykn *haraaramiif;* [c]38 ykn gubbaan; [d]42 ykn na *qaabadhu;* [e]45 ykn *gollii*

arganitti qoma isaanii rurrukutaa[f] achii deeman. 49Warri isa beekan hundi, dubartoonni Galiilaadhaa isa hordofanis fagoo dhadhaabaatanii waan kana ilaalaa turan.

### Awwaalamuu Yesuusi

*23:50-56 Kwf ⇒ Mat 27:57-61; Mar 15:42-47; Yoh 19:38-42*

50Kunoo, namicha miseensa gumii Yihuudotaa kan Yooseef jedhamu tokkottu ture; innis nama gaarii fi qajeelaa ture. 51Innis murtii fi hujii isaanii irratti jaraan walii hin galle; Yooseef magaalaa Yihuudaa tan Armaatiyaa jedhamtuu dhufe; innis mootummaa Waaqayyoo eegachaa ture. 52Namichi kun gara Philaaxoosi dhaqee reeffa Yesuusi kadhate. 53Reeffa sanas gadi buusee huccuu[g] quncee talbaa irraa hojjatameen kafanee awwaalaa qarsaa keessatti qopheeffame kan namni tokkoyyuu duraan itti hin awwaalamin tokko keessa kaa'e. 54Guyyaan sun guyyaa qophii ture; Sanbannis seenuu ga'eera.

55Dubartoonni Yesuus waliin Galiilaadhaa dhufanis Yooseef faana dhaqanii awwaala sanaa fi haala itti reeffii Yesuusi awwaala keessa kaa'ame argan. 56Achii deebi'aniis qayyaa fi urgooftuu qopheessan; Guyyaa Sanbataa garuu seeraaf ajajamuuf jedhanii boqotan.

### Du'aa Ka'iisa

*24:1-10 Kwf ⇒ Mat 28:1-8; Mar 16:1-8; Yoh 20:1-8*

**24** Guyyaa jalqaba torbaan sanaa barii barraaqa dubartoonni[h] sun qayya qopheessan sana fudhatanii gara awwaalaa dhaqan. 2Dhagaa sanas isaa balbala awwaalaa irraa gangalfamee argan; 3Yommuu seenanitti garuu reeffa isaa hin argane. 4Otuma isaan waayee kanaa ajaa'ibsiifachaa[i] jiranuu, namoonni uffata caccalaqqisaa[j] uffatan lama isaan bira dhadhaabatan. 5Dubartoonni sunis sodaatanii mataa buusanii lafa ilaalan; namoonni sun garuu akkana isaaniin jedhan; "isin maaliif isa jiraataa warra du'an keessa barbaddu.? 6Inni asi hin jiru; ka'eera! waan inni yeroo isin wajjiin galiilaa ture isinitti hime sana qaabadhaa[k]. 7'Ilmi namaa dabarfamee harka cubbamtootaatti ni kennama; ni fannifama; guyyaa sadaffaatti ammoo ni kaafama' jedhee tureetii." 8Dubartoonnis dubbii isaa qaabatan.

9Isaanis yommuu bakka[l] awwaalaatii deebi'anitti waan kana cufa barattoota kudhanii tokkottiifi namoota hafanitti himan. 10Warri waan kana ergamtootatti

[f]48 ykn *dhadha'aa;* [g]53 ykn *woyaa;* [h]1 ykn *nadheeni;* [i]4 ykn *maadeeffachaa/ dinqifachaa;* [j]4 ykn *bibilliqaa;* [k]6 ykn *yaadadhaa;* [l]9 ykn *fulaa*

himanis Maariyaam ishii Mag-
dalaa, Yo'aanaa, Maariyaam haadha
Yaaqoobiitii fi dubartoota dhibii[m]
warra isaani waliin turanii dha.
**11**Isaan garuu sababii dubbichi
oduu faayidaa hinqamne itti fak-
kaateef dubartoota sana hin
amanne[n]. **12**Ta'us Pheexiroos ka'ee
gara awwaala sanaatti fiige;
yommuu gadi jedhee ilaalettis
huccuu[o] quncee talbaa irraa ho-
jjatame qofa arge; innis waan
arge sana dinqifachaa deebi'e.

### Karaa Gara Emaahuusi Geessu Irratti

**13**Guyyuma sana isaan keessaa
namoonni lama ganda Emaahuus
jedhamu dhaqaa turan; Emaa-
huusis Yerusaalem irraa gara
kiiloo meetira kudhanii tokkoo
fagaata.**14**Isaanis waayee waan
ta'e sana maraa walitti dudub-
bachaa turan. **15**Otumaa isaan
walitti dudubbachaa fi wajjiin
haasa'aa jiranuus Yesuus mataan
itti dhiyaatee isaan waliin dee-
muu jalqabe. **16**Garuu akka isa
hin hubanneef iji[p] isaanii qabamee
ture.

**17**Innis, "Wanni isin irratti dudub-
bachaa deemtan kun maali?"
jedhee isaan gaafate.

Isaanis gaddanii[q] achuma dhad-
haabatan. **18**Isaan keessaa namichi
Qalayoophaa jedhamu tokko
immoo deebisee, "waan jidduu
kana achitti ta'e kan hin beenne
ati Yerusaalemiif keessummaa
dhaa?" jedheen.

**19**Innis, "maal faatu ta'e?" jed-
hee gaafate.

Isaanis deebisanii akkana jedhan,
"waayee Yesuus nama Naaz-
reetiiti; inni raajaa[r] ture; fuula
Waaqaatii fi fuula nama hundaa
durattis dubbii fi hujiidhaan ja-
baa ture.**20**Luboonni hangafoon-
nii[s] fi bulchitoonni keenya akka
duuti itti muramuuf dabarsanii isa
kennan; isa fannisanis. **21**Nu ga-
ruu namni Israa'el furu isa jennee
abdannee turre. Kana irratti im-
moo eegii wanni kuni cufti ta'ee
hardha guyyaa sadaffaa dha.
**22**Akkasumas dubartoota keenya
keessaa tokko tokko nu din-
qisiisaniiru; isaanis barii bar-
raaqaan gara awwaala sanaa
dhaqanii, **23**Reeffa isaa achii dha-
ban. dubartoonni sunis deebi'anii
akka daayyaa[t] maleekkotaa ar-
ganii turan, akka maleekkonni
sun Yesuus jiraataa ta'uu isaa
isaanitti himanis nutti odeessan.
**24**Warra nu waliin turan keessaas
namoonni tokko tokko gara aw-
waalaa dhaqanii akka wanni sun
akkuma dubartoonni nutti odees-
san sana ta'e argan; isa garuu hin
argine."

**25**Innis akkana isaaniin jedhe;

[m]10 ykn *biraa;* [n]11 ykn *hin dhugeef-fanne;* [o]12 ykn *woyaa;* [p]16 ykn *iltii;* [q]17 ykn *laaleffatanii;* [r]19 ykn *raaga;* [s]20 ykn *qaallolee gugurdoo;* [t]23 ykn *muldhata /manaaba*

"Isin yaa warra hin hubanneefi
warra waan raagonni dubbatan
mara amanuuttis mataa jabaat-
tan! **26**Kiristoos waan kana hun-
daan cinqamee eegasii ammoo
ulfinna isaatti galuu hin qabu
turee?" **27**Innis Muusee fi raajota
cufa irraa jalqabee waan ki-
taabota qulqulluu cufa keessatti
waayee isaa dubbatame isaanii
ibse.
**28**Yommuu ganda dhaqaa turan
sanatti dhiyaatanittis Yesuus waan
dabree deemu uf fakkeesse. **29**Isaan
garuu, "sababii lafti galgalaawuu
ga'ee fi dukkanaa'aa jiruuf, nu
bira buli." jedhanii jabeessanii
isa kadhatan. Innis isaan bira
buluuf gore.
**30**Innis yommuu isaan waliin
maaddiitti[u] dhiyaatetti buddeena
fuudhee, eebbisee, caccabsees
isaanii kenne. **31**Iji isaanii ni
baname; isas ni beekan; innis ija
isaanii duraa dhokate. **32**Isaanis,
"Yeroo inni karaatti nu wajjiin
dubbachaa turee fi yeroo inni
kitaabota qulqulluu nuu ibsaa
ture sana, garaan keenya nu
keessatti boba'aa hin turree?"
jedhanii wal gaafatan.
**33**Yeruma sanas ka'anii Yeru-
saalemitti deebi'an; achitti im-
moo barattoota kudhanii tokkoo
fi namoota isaan waliin turan
sana isaanii walitti qabamanii
jiran argan. **34**Warri walitti
qabaman sunis, "dhugumaan goof-
taan du'aa ka'eera; Simoonittis
muldhateera" jechaa turan.
**35**Namoonni lamaan sunis waan
karaa irratti ta'e hundumaa fi
yeroo Yesuus buddeena cac-
cabse sana akkamitti akka isa
beekan odeessan.

### Yesuus Barattootatti Muldhachuu Isaa

**36**Otoo isaan waan kana dudub-
bachaa jiranuu, Yesuus mataan
isaa dhufee isaan jidduu dhaa-
batee, "nageenni isiniif haa ta'uu"
jedheen.
**37**Isaan garuu waan ekeraa
argan se'anii na'an; ni sodaatanis.
**38**Innis akkana isaaniin jedhe;
"maaliif sodaattu? Mamiinis maaliif
garaa keessan keessatti uumama?
**39**Akka anuma mataa kiyyaa ta'e
mee harka kiyyaa fi miila kiyya
ilaalaa! qaqqabadhaatii na ilaalaa;
ekeraan foonii fi lafee hin qabdu;
ani garuu akkuma isin argitan
kana fooniifi lafee qaba."
**40**Innis waan kana dubbatee
harka isaatii fi miila isaa isaanitti
agarsiise. **41**Otuma isaan sababii
gammachuutiifi sababii dinqi-
fannaatiif ammallee hin amanin,
"isin waan nyaatamu asii qab-
duu?" jedhee isaan gaafate. **42**Isaanis
qurxummii waddame kennaniif;
**43** Innis fudhatee fuuluma isaanii
duratti nyaate.
**44**Innis, "Yeroo ani isin bira turetti,

[u]30 ykn *gololatti*

'wanni seera Muusee keessatti, kitaabota raagotaatiifi kitaaba faarfannaa keessatti waayee kiyya barreeffame cufti raawwatamuu[v] qaba 'jedhee isinitti hime sun isa kana"jedheen.
[45]Innis akka isaan kitaabota qulqulluu hubataniif qalbii isaanii baneef. [46]Akkanas isaaniin jedhe; "wanni barreeffame akkana jedha; 'Kiristoos ni cinqama; guyyaa sadaffaattis immoo warra du'an keessaa ni ka'a. [47]Maqaa isaatiinis cubbuu irraa deebi'unii fi dhiifamni[w] cubbuu Yerusaalemii jalqabee saba maratti ni lallabama.' [48]Isinis dhugeessitoota[x] waan kanaa ti. [49]Kunoo Ani waan Abbaan kiyya waadaa[y] isinii seene sana isiniifi erga; isin garuu hanga olii humna uffattanitti magaalaa[z] Yerusaalemi keessa turaa."

**Yesuus Samiitti Ol Ba'e**

[50]Innis achii baasee hanga Biitaaniyaatti isaan geesse; harka isaa lamaanis ol qabatee isaan eebbise. [51]Otuma isaan eebbisaa jiruus isaan dhiisee Samiitti ol fudhatame. [52]Isaanis isaaf sagadanii gammachuu guddaan Yerusaalemitti deebi'an. [53]Yeroo maras mana qulqullummaa keessatti Waaqa galateeffachaa turan.

[v]44 ykn *guutamuu/fiixaan bawuu;* [w]47 ykn *haraarii;* [x]48 ykn *rageessitoota/dhugabaatota;* [y]49 ykn *kakuu;* [z]49 ykn *dira*